

Barumsa Sanbataa Ga'eessotaa

Qajeelfama Qo'annoo Macaafa Qulqulluu

"Warra Hundumaa Irra Gad Deebi'an Kana Keessaa Isa Tokkoof":

Warra Rakkatan Tajaajiluu

Qopheessaan : Jonattaan Dufii

Afaan Oromootti kan Hiike:

Pr.Garramewu Birruu

Mana Maxxansaa Adveentistii Guyyaa 7ffa

Finfinnee tti Maxxanfame

Adoolessa, Hagayyaa fi Fulbaana

Nuusa 3ffa

2019

Baafata

Fuula

1.Waaqayyo... hin Uume	6
2 Karoora Biyya Isa kana Irra Wayyuuf	17
3 Guyyaa Bilisummaa.....	28
4 Araaraa fi Qajeelummaa : Faarsaa fi Fakkeenya Keessaa.....	38
5 Boo'icha Raajotaa.....	48
6 Isa Uumaa Ta'e Sana Waaqessi	59
7 Yesusii fi Warra Gargaarsa Barbaadan Sana.....	69
8 Isaan Kana Keessaa Kan Xinnatu.....	80
9 Tajaajila Waldaa Kakuu Haaraa Keessatti.....	90
10 Wangeela Jiraataa.....	100
11 Abdii Dhufaatii Jiraachuu.....	111
12 AraaraGochuuJaallachuu.....	121
13 HawwaasaTajaajilaa.....	131

Warra Hundumaa Irra Gad Deebi'an Kana Keessaa Isa Tokkoof...

Waldaan Adveentistii Guyyaa 7ffaa ‘wangeela barbara’ guutummaa addunyaatti lallabuuf waamamte (Mul.14:6). Kanas gochuudhaan, dhaamsa isa Yesus bartuu taasisaa, isaaniin cuubaa akkasumas waan ani isin abboome hundumaa eeguu isaaniin barsiisa jedhe raawwanna. (Mat.28:20). Waan inni abboome keessaa immoo inni tokko warra miidhaman, dhidhiitaman, hiyyeessota, warra beela’an fi warra hidhaman tajaajiluu dha.

Egaan, seenaa namicha Samaariyaa gaarii sanaa erga itti himee booda (Luq.10:30-36), dhaggeeffattoota isaa kan abboome Yesusii dha: “Isinis dhaqaa akkasuma godhaa” (Luq.10:37). Akka tikeen hoolotaa fi re’oota gargar qoodan, saba isa dura jiran gargar akka qoodu ergaa itti mul’isee booda, (Mat.25:32), kan bela’ani nyaachisuun, kan dhibaman wallaanuun, kan daaranitti uwvisuun, warra hidhaman ilaaluun maal akka ta’e erga itti himee booda, “Ani dhuguman isinitti hima, obboloota koo warra hundumaa irra gad deebi’an kana keessaa isa tokkoof hammi isin gootan, anaaf gootan’ isaaniin jedhe.” (Mat.25:40) kan jedhe Yesusii dha.

Jecha kan biraatiin, waa’ee fayyinaa, waa’ee mana Qulqullummaa, haala warra du’anii, seerri kan itti fufu ta’uu dhugaa gudaa sana eragaa barsiifnee fedhii isaaniif isaaniin tajaajiluu barbaachisaadha jechuu dha. Gama isaaniin taane waan isaaniin barbaachisu isaniif hojjechuu caalaatti karaan nama bira ittiin geenyu caalu jiraaree? Barreeffamni beekamaan Ellen G. white

Barumsa Sanbataa Gaessota

barreessite: “namoota bira ga’uuf tooftaan Kristos milkaa’ina dhugaa kenna. Akka nama gaarummaa isaaniif yaadduutti fayyisaan namootatti dabalame. Gara laafina isaaniif qabu itti argisiisee, amantaa isaanii argate. Achii booda ‘ana duukaa bu’a’ ittiin jedhe ”—The Ministry of Healing, p. 143.

Akka seenaan tokko dubbatutti, waa’eedhuma yaada Waaqayyoo hiyyeessotaa fi warra hacuucamoo gargaaruu kan dubbatu qofaan heertuu 2,103tu jira. Gama amantiitiin, bu’uura amantii, walumaa galatti jirenya Kristaanummaa jiraachuu baay’ee bira qabnee yommuu ilaallu; ulfaatinni dhimma warra rakkatan gargaaruu kun gaddisiisaa dha. Dhiphuu fi rakkina naannoo keenya jiru salphisuuf itti yaadnee hojjechuu qabna. Kun wangeela lal-labuu irraa nun kaachisu, karaa biraan wangeelichi akka humna qaabaatu taasisa malee.

Dhugaadhumatti, warra kaan gargaaruun gaarii dha, isaanuma gargaaruuf kan goonu dha. “Tolatti” gochuu qabna (Mik.6:8) qajeelummaa gochuun gaariis, sirriis waan ta’eef jechuu dha. Garuu, hojiin qajeelummaa waanuma yeroo muraasaaf turuuf gochuun hin ta’u, abdii nu keessa jiru isaaniin akka argisiisu gochuun dha malee “Waa’ee abdii isin keessa jiruuf, nama isin gaa-fatee, deebii isin irraa barbaaduuf, deebii ga’u deebisuudhaaf yeroo hundumaa qophaa’oo ta’aa!” (1Phe. 3:15), innis Kristosi-in keessatti abdii jirenya barabaraa ti.

Yesus dhukkubsataa fayyiseera, warra jaamaniif qaroo, warra lamxaa’an qulleessee, warra du’anis kaaseera. Warra inni fayyise sun yommusis ta’u booda duu’uun isaanii kan hin oolle ta’ullee in gargaare. Mitiiree? Kanaafuu, adeemsa keessatti, fedhiin isaanii fi wanta yommusiif isaaniif godhe sana caalaatti isaaniif godheera. Dhugaadhumaa, warra miidhamaa jiraaniif ta-

Barumsa Sanbataa Gaessota

jaajileera, achiis immoo ana faana bu'aa ittiin jedhe. Nus sirriid-humatti sababiin nu warra kaan tajaajillee akka isaan isa duukaa bu'an itti himnuuf kanumaaf.

Gaaffii malee, biyya lafaa keessatti gaarummaa fi qajeelummaa fiduuf, barbaaduudhaan mootummaan waqaqa akka irra deebi'ee dhaga'amu goona. (Luq.4:18,19) yoo xinnaate amantii keenyaaf amanamummaadhaan karaa inni firi qabeessa ta'uun in hojjen-na. Cubbamootaa fi warra miidhamoodhaaf yommuu eeggan-naa goonu Waaqayyoof ulfina laannee isa waaqessuu keenya. (Isa.58:6-10). Garuu gama warra miidhameetiin, warra kufan, warra cabanii fi dhiphataniin hojjeechuutti yoo kufoo taaneef, garmalee bakka isa buuna (Fak.14:31).

Nuusa waggaan kana dubbiin Waaqayyoo waa'ee dirqama keen-ya warra rakkatoof maal akka jedhu ilaalla (baay'ees waan dub-batu qaba).

“Gatii utuu itti hin baasin fudhattan, isinis gatii utuu itti hin baasisin kennaa!” ” (Mat.10:8). Akkuma kana jedha egaa.

Jonattan Dufii Bara 2012 akka presidentii/**ADRA**/ dhaabbata gargaarsaa fi dagalfachiisaa Adventistiittii hojjechaa turan. Utuu dhaabbata ADRA isa biyya Awustilariyaa hin dhaqin dura bara 2008 Dufin akka geggeessa dhaabbata fayyummaa Adveentistii biyya Pasific Kibbaatti hojetaa turan waan ta'eef dhimma fayyummaa fi dagaagina fayyummaa hawwaasummaa irratti jajjabinaa fi kaka'umsa guddaa kennuu kan danda'aniidha.

Barnoota 1^{ffa}

Wax.29-Ado.5

Waaqayyo... hin Uume

Sanbata Waaree Booda

Barumsa Torban kanaaf dubbifadhu: Uma.1-3, HoE.17:28, Far.148, 24:1, Uma.4:1-9, Mat.22:37-39, Mul.14:7

Heertuu Yaadannoo: Namni hiyyeessa cunqursu uumaa isaa in arrabsa, namni dhabaadhaaf garaa laafu garuu uumaa isaatiif ulfina in kenna; namni jal'aan hammina isaatiif gad in darbatama, namni qajeelaan garuu, yeroo du'utti illee abdii in qabaata. Fak 14:31-32

Nama itti kennamuun didadamuu yookiin waan cabuuf ken-namu tarii hojii ogummaa yookiin aartii keessatti, nyaata yookiin hojii wayii uumuuf yaalii gootaa? Yoo akkas ta'e tarii yommuu Waaqayyo waanuma cubbuun cabsuuf jiru biyya lafaa kana uumee namaaf jirenya mil'uu qabaatteerta ta'a. Macaafni qulqulluun, biyyi lafaa eeggammaadhaan kan uumam-teef baay'ee bareedduu ta'uu ishee in dubbata. Waa'een uuma-ma isaa akkamittiin akka itti dhaga'ame seenaan isaa Uma.1 fi 2 keessa ragaaf jira. Haala kana keessatti kan nuyi Uma.3 keessatti kufaatii cubbuu dubbisnee, nama ofii isaatii uume dura yommuu dhaabatu sana akkam akka garaan isaa cabe kan ilaaluu qabnu. Haala hin dagatamneen kufaatii booda iyyuu, bar-kumeen cub-buu itti darbu iyyuu, wal miidhuu fi mancaatiin garaa garaa ji-raatu iyyuu, biyyi lafaa waanuma Waaqayyoon jaallatamte tatee itti fufuu isheeti. Ammas immoo haala hin dagatamneen

Waaqayyo karaa fayyinnaa fi bakkatti deebifamuu nuuf qopheesse keessatti akka amantoota isaatti karoora guddicha keessaa gahee nuyi raawwachuu qabnu nuuf kennuu isaati. Dhugaadhuma, nuyi fudhattoota ayyaana isaati; Garuu ayyaanuma fudhanne irraa, Waaqayyoo wajjin warra hoijetan taanee hojiin nuuf kennameera. Itti gaafatamaa qulqulluu fi jaallatamaa akkamiiti?

*Barumsa Torban kanaa dubbisiitii sanbata Ado.6f qophaa'i.

JALQABA TORBANII

Wax.30

Waaqayyoon: Mil”anna Uumamaa

Biyyi lafaa kuniif wanti isa irra jiru hundumtuu, jireenyi keenyaa fi wanti nuyi jirenya keenyaan goonu, jirenyi warra naannoo keenyaa fi akkataan nuyi isaanitti makamnee jiraannu hunduu, jirenyumti mataan isaa fi akki inni itti jiraatamu iyyuu, Waaqayyoon jalqabaman. “Nuyi isatti in jiraanna, in sochoona, in argamnas; isin keessaa iyyuu warri walleen akkuma jedhan, ‘Nuyi immoo sanyii isaa ti’ HoE.17:28

Asi irraati kan seenaan Macaafa Qulqulluu eegalu, “Waaqayyo jalqabatti bantiiwwan waaqaa fi lafa uume” Uma.1:1. Dhugaan inni Waaqayyo dubbatee jiraachisuu humnaa fi hojimaata nuyi waa’ee isaa tilmaamuu iyyuu hin jalqabinii dha.

Ammayyuu garuu, Waaqayyo fagoo irraa hin uumne, keessumaa yeroo nama jalqabaa sana umme itti siqeentyaan of itti hirmaachise uume malee. (Uma.2:7).

Uma.2:26-31 keessaa seenaa uumama nama jalqabaa dubbisi. Heertuun kun waa’ee Waaqayyoo waan barbaachisaa akkamii nutti hima? Waa’ee namootaa hoo; waan barbaachisaa akkamii nutti hima?

Waa'ee Waaqayyoo yeroo keenya uumama daawwachuu irratti dabsinee, uumama irraa ilaaluu fi amaluma uumaa keessaatii mil'uu amala isaa qabachuudhaan barachuu akka dandeenyu yeroo baay'ee dubbatameera. Garuu beekumsuma Waaqayyoo qabnu keessaa iyuu qorachuudhaan akkamitti akka inni biyya lafaa uume hubanna tokko argachuu in dandeenya. Fakkeenyaaf, Waaqayyo Waaqa naamusaa yoo ta'e, uumama isaa irraa naamusa/tora eeggachuu/eeguu dandeenya; Yookiin immoo inni Waaqa uumu ta'uu isaa in amanna yoo ta'eef, biyya lafaa inni uume keessatti fakkeenya waa uumuu baay'ee yoo argine nun ajaa'ibsiisu.

Akkuma sana immoo, Waaqayyo Waaqa hariiroo ta'uu isaa in amanna waan ta'eef, akkaataa Waaqayyo biyya lafaa walitti qabsiise keessatti hariiroo argina. Tokkoo tokkoo waan uume hundumaa uumama kan biraa wajjin walitti dhufeenya qabaachisee uume. Bineensota hundumaa hariiroo wal fudhataa ta'een uume. Namas akka inni isaa wajjin, walii wajjin, akkasumas uumama biroo wajjin hariiroo qabaatutti uume.

Beekumsi Waa'ee Waaqayyoo nuyi qabnu karaa baay'ee daanga'aa ta'ullee, waa'ee amala uumaa kanaa waan nuti arginu, biyyi lafaa akkami ta'uuf akka uumamte irra deebinee akka ilaalluuf nu taasisa. Cubbuun faalamtee badiisa amma arginu keessattillee hubannaan waa'ee biyya lafaa ati qabdu akkamittiin calaqqisa amala Waaqayyoo ta'ee ilaalamuu gargaara?

WIIXATA

Ado.1

Biyya Guutuu

Biyya keenya Edeniin yaaduun salphaa dha. Ballinaan ibsamuu iddo dhaabaa Eden Waaqayyo mana Addaamii fi Hewwaani-in godhee uume sana keessa garaan keenya bara baay'ee akka yaadu kan taasisutu jira. Biyyi akkasii kun akkamittiin akka inni

hojjetu hubachuu hin dandeenyu, Garuu arguuf akka jirru nutti dhaga'ama.

Miirri ofitti quufuu fi guutummaa Waaqayyotti dhaga'ameera ta'a! "Waaqayyo waanuma hojjete hundumaa in ilaale; kunoo, innis baay'ee gaarii ture; galgallis ta'e, ganamnis ta'e; "Uma.1:31. Waaqayyo waanuma bareedaa ta'ee fi hojjetu uume. Wixinee / kaayyoo/ isaa keessatti bareedaa, bocanis, qabatamanis bareedi-natu hubatama. Jirenyi isaa fi haalluuun isaa humna qabeessa ture, waan jirenya argamsiisu hundumaan guutuu ture. Shakkii tokko malee biyyi lafaa inni uume kun bareeddee akka itti fuftu gochaa ture.

Uma.1 dubbisaa. Waaqayyo waan uume hundumaa irra deddeebi'ee "gaarii dha" jechuun maal argisiisa jettee yaadda? Uma 1:4, 10, 12, 18, 25 fi 31 ilaali.

Kufaatii booddee wanti jiru guutummaatti barreeffame iyyuu, ma-caafni qulqulluun ayyaaneffannoo /gammachuu/ uumama lafaan guutuu dha. Iyoob boqonnaa 38-41 akkasumas Far.148. Garuu yaadachuun kan nurra jiraatu akkamtti akka biyyi lafaa uumame fi cubbuu dura maal akka fakkaattu kan barreeffame yeroo dhu-ma tokko duuba deebi'anii mil'atanii miti; yeroo keessa jiran kan argisiisu/present tense/ kan dubbatamee fi gaarummaa isaa isa amma iyyuu biyya lafaa keessatti hubatamaa jiruun jajachaa ture. Yesusis, fakkeenyota gaarummaa fi eegumsa Waaqayyoo isa inni lafa kana gubbaatti nuuf godhu kaaseera. (Fakkeenyaaaf, Mat.6:26, 28-30). Kunis immoo Waaqayyoof abboomamuu keenya nutti hima, kennaalee xixinnoo fakkaataniif, naannoo keenyaaf iyyuu dinqifannoodhaan akka isa jajjannu kan nutti dubbatuudha. Ija keenya banannee dinqifannoontuu ilaallee isa dinqisiisaa ken-

naa uumaa keenyaa argina. Silaa deebiin nuyi kenniuuf rakkina keessatti illee, jajannaa, galataa fi gadi of deebifnee isa kennicha nuuf kenneef of laachuu faa ta'a.

Akka Adveentistii Guyyaa 7ffaatti namoonni warra uumuu isaa ayyaaneffatan fi isa dhufaa jiru mootummaa Waaqayyoo eegatantti bareedina, gammachuu fi gaarummaa akka mil'uu yeroo tokko turee fi ammas ta'uuf jiru xiinxaluutu nurraa eegama.

Akka shaakala nama biyya lafaa kana gubbaa jiraateetti, akka dinqifannoo uumamaatti wanti ati addumaan ajaa'ibsifattu maa-lii dha? Jirenya kee guyyaa keessatti dinqifannoo uumama isaa keessaan caalaatti hammam gooftaa beekuu dandeessa?

Kibxata

Ado.2

Eegumsa Lafaa

Akka barreffama macaafa qulqulluutti, iddoon dhaabaa Edenii fi lafti haaraa uumamte sun iddoor eeba irraa hafaa jirenyaaaf uumaman akkasuma immoo addumaan namni akka itti gammaduuf uumamuu ishee dubbata.

Garuu Waaqayyo, namichaa fi dubartii jalqabaaf wantoota isani-if uumaman hundumaaf, umama isaa keessatti ga'ee isaan raaw-watan, itti gaafatamummaa kenneef. Dafee hubatamee, toftaa ofii ittiin uume irraa iyyuu utuu hin ta'in, Addaamii fi Hewwaan biyya haaraa uumamte sana keessatti sadarkaa adda ta'e qabaatan.

Jalqaba Addaamiif hojii bineensota lafaa fi allaatotaaf maqaa kennutu laatameef (Uma.2:19). Achiimmoo gahee hojii kan biraatu kennameef, innis Waaqayyoon biraa akka eebaatti kan kennameefidha. "Waaqayyo isaaniin, "Horaa, baay'adhaa, lafas guutaa, isas harka jala galfadhaa! Qurxummii galaanaa irratti, simbirroota qilleensa keessa balali'an irratti, uumama lafa irra munyuuqan

Barumsa Sanbataa Gaessota

hundumaa irrattis mootummaa qabaadhaa!” jedhee isaan in eeb-bise.” Uma.1:28

Uma.1:28 fi 2:15 dubbisaa wal bira qabaa. Hima tokko yookiin laamaanuu keessatti ibsa kennameen hojii namaa akkamittiin ibsitaa?

Yeroo baay’ee seenaa jirenya namaa keessatti Uma.1:28 biyya lafaa saamuu fi barbadeessuuf akka eyyamaatti dhimma ba’ame. Dhuguma hubatamaadhumatti biyyi lafaa jirenya, fayyidaa fi gammachuu namootaatif uumamte. Garuu itti gaafatamni namaa “akka hojjetanii fi akka eeganiif.” Jecha seera uumamaatiinis kana argisiisa. Uma.2:15

Waa’ee eegduu yommuu dubbannu, yaadni keenya jalqabaa qarshii dha. Garuu macaafa qulqulluu keessatti ajaji waa’ee soortummaa biyya lafaa isa Waaqayyo uumee nutti kenne eeguu dha. Ajaja Addaamii fi Hewwaaniif kenname keessa lafti gara fuula isaanii duraatti ijoolee isaaniif dhaloota itti aanuu wajjin quoddachuuf akka jiran argisiisa. Akka karoora biyya lafaaf ture duraatti, biyyi lafaa uumamte sun madda jirenya, gaarummaa fi bareedina namoota hundumaaf taatutti yaadamteeti; Addaamii fi Hewwaan immoo isa eeguudhaaf itti gaafatamummaa guddaa qabaatu turan.

Biyyi lafaa amma iyyuu kanuma Waaqayyooti (Far.24:1). Nummoo waan Waaqayyo nuuf kenne hundumaafuu eegduu/soortuu amanamummaa/ jedhamna. Tarii biyya lafaa kufte keessatti immoo amanamummaan eeguun keenya isa kufaatii duraa irra iyyuu in caala jennee goolabuu ni dandeenyaa.

Biyya lafaa kufte keessatti eegduu lafaa jedhamuun siif har’ a maal jechuu dha? Kana hubachuun jirenya kee guyyaa guyyaa irratti akkamittiin dhiibbaa uumuu danda’ a?

Biyya Lafaa Cabde/kufte/

Wanti Waaqayyo Addaamii fi Hewwaaniif kenne, waan biraaj lafa gubbaaj jiraatu tokkoofuu hin kennin bilisummaa filannooti. Biqil-toonni, bineensonni biroon kan hin qabne warra ofiin jiraatan tur-an. Waaqayyo mirga filachuu kana kan isaaniif kenneef isaaf ab-boomamuu diduullee yoo ta'e namoonni filachuu akka danda'aniif ture. Kana gochuu isaatiin karoora guddaa sana bu'uura jaalalaa fi bilisummaa yaadaa irratti kan hundaa'e isa namaa wajjin qabu sa-naaf jedhee rakkina irra buuse.

Garuu immoo mancaafuu tokkos jira (bilisummaan filannoo kun ergamootaafis kennamaadha/ jaallatan abboomamuu fi jibban abboomamuu dhiisuun), gaarii fi mudaa kan hin qabne uumama Waaqayyoo sana kayyoo isaa irraa kaachise, kanas kan inni raawwate, namoota warra Waaqayyo addumaan lafa gubbaatti uume dhimma ba'ee kaayyoo isaa bakkaan ga'ate/cubbuun akka galu taasise/. Bofa keessaan haasa'uudhaan, Seexanni wanti Waaqayyo uume kun ga'aa fi guutuu ta'uu isaa gaaffii gaafate (Uma.3:1-5). Qoramsi inni jalqabaa hamma Waaqayyo namaaf kenne caalaatti qabaachuuf ka-jeeluudha, gaarummaa Waaqayyoo shakkanii mataa ofiitti irakachuuf dha.

Filannoo fi gochaa sana keessatti, hariiroon akka Waaqayyo yaadee uumetti uumamaa wajjin walfudhataan in cabe. Isaan booda Addaamii fi Hewwaan tasuma iyyuu hariiroo Waaqayyo isaaniin uu-meef sanatti gammaduuf hin arganne (Uma.3:8-10). Namoonni sun lamaan akka tasaa qullaa fi kan salfatan ta'uu isaanii beekan, hariiroon isaan lamaaniin gidduu tures akka waan walitti fayyuu hin dandeenyetti gargar ba'e. Hariiroon uumama biraaj wajjin tures dhiibamee gargar cabe.

Uma.3:16-19 dubbisi. Heertuun kun waa'ee gargar ba'uu hariiroo namaaf uumama biroo gidduu jiru maal nutti himu?

Sababii argamuu cubbuu jirenyi Addaam, Hewwaanii fi uumama warra kaanii ulfaataa ta'uu jalqabe. Bu'aan cubbuus in argame; addumaan immoo dhala namsa fi hariiroo dhala namsa gidduu jiru in miidhe. Haala kanaan Waaqayyoon uumaa keenya irraa fagaanne jechuu dha. Maatiin keenyas karaa baay'ee miidhaman, hariiroon nuyi warra kaanii wajjin qabnus qom-qabaa qaba. Naannoo keessa jirru keessatti hariiroo naannoo keenyaa wajjin wallaansoon jiraanna. Gamni jirenya keenya hundumaa fi biyya lafaa caba cubbuun nutti fide argisiisu.

Kun akka Waaqayyo haa taatu jedhee biyya lafaa uume miti. Abaarsi Uma.3 abdii issa Waaqayyo deebissee biyya lafaa uumuu fi hariiroo cubbuudhaan caccabe deebissee fayyisuu wajjin dhufe. Cubbuu fi bu'aa inni jirenya keenya irratti fidu wal'aansoo qabuun keenya yommuu itti fufu, gaarummaa uumama jalqabaa ol qabuudhaa fi karoora Waaqayyo jalqabaa akka nuyi jiraannuuf baase jiraachuuf waamamneerra.

Kamisa

Ado.4

Mar-sariitii Maatii Dhala Namaa

Argamuun cubbuu akka ta'een biyyi lafaa caccabuun yeroo hin fudhanne. Hinnaaffaa, wal hubachuu dhabuu, fi aariidhaan guutamanii, ajjeechaan jalqabaa obboloota warra duraa lamaan gidduutti ta'e. Waaqayyo waa'ee cubbuu kanaa yommuu Qaa'eliin gaafatu deebiin isaa gama hin eegaminiin ta'ee waan yaachisaas ture. "Ani hin beeku, obboleessa koo natu eegaa?" jedhe (Uma.4:9). Deebiin gaaffii Waaqayyoo duraa ta'e kanaa, "eyyen, sirriidhumatti ati eegduu obboleessa keetiiti" kan jedhu argisiisa.

Fak.22:2 dubbisi. Hima salphaatti hubatamu keessatti maaltu ar-gisiifama? Hariiroo nuyi namoota akka keenyaaf qabaannu maal akka ta'e nutti himaa?

Namoonni nuyi arginu hunduu uumama Waaqayyoo keessaa tokko kan ta'anii dha, akka bifa isaatti kan uumaman; amma kan akkam cabe fakkaatu iyyuu, qaama mar-sariitii hariiroo hunduma keenya Waaqaa wajjin walitti hidhu Sanaa kan ta'anii dha. "Nuyi hundumti keenya mar-sariitii nameenyaan wal irratti fo'amneerra. Inni hamaan obbolummaa dhala namaa balleessu sun waan hundumaattuu badiisa fida." Ellen G. white, The Ministry of Healing, Fuula 345. Jaallattanis jibbitanis, sababii hidhaa tokkummaa kanaa, Waaqayyoofis walii keenyaafis itti gaafatama Waaqni nutti laate ni qabna (Mat.22:37).

Guutummaa macaafa qulqulluu keessatti, dubbiin Waaqayyo uumaa keenya ta'uu irra kan deddeebi'amuudha. Fakkeenyaaaf, inni sababii sanbati yaadatamuuf keessaa isa tokkoodha. (Bau.20:11) akkasumas, sababiin bara dhumaatti Waaqayyoon waaqessinuuf, (Mul.14:7). Namootaaf eeggannaal gochuuf wanti nu kakaasu jalqabaa, warra carraa hin taanee qabaataniif dhimmuunis achuma irraa madda.

Hundumti keenya hidhaa tokkummaa kanaan Waaqayyoon keessatti hidhamnee jirra. "Namni hiyyeessa cunqursu uumaa isaa in arrabsa, namni dhabaadhaaf garaa laafu garuu uumaa isaatiif ulfina in kenna." Fak.14:31. Hidhaan kun kana caalaa akkamitti hubatamaa ta'a?

Waaqayyo akka uumaa keenyaatti guutummaa jirenya keenyaa in barbaada; Waaqeeffanna, tajaajila fi namootaaf yaaduu

keenya kan of keessatti qabatuudha. Ulfaataa fi danqaa kan qabu ta'ullee, yeroo tokko tokko mijataa ta'uu baatu iyyuu dhugaadhu-matti nuyi eegduu obboloota keenyaa ti.

Waaqayyo uumaa keenya ta'uu macaafa qulqulluu keessatti maaf irra deddeebi'ama jechuun maaliif sitti fakkaata? Kun maa-liif baay'ee barbaachisaa ta'e? Dhugaan kun akka nuyi itti warra kaaniif eeggannaal goonu irratti akkamittiin dhiibbaa uuma?

Jimaata

Ado.5

Yaada dabalataa: kitaaba Ellen G. White Patriarchs and Prophets kan jedhu fuula 44-45 dubbisi.

“Waaqayyo jaalala.... Uumamni isaa, seerri isaa, jaalalli isaa. Akkasuma ture; akkasumas ta'a. ‘Kennaan gaariin hundinuu, kennaan guutuun hundinuus abbaa ifaa biraa ol waaqa gubbaadhaa in dhufa; abbaa ifaa bira gegeddaramuun, yookiis gaaddisi gara galuun iyyuu hin jiru.” Yaq 1:17

“Mul’achuun humna uumuu hundinuu ibsa Jaalala dhuma hin qab-neeti. Guddinni Waaqayyoo eebbaan guutamuu uumamaa of keessaa qaba.” EGW, PP, 33

“Akka soortuu amanamummaatti qabeenya Waaqayyo kenneefiin namoonni utuu gahee isaanii raawwatanii, silaa buddeenaaf boo'uun hin jiraatu, hiyyummaa keessatti boo'ichi hin jiraatu, qullaa ta'ee kan rakkatus hin jiru ture. Haala dhiphinaa keessa kan nama galchu amanamummaa dhabuu namootaati... Waaqayyo namoota eegduu amanamoota godhateera, rakkina, jeeja'ummaa, qullaa ta'uu fi rakinatti kufuu dhufuuf inni itti gaafatamaa hin ta'u. Gooftaan hundu-maafuu dhi'eessii gahaa godheerahoo.” EGW, Welfare Ministry, 16.

Gaaffilee maree:

- 1.Waan Ellen G. White garaarraa kana dhuma irratti jette hubannaadhaan ilaali. Maal jechaa jirti? Dhuma irratti hiyyummaa argaa jirru kanaaf itti gaafatamaan eenyu jetti? Waa'ee barabaachisummaa soortuu amanamummaa kun maal nutti himaa jira?
- 2.Garagar caabiinsi cubbuudhaan ta'e ergaa argamee waggaa ku-maatama booda, ammuma iyyuu gaarummaa uumamaa arguun akkamittiin danda'ama? Akka saba Waaqa uumaatti amanuutti, namoonni kan biroon gaarummaa uumama isaa akka arganiif maal gochuu qabna?
- 3.Jechuma soortuu amanamummaa jedhu irraayyuu maal hubatta? Barumsa torban kana barannee keessatti wanti beekumsa soortuu amanamummaa, keessumaa Waaqayyo kan nu waame ta'uu kan ballise jiraa?
- 4.Namni hundinuu akka bifaa fi fakkeenya Waaqayyootti uumamee fi Waaqayyo Kan isa jaallatu ta'uu isaa Kan nu yaadachiisu, akkataa kanaan dura warra biraan itti qabaa fi ilaalaaturre akkamitiin jijjiiruu dandeenya?

Cuunfaa: Waaqayyo guutuu fi gaarii ta'e uume, dhala namaa warra akka bifaa fi fakkeenya isaatti uumamanittis akka tolchanii fi eeganiif kenne. Hariiroo isa Waaqayyo jalqaba irraa nuuf yaade cubbuun balleessu iyyuu, amma iyyuu akka eegdota gaarummaa uumamaa fi warra namootaa akka keenyaaf eeggannu taanee hojjechuun nutti laatameera. Gahee kana raawwachuun karaa nuyi Waaqayyoon akka uumaa keenyaatti kabajnu keessaa isa tokkoodha.

Karoora Biyya Isa kana Irra Wayyuuf

Barumsa Torban kanaaf dubbifadhu: Bau.3:7, Mat.22:37-40,
Bau.22:21-23, Ked.14:22-29, 26:1-11, Lew.25:9-23.

Hertuu yaadannoo: “Ani Waaqayyoo dha;
ati nama akka ofii keetiitti jaalladhu malee,
ijaa hin baafatin, ijoollee saba keetii irrattis
haaloo hin qabatin!” Lew.19:18.

Araara isaatiin Waaqayyo saba Yeroo hundumaa wajjiniin hariiroo addaa qabaatu qaba. Warra baay’ee keessaa, Seenaa Heenok, Nohii, Abraam, Yisihaq fi Yaaqobiin keessatti Waaqayyo hariiroo cabe namaa wajjin deebisee dhaabuu akka barbaadu ilaalla. Kunis fayidaa namoota kanaa fi maatii isaanii qofaaf hin turre. Waaqayyotti qabatanii isaan yommuu eebbifaman, inni kun qaama eeba guddaa jarreen kun hariiroo isattii fayyisanii, eeba isaa namootaa wajjin hirmaataniiti. Akkuma Waaqayyo Abrahaamiin jedhe, “Ani saba guddaa sin godha, sin eebbisa, maqaa kee nan guddisa, eebbas in taata’.

Warra si eebbisnan nan eebbisna, warra si salphisan nan abaara, qoomoon biyya lafaa irraa hundinuu sababii keetiif in eebbfamu” jedhe (Uma.12:2, 3). Innis akkuma eebbfame warra kaaniif eeba ta’uu danda’e.

Eebbi kun karaa saba Israa’el dhufe, dhuma irratti immoo karaa Masihichaa, isa saba Israa’el irraa dhufee in dhufa. Uumamuu

saba Israa'eliin, Waaqayyo amma guutummaa dhala namaaf hojjechaa jira. Seera in kenne, ittiin bulmaataa garaa garaas, ayyaanota fi shaakaloota karaa warri Waaqayyo eebbis eeblefaman jiraatanii warra kaaniif eebba ta'an karaa qopheesse.

Shakkii tokko malee har'a iyyuu qajeelfamni kun ni jira.

*Barumsa Torban kanaa qayyabadhuutii sanbata Ado.13f qophaa'i.

Jalqaba Torbanii

Ado.7

Waaqa Namaaf Dhaga'u

“Yommus Waaqayyo, “Gad qabamuu saba koo warra Gibxi jiranii argeera; isa isaan warra humnaan isaan hojjechiisan jalaa ba'uudhaaf iyyatanis dhaga'eera; dhiphina isaaniis ani beeka” Bau.3:7

Waggaan dhibbi afur(400) eeguudhaaf bara dheeraadha, keessumaa immoo haala garbummaan hammaachaa adeemu keessatti eeggachuun yeroo dheeraadha. Garuu Waaqayyo gara saba isaat-ti deebi'ee Misir keessaa isaaniin baasuuf waadaa galee ture, Garuu dhalootaa gara dhalootaatti isaan warra waaqa dharaa waaqessanii fi warra isaan miidhan sanaaf qabeenyaa kuusaniifii akka dinqifatantu gochaa turan; baroota kana hundumaa Waaqayyo akka waan duraa callisee fakkaatee ture.

Waaqayyo mataan isaa karaa adda ta'een ofii isaa mul'ise. Huuba gubatu keessaan lafa onaa keessatti, isa utuu hin barbaadin geggeessaa ta'ee fi mucaa mootii baqataa fi tikee gadi deebi'aa sanatti mul'ate. Musee nama jiruu hiiketti hojji inni hojjetu itti laate; isa keessaas gara jalqaba isaa, Ergaa Waaqayyo itti kenne, waa'ee Waaqayyo cunqurfamuu isaanii dhaga'ee arge qabatee gara Israa'eloota biyya Misir jiranii dhaquu ture; eeyyen Waaqayyo

Barumsa Sanbataa Gaessota

yyo waa'ee keenya in yaada. Dhugaadhumatti, haala dinqisi-isaadhaan waan jirenya isaanii jijiiru gochuuf jedha.

Bau.3:16-17 dubbisaa. Ergaa addumaan saba kanatti kennname irraa jalqabuu barbaaduun Waaqayyoo maaliif isinitti fakkaata? Waa'ee ergaa Waaqayyo biraan dhufee kana keessatti wanti xiyy-eeffannoo kee qabate maalii dha?

Garuu Waaqayyo achumatti hin dhaabne. Kaayyoo biyya wayyuu qofaa utuu hin taane, sabni sun waan jirenyaaf isaaniin barbaachisu malee akka isaan ba'an hin barbaadne. Waggoota dhibbaan lakkaa' amaniif qabeenyaa mootummaa warra Misiriif waan gumaachan baay'ee qabu turan. Waaqayyo jalqabumaa qabee Fari'on diduuf akka jiru argeera. Israa'eloonni baroota garbummaa achitti dabarsaniif beenyaa akka argatan Museetti himeera." Sabni kun warra Gibxii duratti faara tolaadhaan akka ilaalamu nan godha; yommuu baatan harka duwwaa hin adeemtan." Bau.3:21. Baroota cunqurfamuu isaanii booda, waaqayyo kan duraan garboota turan kana warra ammaa saba haaraa godhee bu'uuressuu carraa argametti dhimma ba'e. Karaa adda ta'een jiraatanii saba sadarkaa isaanii eeggatanii fi milkaa'ina qabaatan akka ta'aniif saba addaa godhee isaaniin bu'uuressuu yaade. Kaayyoon isaa sabni haaraan kun hawwaasa naannoo jiraataniif moodela ta'anii akka Abrahaamiin eebbi isaan Waaqayyoon biraan fudhatan guutummaa lafaa akka eebbisiisuuf ture.

Inni Waaqayyo Waaqa boo'icha saba isaa dhaga'ee rakkina isaanii argu ta'uun siif hammam barbachisaa dha? Kun waa'ee Waaqayyo maal sitti hima?

Abboommii Kurnan

Mat.22:37-40 dubbisi. Achii immoo Bau.20:1-17 dubbisi. Akkaataan walitti cuunfee dhi'eessuu Yesus yommuu abboommii kana kurnan dubbistu akka ati hubattuuf akkamittiin si gargaara?

Abboommiin kurnan akka heera biyyaati dubbifame. Hiikni isaa maal irratti akka bu'uureffamee gabaabsee ergaa ka'ee booda, akka kanatti, dhugaan Waaqayyo saba isaa garbummaadhaa baase, barreffamni kun qajeelfama giddu galeessa waan sabni sun irratti hundeffamanii kaa'a. Haala keenyaa amma qabannee jirruun, akkamittiin namoonni akka jaalala Waaqayyoo fi jaalala namaaf akka jiraatan kan himan seerrii tokko tokko jiru. Sabni baay'een dhaala kristaanummaa qaban hunduu seera isaanii qajeelfama geggeessa kana irraa fudhachuun hamma tokko nama ajaa'iba.

Himooni kun baay'een isaanii ifa yommuu ta'an, bal'ina dhiibbaa isaan uumuu danda'anii fi gadi fageenya dhugaa abboommii kurnan keessa jiru tuffachuu hin qabnu. Fakkeenyaaaf abboommiin ja'affaan, "hin ajjeesin" kan jedhu Bau.20:13 gochaa jirenya gabaabsu hundumaa walitti qabee cuunfee kaa'a; akkasumas, "itti goruudhaan warra rakkatoof gargaarsa gochuu dadhabuu" PP 308. Haaluma wal fakkaatuun, hatuu irraa ittisuun, Bau.20:15 keessaa, daldala garbaa fi warra booji'aman lolchiisuufaa in dhorka. Iddaa/miindaa baasuu gaafata. Akkasuma immoo yaalii wallaalummaa, dadhabina, rakkina namaatti dhimma ba'anii carraa namaa fudhachuus in dhorka." PP, 309

Namoota gadhee akka hin ta'in ofitti himuu dandeenya. Fakkeenyaaaf, kallattiidhaan ajjeechaa keessatti yoo hin hirmaanneyyuu,

yookiimmoo mul'inatti hin hatin, waanuma ta'utti ofii keenya fudhanna ta'a. Garuu Yesus waa'ee abboommii kurnanii yommuu dubbate, abboommii kurnan wantoota muraasa gochuu dhiisuu dhaan akka hin raawwanne ifa godheera. Akkas utuu hin ta'in, yaadni keenya, kaka'umsi keenya, waan gochuu dandeenyu hin godhin ha-fuuun iyyuu, seera Waaqayyoo cabsuu in danda'a (Mat.5:21-30).

Kanaafuu, hawwaasaa abboommii kurnan isaan biratti itti yaadamanii fudhatamanii itti jiraataman ilaali. Kan hojjetu, hawwaasa humna qabeessa warra hundumtuu jaalala gooftaaf qabuuf jiraate namoota akka isaaf yaaduun guutuu ta'u.

Maaliifii kan nuyi abboommii kurnana gabaabsinee dubbisu yaadnuuf? Yeroo baay'ee dhugaa inni jirenya keenya irratti qabu isa bal'aa dagachuudhaan dubbifna/ wanti gabaabfamee dubbifamuu maaliif shaakalaan faana bu'uuf salphataa?

Kibxata **Ado.9**
Garboota, Gursummoota, Maatii kan hin qab-neefi Ormoota

Bau.23:9 dubbsi. Asitti ergaan Waaqayyoo Israa'eliif qabu maalii dha?

Akka garboota reefuu bilisoomaniitti, Israa'eloonni cunqurfamunuun, saamamuuniif akka waan dhimma hin baafneetti lakkaa'amuun, maal akka ta'e beeku turan. Walabummaa isaanii kabajataa utuu jiranii waan keessaa dhufan qoodamuun maal akka ta'ee fi isa keessaa isaaniin baasuuf maal akka godhe, akka hin irraanfanneef Waaqayyo yaade. Carraa ta'iinsa ayyaana Faasikaa dhimma ba'uudhaan seenaan irraa deddeebi'amee akka himamuuf ayyaana sana dhaabe.

“Eger-bor ilmi kee, ‘Inni ati akkas gootu kun maali?’ jedhee yommuu si gaafatu, ati immoo, ‘Waaqayyo irree jabaadhaan mana garbummaa biyya Gibxii keessaan nu baase” (Bau.13:14).

Bau.22:21-23 dubbisi. Namoonni namoota warra carra dhabeeyyiif akkamittiin eeggachuufii akka irra jiru seenaan garbummaa mataa ofii isaanii kan isaan keessa darban hammam barbachisaa dha?

Yeroo gabaabaa keessatti, abboommii ergaa itti kennamee Museen Waaqayyoo wajjin Yeroo qabaachuuf, Waaqayyo isa walumaa galatti abboommota sana gadi fageenyaan saba Israa’el gidduutti akka jiraatamuu barsiisuuf Waaqayyon biratti waamamee, wal harkaa fuudhanii dubbachuun seenichaa in irraanfatame. Utuu qajeelfamni ijaarsa godoo qulqullaan’aa kun hin kennamin iyuu, Waaqayyo akkamittiin garboota akka qabuun/eeggachuufiin/ irra jiru, seera isa miidhaa Israa;eloota yeroo garbummaa turan irra gahe dura kan ijaajju, seera boqonnaalee sadii kennee ture. Seerri yakka wal miid-huu irratti hoijetu, seerri qabeenyaa, seerri jirenya guyyaa guyyaa, qajeelfamni seera kana hojiitti hiikuuf mana murtii dhaabuu fi waan bade bakkatti deebisuu kennameera. (Bau.21, 22 fi 23).

Seerota kana keessaan baay’ee beekamaan, hawwaasa haaraa kana keessatti dhimma lammiwwan akka isaanii wajjin akkamitti akka jiraatan kan ilaallatuudha. Akkasumas ormaa fi namoota saaxila-moodhaaf akkamitti akka eeggataniidha. Namoonni akkasii saamamuu hin qaban, nyaata ofii isaanii qarmii maasii gubbaatti hafee funaannachuullee yoo ta’e iyuu akka ulfina isaanii hin xuqnetti qopheeffachuu qabu. Akkataa kanatti ormootaafi namoota lammii birootiif eeggannaal gochuun, namoota warra kan biroo bara durii jiraatan bira hin turre. Har’ayyuu baay’een barbaachisummaa qa-

jeelfama hamilee namaa eeguu boqonnaa kana keessatti argamu ir-raanfataniiru.

Seenaa mataa keetii keessa gara-laafessaa fi namoota warra rak-kina keessa jiraniif akka dhimmitu kan si taasisu yaadannoo maalii qabda?

Roobii

Ado.10

Kurnaffaa isa Lammaffaa

Kristaanonni hedduun kurnaffaa deebisuu irratti waan macaaf-ni qulqulluun jedhu dubbisanii bira gahaniiru. Yeroo baay'ee Mil.3:10 caqasuudhaan, salphaadhumatti qabatamuun dan-da'u amantoonni galii isaanii/guddina qabeenya isaanii/ kudhan keessa tokko deebisu. Kunis hojiin waldaan wangeela baballisuuf hojjettu tumsuuf. Kennati kurnnaffaa kun kan itti kennname waldaan akkamittiin horii kana akka dhimma baatu qajeelfamnis kan kennamee jiru yommuu ta'u, innis immoo, kallattiidhaan tajaajila baballina wangeelaaf kan oolfamuu dha.

Ked.14:22-29 dubbisi. Ajaja kana keessatti kaayyoon kurnaffaa inni jalqabaa maalii dha?

Qoramuun gaafa kurnnaffaa deebifnaan gumaachuu koo xumureera jennee yaaduu jalqabnuu dha. Garuu gorsi warra Israa'eliif kennname kan argisiisu, inni dhibbantaa kudhanii kun jalqabbi-idha. Qorannoonaan akka mul'isutti namni Isra'el durii tokko waggaatti waan argatu keessa hojii Waaqayyoo tumsuuf harka afur keessa harka tokkoo fi harka sadii keessa harka tokko akka kennaa turee dha; luboota mana qulqullummaa tumsuu fi hiyyeessota gargaaruuf kennu.

Barattoonni macaafa qulqulluu tokko tokko kennaa kana akka-sitti ibsu: addumaan orma, warra abbaa fi haadha hin qabne, gur-summoota abba manaa hin qabne, tumsuuf kurnaffaa lammaffaa kennu. Namoonni kun bu'aa hojii isaaniitti gammaduu fi makar-rii isaanii ayyaaneffachuuf akka ta'e hubatamaadha. Waaqayyo isaaniin eebbisuuf kakuu galeera, keessumaa immoo biyya isaanii isa haaraatti, Garuu eebbicha kanuma isaanii godhatanii warra akka isaaniin hin eebbifamin akka dagataniif miti.

Wagguma waggaatti kurnaffaan lammeessoon kun gara waldaatti fidamee achii qoodama. Garuu waggaa sadaffaa yeroo hundumaa, eeba argatan hawwaasa keessa jiranii wajjin waliin gahuuf xi-yeeffannoo addatu jira ture. Ayyaana Haamaa kana keessatti, yeroo warri dagataman addumaan ilaalamani dha. “Ati waggaa sadaffaa, wagga itti kudhan keessaa tokko baasanitti, midhaan galfatte keessaa kudhan keessaa tokko baaftee, namichi Lewwii, namni galaan, ijoolleen abbaan irra hin jirree, dubartiin abbaan manaa irraa du'ees kella mandara keetii keessatti nyaatanii akka quufaniif erga latteefii” Ked.26:12

Akka abboommii Waaqayyotti, yoo xinnaate, Waan Israa'elonni kennan keessaa hammi tokko hawwaasa sana keessa warra harka qalleeyyi tumsa horii yookiin deggersa waan qabatamaatu ta'aaf. Kunis kan inni irratti hundaa'u yaadannoo isa hammam Waaqa-yyo araara qabeessaa fi tolaa isaaniif ta'e yaadachuu irratti.

Ked.26:1-11 dubbisi. Waaqayyo maal isaaniin jechaa jiraa, warra rakkina keessa jiran gargaaruu irratti akkamittiin ofumatti deebi-fnee ilaaluu dandeenya?

Ayyaana waggaa Shantammafa/

Saba warra biyya mataa isaanii hin qabne, biyya abdii isaanii gahuuf eggachaa turan barbaachisummaan lafa Sanaa saba mataa isaanii biyya Kana'aanitti akka dhaabbatan gochuuf Waaqayyo Israa'elota quunname. Geggeessaa Iyyasuu jalatti, Waaqayyo garee maatii fi sanyii gidduutti hirmaannaan tooraa akka ta'e in ilaale.

Akkasuma immoo yeroo baay'ee booda qabeenyaan, carraan warra lafa qabate ta'u, namooti muraasi qofti harka keessa galfachuun akka danda'anis beekeera. Jireenyi maatii itti ulfaachuun, fayyaa dhabu-un, filannoo gadheen, kanaa fi kana kan fakkaatan namoota warra lafa qaban kana yeroo murtaa'eef akka isaan lafa isaanii gurguran, jiraachuuf jecha yeroo gabaabaaf dhaloota tokko lamaaf abbaa qabeenyummaa isaanii dabarsanii kennanii jiraatu turan.

Furmaati Waaqayyoo lafti guutummaatti akka hin gurguramne lab-suun dha. Qooda isaa, lafti kan gurguramu amma wagga shantammafaa itti aanu qofaatti, kun immo bara lafti maatii irraa fudhatameef deebi'u ture. Lafichi namicha gurgurate yookiin maatii isaa keessaa nama tokkoon deebifamee furamuu danda'a. Ammas Waaqayyo kan nu yaadachiisu, hariiroon namoonni isaa wajjin qabaatan hammam akka hariiroo walii wajjin qabaatamu irratti dhiibbaa akka uumuudha. "Lafichi kan koo waan ta'eef, isin immoo galaadhaa fi warra yeroodhaaf lafa koo irra teessan waan taataniif, lafichi gurguramee achiin hafuun irra hin jiru." Lew.25:23

Lew.25:8-23 dubbisi. Utuu qajeelfamni kun hojii irra oolfamee hawwaasi akkam jijiirama argisiisa jettee yaadda? Keessumaa wali walii keessan hin miidhinaa jechoota jedhan utuu akkasitti jiraata-mee geddarama akkamiiitu argama?

“Ittiin bulmaati Waaqayyo dhaabe haala hawwaasa wal qixxesuu-un wixinneeffame. Dhi’effamuun waggoota sanbataa fi Iyobeeliyyu/waggaan shantammaffaan/ mirgoota bara sana keessa hawwaasum-maa fi siyaas dinagdee sabaa Sanaa keessatti raawwate haala adda ta’een bakkatti deebisa.” EGW, PP, 534.

Seenessitoonni kitaaba qulqulluu bakkatti wantoonni sagaleen/rukuttaan dinagdee fi hawwaasummaa kun irratti irra ba’ee faana bu’ame waan mirkanoeffatan hin qaban. 2Sen.36:21). Ta’us immoo, seerri kun utuu biyyi lafaa guutummaatti seera Waaqayyoon duukaa bu’anii akkam akka inni ta’u milluu hawwachiisaa namma kennu. Caalaatti immoo, hiyyesotaa fi warra tuffatamaniif hammam akka Waaqayyo yaadu jala muranii beeku akkasuma immoo wal qixxum-maan biyya lafaa keenya kana keessatti qabatamaa ta’uun xiyyeef-fannoo isaa jiraachuu isaa beeku.

Jimaata

Ado.12

Yaada dabalataa: ‘Seera Israa’eliif kennname’ kan jedhu-fi ‘Waaqayyo Hiyyeessotaaf eegumsa in godha’ Kitaaba Ellen G. White PP, 530-536 dubbisi.

“Waan Waaqayyo akka nuyi isaaniif goonu barbaadu hubachuu booda, seera Museen kennamu keessatti kan hubatamu ofirraa bu’anii, garraamummaa guddaadhaan hafuura keessummaa simatu hiyyesotatti argisiisuu irra kan caalu homtuu hin jiru. Guddisee saba isaa eebbisuudhaaf Waaqayyo waadaa seenu illee, hiyyummaanis isaan keessatti akka hin beekamne gochuun karoora isaa miti. Hiyyeessi lafa sana irraa akka hin dhabamne dubbateera. Warra saba isaa ta’an keessaa gara laafinaan, garraamummaadhaan kennuu kan shaakalan in jiraatu. Yommusis akkuma ammaa namoonni carraa hin taane qabaatan, kan dhukkubsatan, kan qabeenyi isaanii saamame turaniiru. Hamma qajeelfama Waaqayyo kenne hordofanitti, isaan keessa kan kadhatan hin turre, namni beela’es tasuma iyyuu” EGW, PP, 530-531

“Qajeelfamoonni kun kan baafaman sooreyyiinis hiyyeessaa gadi akka eebbfamaniif miti. Doqnummaa fi of-tuulummaa dhiisanii isa gaarii hafuura kennuu akka qabaataniif; kana gochuunis hawwaasa hundumaa gidduutti yaada gaariifi wal abdachuu fida, naamusa hawwaasummaa uumsa nageenya bulchiinsaa jabeessa. Nu hundumti keenya isa guddaa mar-sariitii namummaatti fo’amneerra; kanaafuu warra kan biraal kaasuuf waan nuyi goonu hunduu eeba mataa keenya irratti in calaqisiisa. P 534, 535.

Gaaffilee maree:

- 1.Karroora Waaqayyo Musee fi Israa’eloottatti hawwaa akkasii bu’uressuu keessatti Seera yookiin qajeelfama isa kamiidha kan yaada kee qabate?
- 2.Seera Waaqayyo Saba isaaf kenne keessatti Waaqayyo warra baay’ee saaxilamoo irratti kan xiyyeefteef maaliif sitti fakkaata?
- 3.Seerota sana hubannee har’aa akkamiittiin bara ammaatti qabiifna? Wantoota kana har’aa iyyuu kan hoijetaniif/dhimma baasan/ nuun ilaallatan akkamittiin fo’anna? Qajeelfama gadi fagoo akkamitti Israaeloonti hawwaasa isaanii geggeessanii akka jiratan kan dubbatu akkasii keessa wanti baay’ee murteessaan nu barannu maaliidha?

Cuunfaa: Waaqayyo boo’icha dhiphinaa Israa’eloonni biyya Misiritti boo’an dhaga’ee isaaniin oolchuudhaaf gidduu seene. Hariiroo kakuu addaa isaanii wajjin dhaabeetu saba haaraa hundumaafuu, warra gatamanii fi tuffatamaniiif akkasumas saxilamaniif warra eeba ta’uuf jiran isaaniin godhee wajjin hojjechuu barbaade.

Guyyaa Bilisummaa

Sanbata Waaree booddee:

Barumsa torban kanaaf dubbifadhu: Bau.16:16-18, Bau.20:8-11, Ked.5:12-15, Mat.12:9-13, Lew.25:1-7.

Heertuu yaadannoo: “Yesus itti dabalee, “Sanbatatu namaaf uumame malee, namni Sanbataaf hin uumamne.” Mar.2:27

Waaqayyo torban uumamaa keessatti sanbata dhuma irratti uume. Dubbatamee, guyyaa Torbaffaatti Waaqayyo boqochuu qofaa utuu hin taane, biyyi lafaa taa’uu/boqochuu/ akka qabaatutti boqonnaas-uume malee. Sanbati namoota kaanii fi Waaqayyoo wajjin tokkum-maa qabaachuuf akkamittiin akka uumamne agarsiiftuu dha.

Kanaafuu, kaayyoo Waaqayyo saba isaaf qabu keessatti, akka ab-boommii Waaqayyoo keessaa isa tokkootti, yeroo Israa’el akka saba haaraatti deebitee hundeffamtes jalqabuma irratti argamuu isaa ar-guun nu ajaa’ibuu hin qabu. Inni jirenya Ibrootaa keessatti gahee ol-aanaa kan xabatuu dha.

Yeroo baay’ee yommuu waa’ee sanbataa haasofnu, haasaan isaa dafee akkamittiin akka eegamutti ce’aa. Wanti guyyichatti hin hojj-etamne maal, faa? Gaaffiwwan kun hammam barbaachisanuu, biyya lafaa fi saba Waaqayyoofis akka mallattoo ayyaanaa fi dhi’eessii Waaqaatti gahee sanbati xabachuuf kaa’ame maal akka ta’e beekuun nu barbaachisa.

Akkuma Yesus dubbatetti, sanbatni guyyaa torbaffaa namoota hundumaaf uumame. Dhugaadhumaan, yoo nuyi “guyyaa sanbataa yaadanee”, guyyoota torbanii sana hundumaa keessatti nu jijiira.

Akka Yesus argisiise inni karaa warra kaaniif eebba taanus in ta'a.
*Barumsa torban kanaa Qo'adhuutii sanbata Ado.20f qophaa'i.

Jalqaba Torbanii

Ado.14

Maannaa Ga'aa

Dhaloota garbummaa fi gadi qabamuu saba isaa warra cunqurfamuun irratti ta'e booda, Waaqayyo haaraa kan taate Israa'el bilisoomtuu kaasuu barbaade; jirenya wayyu akka jiraataniif karaa itti argisiise seera ittiin hawwaasa haaraa sana geggeessan kenneef. Garuu adeemsa kana keessatti inni duraa, qabatamaa fi gorsa waan qaqqabamuun ta'u ture.

Waggaa 40 guutuu lafa onaa keessa adeemuu isaanii itti fufuudhaan olii fi gadi jooranii, naannaa'an jirenyaaakkasii keessatti, Waaqayyo waan barbaachisaa dhi'eessuu akka danda'u ragaa arganii jirenya ofittummaa hin qabne inni isaan shaakalan qaama aadaa hawaasa Israa'elotaa ta'uutu irra ture. Akka bifa maannaatti isaaniif dhufe, nyaata ganama hundumaa naannoo buufata Isaraa'elitti lafatti argamu ture.

Bau.16:16-18 dubbisi. Tokkoo tokkoo heertuu kanaa keessatti namoonni hamma argatan safaruun maaliif barbaachise jettee yaadda?

2Qor.8:10-15 Phaawulosi kristaanni akkamitti kennuu akka qabu ibsuuf seenaa kana caqase. "Wanti isaan irraa hafuuf jiru qaawwa dhaba keessanii akka isiniif duuchutti, wanti amma isin irraa hafu immoo qaawwa dhaba isaanii akka duuchuuf gargaara! Akkasitti gara lachuuf iyyuu wal in qixxaata." 2 Qor.8:14

Barumsi Israa'elotaa fi nuufis Waaqayyo sabaa isaa fi uumama isaaif akka ga'utti dhi'eessa kan jedhuudha. Hamma nu barbaachisu fudhannee isa nurraa hafe warra kaaniif qoodne, hundumtu hamma bar-

baachisu in argata. Guyyaatti waan isaaniin gahu qofaa fudhachuud-haan namoonni boris dabalamee akka bu'u isaaniin barsiisa. Sabni cunqurfamoon, kan akka garboota Israa'el, jiraachuud huma mataa isaaniitti kan qabamanii turan, Waaqayyo Garuu jirenya amanuu akka qabaatan isaaniin barbaade, arjummaa fi waliif quoduuus isaani-in barsiise.

Garuu dhimma shaakala maannaa kana keessatti kallattiin dagata-muu hin dandeenye biraanis jira. Jimaata gaafa hundumaa dachaa isa yeroo kaan funaannataniitu lafatti argama. Guyyaa sana, gaafasumaaf qofaa, namoonni qophaa'umma sanbataa keessatti maannaa dabalataa funaannachaa turan. Addumaan dhi'eefamuun dachaa kun jirenya isaanii keessatti caalaatti karaa isaan ittiin Waaqa-yyoon amanachuu baratan ta'eef. Maannaan dabalataa kun gama Waaqayyootiin gocha ayyaana isaati; Sanbata guyyaa torbaffaatti kan Waaqayyo abdachiise waan biraaf illee akka caalaatti amanan taasisa.

Waan Waaqayyo gaafa sanbataa nuun abdachiise guutummaatti ar-gachuuf gaafa jimaataa maal gochuu qabna?

Wixata

Ado.15

Sababa sanabataa Lamaan

Yaadachuun hariiroo Waaqayyo saba isaa wajjin deebisee dhaabuuf jedhu keessatti qaama barbaachisaadha. Hariiroo isa Waaqayyo uumaa fi fayyisaa keenya ta'u irratti hundaa'u. Gaheen/shoorri/ kun lamaanuu abboommii arfaffaa keessatti kan mul'atan yommuu ta'u sanbataa fi shaakala sanbataa wajjin itti siqeennyaa hidhata qabu. Biyya waaqoliin tolfamoo baay'inaan guutan keessaa ba'anii, Is-raa'eloonni Waaqa dhugaa sana akka uumaa isaaniitti yaadachii-famuun in barbaachise. Sanbati kana gochuuf karaa murteessaa ta'e; haala naannoo torbanii keessatti, gaafa gaafa Jimaataa maannaa da-

Barumsa Sanbataa Gaessota

balataa laachuun, humna uumuu isaatiif fakkenya jabaa ta'e. Bau.20 keessatti, abboommii arfaffaa keessatti Waaqayyo akka uumaa keen-yatti hubatamaadhumatti ka'amee jira.

Wal bira qabnee yommuu ilaallu Ked.5 keessattis oolfamuun, furamuun, fayyinni xiyyeffannoo abboommii arfaffaati. Kun seenaa warri Israa'el utuu wal irraa hin kutin dubbataniidha; keessumaa sanabata gaafa hundumaattu qabsiisanii dubbachuu danda'u turan. Seenaa inni jalqabaa dhugaadhumatti qabatamaan garbummaa Misirii ba'uu warra Israa'el yommuu ta'u Waaqayyoo fi fayyina isaaniif beekumsi isaanii in guddate. Sanbatis mallattoo torbaniin naanna'u gammachuu fayyina hafuura isaanii ta'eera.

Wanti sanbataa nama kakaasan lamaanuu/uumamuu fi furamuu/, dhimma hariiroo Waaqayyoo fi saba isaa gidduu bakkatti deebisuuti. "Akkasuma immoo ani Waaqayyo isa isaan qulqulleessu akkan ta'e akka beekaniif, anaa fi isaan gidduuttis milikkita akka ta'uuf Sanbata koo isaaniif nan kenne." His.20:12. Akkuma argine immoo, kunii wa'ee garee namoota kanaa qofaa ta'ee hin beeku. Bu'uura walitti-dhufeenyaa kanaa irratti, hawwaasa adda ta'e bu'uressuuf, innis ormootaaf gara toleessa kan ta'e, guutummaa lafaafis eebbaa ta'uun kan danda'uu dha.

"Ati biyya Gibxiitti garbicha akka turte, Waaqayyo gooftaan kee har-ka jabaadhaan, irree ol fuudhamaadhaanis achii akka si baase yaadahu; Waaqayyo gooftaan kee kanaaf guyyaa Sanbataa akka eegduuf si abboome" Ked.5:15. Guyyaa sanbataa akka ittiin yaadannuuf egaa, uumamuu fi furamuu keenyaaf ayyaaneffachaa, hariiroo keen-yatti guddachuu itti fufna, kunis Waaqayyoo wajjin qofaa utuu hin taanee namoota naannoo keenya jiranii wajjinis malee. Waaqayyo nuuf araara qabeessa, nus warra kaaniif araara gochuutu nurra jira. Sanbata eeguun karaa kamiin nu wayyeessa, garraamii, caalaatti kan namootaaf yaadan akkamittiin nu godha?

Guyyaa Wal Qixxumma

Bau.20 fi Ked.5 keessaa ariitiidhaan waa'ee abboommii kurnanii yoo dubbiifne, wanti hubatamaan tokko hamma hubannutti abboommii arfaffaan gadi fageenya caalu kan qabuu dha. Heertuu biroo keessatti jechoota sadiin kan kaa'aman yommuu ta'u (afaan ibrootaan jecha lamafa'iin kaa'ama), abboommii arfaffaan garuu maaliif, attamitti fi eenuutu guyyaa sanbataa yaadata gaaffii jedhaniif bakka kenna. Bau.20:8-11 dubbisi. Waa'ee garbootaa fi ormootaa maal jedha? Bineensaafis maal jedha? Maal jechuudhas?

Gadi fageenya waa'ee sanbataa kana keessaa inni caalu, xiyyeefanno warra kaan irrattiiti. Sisgve K. Tonstad aadaa biyya lafaa hundumaa keessatti abboommiiin akkasii waan addaati jedhee falma. Akka inni ibsutti abboommiiin sanbataa, goodaadhaa qabeetu dursa kennaa dhufa malee gararraadhaa achii gadi hin ilaalu, warra baay'ee dadhabdootaaf miseensa hawwaasaa warra saxilamoodhaaf xiyyeefanno duraa kennuudhaan jalqaba. Warri caalaattii boqonnaan isaan barbaachisu, garboota, ormoota biyya keessa jiran, horii fe'iinsaa, warra baay'ee keessaa muraasa. Boqonnaa Guyyaa torbaffaatti, warri carra hin qabne, bineensonni hin dubbanne illee, boqonnaa argatu" the Lost Meaning of the Seventh day Sabbath (Michigan, Andrews University Press, 2009), pp. 126, 127.

Abboommiiin sun xiyyeefannoon addaa isa namni hundumtuu itti boqochuu qaba jedhu qaba. Ifa sanbataatiin, hundumti keenya wal qixxee dha. Torbanicha keessatti, hojjetaa kan qacartan yoo taatan, hojjetoota keessan sanbata hojjechiisuuf aangoo hin qabdan. Isaaniifis guyyaa boqonnaa godhee Waaqayyo isaaniif kenneera waan ta'eefidha. Hojjetaa yookiin garba namaa yoo taate, guyyaan boqon-

naa ati hundumaa wajjin wal qixxee ta'uu kee si yaadachiisa, waluma qixxee waaqayyoon uumamtee, isumaan furamuu kee-waan guyyoota biraa gootu caalaa akka guyyicha ayyaneffattu barbaada. Warrumti saba sanbata ayyaneffatanii ala jiran iyyuu "keessummaan mandara kee keessa jiru hundumtuu" Bau.20:10

Yaadni kun gama Israa'eliin geddarama hubatamaa kan argamsiisu-un irra turee dha; reefuu haarumtii garbummaa fi tuffatamuu keessa ba'an waan ta'eef jechuu dha. Amma biyya haaraatti bu'uuref-famuuf jedhu waan ta'eef Waaqayyo mala mootota isaanii duraanii akka isaan qabaatan hin barbaadne. Hawwaasa isaaniif kan ta'u gadi fageenyaan seera kenneeraaf waan ta'eef (yaadachiiftuu naan-noo torbanii hunduma keenyaafuu kenneera) karaa humna qabeessa ta'een, innis nuyi hundumtuu Waaqayyoon duratti wal qixxee ta'uu keenyaan ibsame.

Hawwaasa keessa jirtu keessatti sanbata akkamittiin kaaniif qooduu dandeessa? Kana jechuun namoonni sanbata eeguu keetiin akkamittiin fayyadamoo ta'uu danda'u jechuudha?

Roobii

Ado.17

Guyyaa Fayyummaa

Mul'ati sanbataa fi sanbata eeguu bal'aa fi hundumaa kan hammatu yommuu ta'u, bara Yesus gara lafaa dhufe iyyuu, geggeessitoota amantii baay'eedhaaf waan addaa ta'e. Guyyaa bilisummaa fi walqixxummaa ta'uu irra, sanbati guyyaa namaa, seera barsiifataa fi dhorkaa garaa garaa ta'e. Bara isaa keessa, Yesus ilaalcha akkasii dura ijaajje falme; keessumaa yommuu isaan warra kaan itti ittisan. Guyyaa sanbataa irra fayyisuudhaan dhimma barbaachisaa kana karaa hawwataa ta'e hojjete. Faallaa Guyyoota biraa, barbaachisummaa guyyaa sanbataa, sanbati akkam ta'uu akka qabu hubachiisuu, waan Yesus ittuma yaadee gaafa gaafa sanbataa dinqii kana hojjetu

Barumsa Sanbataa Gaessota

fakkaate. Yeroo baay'ee oduu kana keessatti Yesus guyyaa sanbataa fayyisuun waanuma sirrii akka ta'e dubbataa ture. Yeroo baay'eem-moo warri Fariisotaa jecha isaa dhimma ba'anii, karoora isa ajjee-suuf qaban raawwachuu barbadu turan.

Oduu sanbata irra fayyisuu Yesus Mat.12:9-13, Mar.1:21-26;3:1-6 ilaali. Oduu kana keessatti wantoonni baay'ee barbaachisoon maal fa'i?

Sanbati barbaachisaa ta'uu isaa Yesus mirkaneesseera. Carraa hariiroo Waaqayyoo wajjin, namootaa wajjin, waldaa, maatii fi hawaasaa wajjin qabnu guddifachuuf torban keessatti yeroo addaa fi eebbfamamaa gochuuf daangaa yeroo naannoo sanbataatti kaa'uun nu barbaachisa. Garuu sanbata eeguu ofittummaadhaan waa'eedhuma keenya qofaaf ta'uu hin qabu. Akka Yesus jedhe, "guyyaa sanbataati waan gaarii ta'e hojjechuun seeruma. Mat.12:12

Miseensonni waldaa baay'een namootaaf eeggannaaf gochuuf jecha waan gaggaarii in hojjetu. Baay'een keenyas gargaarsa gochuuf utuu sana caalaa goonee hin feena. Beekna Waaqayyo warra miidhamaa, cunqurfamaa, yookiin irraanfatamanii jiraniif in yaada; nus yaadufi qabnakaa. Hojiidhuma keenya idilee akka hin hojjenneef waan nutti himameef, dhiibbaa torbanichaattii waan bilisoomneef, guyyaa sanbataa akka eegumsa sanbataa isa dhugaa fi hojiin mul'ifamuutti guyyaa sanbatoota warra kaaniif akka xiyyeffannuuf yeroo nuuf kennameedha. Akka abboommii arfaffaatti guyyaan sanbataa boqon-naa fi Waaqeffannaaf addaan baafame. Hojiin dhimma amantii hin taane hunduu lafa oolee, hojiin araaraa fi gumaachuu akka kaayyoo Gooftaatti adeemsifamu, Warra mudaman boqochiisuun, warra gaddan jajjabeessuun hojii jaalala isa guyyaa sanbataa qulleessuu dha. " EGW, Welfare Minstry, 77.

Gaarummaa warra kaaniitiif guyyaa sanbataa irra maal gochuu qabda?

Kamisa

Ado.18

Boqonnaa Sanbataa Lafti Boqochuu

Akkuma ilaallee jirru, giingoo jirenyaa saba Israa'elittii addaan kan hin baane qaama isaa ta'uunisaati. Garuu qajeelfamni sanbataa torban keessatti guyyuma tokko qofaa miti. Waggaan torbaffaas of keessatti qabatee isa guyyaa shantammaffaan xumuramu, waggaan torba si'a torba booda waggaan shantammaffaa, waggaan ($7 \times 7 = 49$) booda waggaan shantammaffaatti jechuudha.

Lew.15:1-7 dubbisi. Ajaja akkasii irraa wanti yaadatamuu qabu maalii dha? Jirenyaa fi hojii keetti qajeelfama akkasii akkamittiin galchuu dandeessa?

Waggaan sanbataa, inni waggaan 7 fi 50 lafti akka lafa ba'ee boqotu eyyama. Gochaa yaadatamaa waa'ee lafa kunuunsuu, eeguu ti; oguummaa kana beektonni qonnaa bal'inaan bira gahaniiru.

Waggaan torbaffaan ammas garbootaaf barbaachisaa dha (Bau.21:1-11) ilaali. Hala Israa'eloonni hamma garbummaa keessa of galchanitti idaa keessa of galchan keessatti waggaan torbaffaatti in bilisoomu. Liqiin isaaniis dhuma waggaan torbaffaatti irraa haqama (Ked.15:1-11). Akkuma maannaa Waaqayyo Isaraa'eliif laatee lafa onaa sana keessa, minaan dhaabuu dhiisuun/lafa hin qotin dhiisuun/ amantii Waaqayyobaarota darbanitti waan barbaachisaa hundumaa isaaniif kennuu fi bara isa kanas lafti ofuumaan kan kennitu gahaa akka ta'e kan argisiisuu dha. Akkuma kanas immoo, garboota bilisoomsanii liqii isaaniif haquun, gochaa araaraa fi Waaqayyoon waan barbaachisaa dhi'eessuu akka danda'u amanachuuti. Haalumaan, namoonni mataa isaaniif haa-

la mijeffachuuf jecha warra kan biraan miidhuu akka hin qabne sabni sun in baratu.

Qajeelfamnii fi akkaataan/ patern/ Sanbataa itti siqeentyaan akka walii galaatti hawwaasa Israa'elitti kan qabatuu dha. Akkasuma immoo, eegumsi guyyaa sanbataa bara ammaas, barsiisa hafuuraa guyyoota keenya torbanii jijiiru ta'uu mala. Haala qabatamaadhaan, sanbati karaa nuyi ittiin yesusiin jiraannuu dha. "Warri saba Waaqayyoo hin ta'in yaada isaanii isaan kanatti hidhanii jiru'o; isaan kun hundinuu isiniif barbaachisoo akka ta'an garuu abbaan keessan inni waaqa irraa in beeka. Duraan dursitanii yaada keessan mootummaa Waaqayyoo fi qajeelummaa isaa barbaaduutti hidhaa! Kana malees kan barbaachisu hundinuu immoo isiniif in kennama." Mat.6:32-33

Guyyaa sanbataa eeguun kee guyyoota kee warra hafan irratti ga-raagarummaa maalii uuma? Doqna, ofittoo jalqaba torbaniitii hamma jimaataatti kan namaaf hin dhimmine yoo taate, kana hundumaa qabda yoo ta'e sanabata maal goota? Dhugaa dubbachuuf waan torban guutuu hin ta'in gaafaas ta'uu dandeessaa? Arjaa, kan namaaf yaaddu, kan namaaf dhimmitu ta'uu dandeessaa?

Jimaata

Ado.19

Yaada dabalataa: kitaabota Ellen G. White 'Galaana diimaadhaa hamma Siinaatti' kan jedhu, patriarchs and Prophets295 -597 irraa, sanbata kan jedhu The desire of ages 281- 289 dubbisi. Sigve K. Tonsstad "the sociala concience of of the seventh day, fuula 125-143

"Hojiin fayyisuu guyyaa sanbataa abboommii sanabataa wajjin akka waliif galu isaanitti hime. Hojii ergamootaa warra namoota miidhaman gargaaruuf samii gidduu oliif gadi adeemanii wajjinis walii gala..."

"Namnis guyyaa kanatti hojii raawwatu in qabaata. Wantoonni jireenyaaaf barbaachisan xiyyeffatamuu qabu, dhukkubsataan wallaanamuu qaba, fedhiin warra waa hin qabnee argamuufii qaba. Warra gaafa sanbataa muddama keessa jiran gargaaruu dhiisuun mudaa malee nama

hin taasisu. Inni qulqulluun guyyyaan sanbata Waaqayyoo, namaaf uumame. Gochaa araara gochuu isaa wajjin wal fudhata. Waaqayyo uumamni isaa guyyaa sanbataa irras ta'e guyyaa biraakka sa'atii dhiphinaa dabarsan hin fedhu.” EGW, the desire of Ages, 206,207

Gaafilee maree:

- 1.Karaa kamiidha kan ati guyyaa sanbataa eeguu kee akka amantaa Waaqayyo irratti qabdu agarsiisuutti eegde? Jirenya kee keessatti akka maannaa sana argitee beektaa? Yeroo Waaqayyo waan ati isa amanteef waan barbaachisu siif kenne jiraa? Yoo jiraate namootaaf quodi.
- 2.Akkka abboommii arfaffaa Bau.20:8-11 fi Ked.5:12-15 keessatti arginutti, Waqayyo sanbata gama kan biraatiin itti xiyeeffata. Gama sanbata eeguu keessaa wanti ati baay'ee ajaa'ibsiifattu kam isaati?
- 3.Kutaa barumsa sanbataa keessatti dhuunfaatti, sanbata eeguu akka eebba hawwaasummaa kan ittiin gochuu dandeessu yaada namootaa keessa naannessi.
- 4.Karaa sanbati jirenya kee jijiire tokko tokko maal fa'i? Jirenya keessa gami kan biraan jiraa kan qajeelfamnii fi akkaatan eegumsa sanbataa jijiiruu danda'u?

Cuunfaa: Waaqayyo guyyaa sanbataa uumamaa fi furamuu akka yaadannuuf kenne. Garuummoo qabatamumaan fayidaalee baay'ees qaba. Waaqayyo waan barbaachisu akka nuuf dhi'eessu akka amannu in godha, walqixxummaa akka shaakallu godha, barumsa hariiroo keenya hundumaa jijiiru itti arganna. Yesus yaada sanbataaf qabu dhukkubsataa fayyisee, guyyaan sanabataa akka guuyaa nuyi fayyidaa warra rakkina keessa jiranii irratti xiyeeffannu jala mure.

Barumsa 4ffaa

Ado.20-26

Araaraa fi Qajeelummaa : Faarsaa fi Fakkeenya Keessaa Sanbata Waaree booda

Barumsa torban kanaaf dubbifadhu: *Far.9:7-9,13-20, Far.82, Far.101, Far.146, Fak.10:4, Fak.13:23,25, Fak.30:7-9*

Heertuu Yaadannoo: “Warra dadhaboo fi warra abbaan irra hin jirreef dhugaa baasaaf, warra gadadamoo fi warra homaa hin qabne qajeeletootti ilaala! Warra dadhaboo fi warra waan barbaachisaa dhaban furaa, harka warra jal’ootaa keessaas isaan oolchaa!” in jedha.” *Far.82:3-4.*

Macaafni Faarfanna fi Fakkeenyaa yeroo waaqeffanna fi sochii mantii qofaa utuu hin ta’in dhimmoota jirenyaa kamiin keessattuu mil’uu shaakala Waaqayyo wajjin jiraachuu kenu. Macaafni Fakkeenyaa hariiroo fi maatiitii qabee hamma hojii fi mootummaatti bal’ina ogummaa jirenya qabatamaa kan kenu yommuu ta’u, macaafni faarfanna immoo, kuufama faarfanna isa shaakala miiraa fi hafuuraa garaagaraa boo’icha, gammachuu mo’ichaa, wantoota warra kana lamaan gidduu jiran hundumaa kan qabuu dha. Amantiin keenyaa gama jirenyaa fi shaakala hundumaa keessatti garaagarummaa uuma jedhaanii yaaduun salphaadha, sababiin isaa Waaqayyo jirenya keenya hundumaa keessatti eegumsa nuuf gochuuf waan nuuf yaaduufiidha.

Yeroodhuma kana immoo, wanti biyya lafaa kufte irraa calaqqisu, haqa dhabummaa haala namma keessa guutee jiru kan hin mormine ta’uu isaati. Dhugaadhumatti, haqa dhabuun waan irra deddeebi’amee haala namma keessatti ibsamu yeroo ta’u, waa’ee kanaaf Waaqayyo

itti dhaga'ama, irraas nama boqochiisuu in barbaada. Warra abdii dhabaniif isatu abdiidha.

Waa'ee miidhamaa waanuma kitaabni kun jedhu qofaatti utuu buunee iyuu, tariitii barumsi kun warra rakkatan, cunqurfaman, irraanfata-manii naannoo keenya jiranii fi gargaaruun dirqama keenya ta'ee tajaajiluuuf dursitanii akka qophooftan isin gochuuf isiniin kakaasuu kan danda'uudha.

*Barumsa Torban Kanaa dubbisiitii Sanbata Ado.27f qophaa'i.

Jalqaba Torbanii

Ado.21

Faarsaa: Faarfannaabdiwarra Cunqurfamooof

Akkuma hubannee jirru, Waaqayyo namoota warra dhiphinaa fi rakkoo keessaa jiran in arga, in dhaga'a. Yeroo baay'ee macaafa faarfannaabdi keessatti boo'icha warra Waaqayyoon amanatanii, garuu dhugaan duraa badee dhageenya. Jaboeffamuun gaarummaa, qajeel-ummaa fi humna Waaqayyo dhabamuun haqaa dhabuu fi miidhaad-haan liqimfamee kan jiru ta'uutu faarfannaabdi kana irraa dhaga'ama. Garuu, kun amma iyuu warra faarfataa jiraniif faarfannaadha. Jireenyi isaaniis, amantiin isaaniis dheebuu hin baane. Garuu amma iyuu abdiin jira; ariitiin Waaqayyoo garuu utuu yeroon itti hin darbin bira ga'uudha, utuu jal'inni hin mo'atin, utuu warri miidham-toonni ulfaatina miidhama isaaniin hin badin hojjechuudha. Karaa kana, barreessaan faarfannaabdi sun garaagarummaa jabeenya amantiisaanii, qorumsaa fi rakkoo jireenyaa gidduu jiru kan walitti fidu riqicha ijaaruu barbaada.

Macaafa Far.9:7-9, 13-20 dubbisi. Haala Daawwit inni Faarfannaabdi kana barreesse keessa ture yaaduu dandeessaa? Amantiisaanii Waaqayyo irratti qabuu fi haala inni keessa ture gidduutti miira isatti dhaga'ame yaaduu dandeessaa? Yeroo rakkina guddaa wal'aansoo amantiisaati Waaqayyo irratti qabdu irratti sitti dhufu akkamittiin to'atta?

Barumsa Sanbataa Gaessota

Guutummaa Faarsaa keessatti muddama akkasiitiif deebiin irra deddeebi'amu, abdii fi waadaa Waaqayyoo waa'ee gaarummaa isaa fi fir-dii qajeelaa laachuuti. Hamminnii fi miidhamni amma waan mo'atan sitti fakkaatu, garuu Waaqayyo warra hammina hoijetanii fi dhugaa jallisanitti in farada. Isaan in adabamu, warri isaan dhugaa duraa balleessanii miidhaa turan garuu bakkatti deebifamanii in haara'u. Yaada Faarfanna keessatti, C.S. Lewis waan Faarfanna keessatti irra deddeebi'ee barreeffame waa'ee dinqifannoo fi hawwii dhufaattii firdii Waaqayyoo, waan jalqaba dinqifate akkasitti ibsa; Macaafa qulqulluu dubbistonni baay'een isaanii firdiin waan sodaatamuudha jedhanii yaadu, garuu nama Yihuudii jalqaba barreessaan faarsaa akki inni itti yaadee fi itti barresse, "kumaatamaan kan lakkaa'aman namoonni qabeenyi irraa fudhatame, inni mirga qabu gama isaaniitiin jiru dhuma irratti in dhaga'ama. Dhugaadhu-matti isaan firdii hin sodaatan. Waaqayyo faraduuf yommuu dhufu, dhuma irratti in ta'a." C.S.Lewis, Reflection on psalms (New York: HarQort, Brace, and Company, 1958), 11

Faarsaa keessatti, amma iyyuu, muddamaa fi abdii kutannaanisaan keessa jiran keessattillee, abdii warra cunqurfamanii in argina.

Wixata

Ado. 22

Waa godhi, Waaqayyo!

Far.82 dubbisi. Kutaan kun nuuf maal jechuu dha?

Akkaataa bulchiinsaa fi qajeelfama hawwaasichi ittiin bulu kan Waaqayyo kenneef jiraatu iyyuu, seenaa isaanii keessatti yeroo ga-raagaraa, Israa'eloonni akka karoora yaadameefitti jiraachuu dad-habaniiru. Isaanumtu akkuma saba naannoo isaanii ta'an, dhugaa jal'isuu fi miidhuudhaan jiraachuu eegalan. Geggeessitoonni fi abbootiin firdii mataadhuma isaanii ilaaluu jalqaban, Garagaarsa

Barumsa Sanbataa Gaessota

isaanii argachuuh gubboodhumaan bitachuu qofaan.

Manni murtii yoo isaan irraa faccisuu baatee, namoonni harka qalleeyyiin addumaan hiyyessonni mirgi isaanii saamamuu fi midhamaaaf saaxilamu.

Far.82 deebii haala akkasiiti. Waaqayyo abbaa firdii isa hundumaa olii ta'uu ibsa. Haala inni ittiin geggeessitootaa fi abbootii murtii lafaatti faradu gabaabsee mul'isa. Faarfannaan kun warri shoora akkasii hawwaasa keessatti qabatanii jiran, "akka abbaa firdii Waaqayyoon jalatti hojjetan" ta'uu akka qaban mul'isa. EGW, Prophets and kings, 198. Isaan akka bakka-buutotaa fi hojjettoota Waaqayyootti bakka isaaniif kenname kanatti hojjetu. Ilaalcha abbaa faarfanna Sanaa keessatti, qajeelummaan Waaqayyo akkamitti qajeelummaan lafa kana irratti hojjetuuf fakkeenyta'uu akka qabuudha. Safartuu qajeelummaa fi jal'inni kun ittiin safaramus kaa'ee, warri ittiin hojjetanis firdii dura in dhaqu.

Faarfannaan kun Waaqayyo akka waa godhuuf waamicha gochuudhaan goolaba (82:8). Hamminaa fi jal'ina saba sana keessa guute akka inni gidduu seenee dhaabsisuuf. Akkuma faarfannoota baay'ee warri sirna firdii jal'isuu keessa jiraatanii fi hojjetanii, kunis sagalee warra sagalee dhabanii fi miidhamanii ta'e.

Far.82 isa teessoo murtii irra jirutti kadhata dhi'eessa, bulchaa Waaqaa fi lafaa, bulchaa saba hundumaatti. Isaa olitti bakki waan akkasii ol iyyatan kan biraan hin jiru. Iyyati akkasii yoo bulchiisii fi abbaan firdii lafaa himataa fi boo'icha warra hiyyeessaa fi miidhamoo dhaga'u didan yommuu ta'u kun waan yeroo baay'ee lafa kanarratti ta'aa jiru, ammayyuu Waaqayyoon waammachuudhaaf carraa hin haalamne qabna.

Jirenya keenya keessatti yeroo garaagaraa, ofidhuma keenya miidhamtoota haqa dhabuu taanee of argina; yeroo kan biraammoo fayidaa dalgaa argachuuf jecha dhugaa jal'ifnee argamna. Kutaa

macaafaa kan akka Far.82 kana keessatti, nuyi cunqurfamoodhamoo cunqursitoota ta'uu keenyaaf hubannaa fi ogummaa arganna? Waa'een abbaa murtii qajeelaa hin taanee Waaqayyotti in dhaga'ama; akka ijoollee isaatti isaaniin ibsuu fi akka isaan jirenya gaarii isaa wajjin jiraatan in fedha. Far.82:6. Kanaafuu, jijiiramaaf yoo of kennan, warra gama dogoggoraa jiraniif iyyuu abdiin jira.

Kibxata

Ado.23

Waadaa Mootii Tokkoo

Far.101 dubbisi. Geggeessitootaaf barreeffame iyyuu, sadarkaan jirenya keenya eessa ta'e iyyuu, ofi keenyaaf gorsa barbaachisaa akkamii irraa argachuu dandeenyaa?

Far.101 heertuu geggeessitootaati. Bara reefuu mootichi Daawwit gara teessoo mootummaa Israa'elitti dhufe barreeffame jedhamee yaadamaa ture. Tariis immoo kakuu yeroo mootummaa fuudhan galan irraa kan fudhatames ta'uu danda'a. Shaakala akka loltuu fi baqataa Saa'olitti qabu irraa, mootiin karaa irraa kaate akkamittiin saba isaa fi maatii isaa balleessuu akka danda'u dhugaa ba'es ta'a. Daawwit mootii addaa ta'uuf waan murteeffate fakkaata.

Muraasi keenya geggeessitoota siyaasaa yookiin bulchitoota biyyaa ta'uu dandeenyaa, garuu hundumti keenya iyyuu warra kaan jajja-beessuudhaan dhiibbaa umuu kan dandeenyu carraa jirenyaa qabna. Jirenya hojii keenya ta'uu danda'a, hirmaannaa hawwaasummaa, maatii yookiin waldaa. Ellen G. White garee geggeessitootaa ta'e irratti yaada yommuu kennitu, "kakuun Daawwit inni Far.101 keessatti barreeffame warra itti gaafatamn irra bu'e hundumaafuu kakuu ta'uu qaba...." counsel to Parents, techers, and Students. 119 Akkuma carraa argannuun, qajeelfama kana filannee iddo itti gaafatamaa nutti kenname guutuuf qophii gochuu qabna. Hundumti keen-

ya, bakka geggeessummaa fi bakka dhiibbaa uumuuf kaa'amnetti qajeelfama bulchiinsa Daawwitiin hojiitti hiiknee namootaaf eebba ta'uuf carraa qabna.

Bakki Daawwit jalqabe qajeelummaa fi gaarummaa isaaf Waaqayyoon galateeffachuudhaan (Far.101:1). Kun immoo bu'uura waan daawwit mootummaa isaa keessatti ol kaasee beeksisuu barbaaduuti. Jirenyaa fi hojii isaa keessatti amaluma kana jiraatee argisiisuu barbaade. Kana gochuuf, fedhii dogoggoraa gochuu, malaamaltummaa fi amantaa dhabuu of irraa faccisuu qaba; kun hundumtuu aangoo bulchiinsaa fi geggeessummaa irra kan jiran hundaafuu kiyyoo dha. Gorsitooni kun waan qajeeltoo hojjechuuf hammam akka isa garraaran waan beekeef, Daawwiti gorsa amanamaa kana barbaadee hojjettota kabajamoota ta'an kaa'e. Qajeelummaa fi gaarummaan, warra isaa wajjin isaaf hojjetan dabalatee akka bulchiinsa isaa irraa hubatamu yaade.

Nuyi sadarkaa gorsitootaa fi hojjettota ol'aanoo of biratti qabaannuu dhabuu dandeenya. Garuu yoo maal gooneedha jireenyi keenya dhiibbaa akka inni uumu goonee qajeelummaa fi gaarummaatti jiraannee warra isa barbaadan gargaaruu kan nuti dandeenyu?

Roobii

Gooftaa Wajjin Adeemuu

Ado.24

Gara xumura kitaaba faarfannaatti dhi'aachaa yeroo adeemnu, ja-jannaanii fi sagaleen galataa dabalaad adeema. Faarfannaan warri dhumaan shanan ajaja salphaa fi kallattiidhaan "Waaqayyoon galateeffadhaa" kan jedhuudha. Isaan keessaa innii 146 galateeffamuu Waaqayyoof sababii kan ta'u xiyyeffannoo Waaqayyo warra cun-qurfamanii fi hiyyeessotaaf qabu irratti kan hundaa'u ta'uuf dubbata. Far.146 dubbisi. Kun nuuf ergaa maalii qaba? Waaqayyo keessumaa Far.146:5-9 keessatti maal jechaa jira?

Barumsa Sanbataa Gaessota

Akkuma Waaqayyo uumaa biyya lafaa kanaa ta'e (Far.146:6), Waaqayyo, abbaa firdii, dhi'eessaa waan hundumaa, bilisoomsaa, fayyisaa, gargaraa fi kan irraa faccis u ta'ee hojjechuu itti fufaa jira. Kun hundumtuu namoota gargarasa kana keessaa barbaadan irratti xiyyeefata. Mul'ata waan Waaqayyo hawwaasa, biyya lafaa kana keessatti godhuu fi gochuu barbaaduuti.

Yeroo tokko tokko, gargaarsa warra rakkatoof Waaqayyo waan dubbateef gochuu akka qabnutti yaadna. Garuu Faarsaa 146 kun waanuma Waaqayyo godheedha, nummoo achirratti isatti dabalamuuf afeeramuu keenya dubbata. Hiyyumma, cunqursaa, dhukkuba irratti yoo hojjenne, dhugumaan Waaqayyoo wajjin kaayyoo isaaf hojjechaas jirra. Akka faarsaan 146 nu jajjabeessutti Waaqayyoo wajjin shiirkaa ta'anii hojjechuun carraa gaarii akkamiiti!

Garuu nuufis faiiidaa qaba. Kristaanonni yeroo baay'ee Waaqayyoon barbaadanii isaa wajjin hariiroo gaarii ta'e uumuu fedhuutu dhaga'ama. Haa ta'u iyyuu malee heertuun kan akka Far.146:7-9, baay'een kutaan macaafa qulqulluu, karaan Waaqayyoon argatan inni tokko hojii inni hojjetu irratti isatti dabalamuu ta'uu argisiisa. Hiyyeessota, dhukkubsattoota fi miidhamtoota ol kaasuuf hojjeeta yoo ta'e, akka Far.146 jedhutti inni Waaqayyo waan ta'eef isaa wajjin hojjechuu qabna. "Kristos hiyyeesotaa fi warra muddama keessa jiranii wajjin jiraatee hojjechuuf gara biyya lafaa dhufeera. Isaan gara caalaa xiyyeefannoo isaa qabatan. Har'as karaa ijoollee isaa, hiyyeessotaa fi warra muddama keessa jiran in ilaala; boo'icha irraa aara galfachiisee dhiphinas hir'isa.

"Dhiphinaa fi dhabiinsa yoo karaa irraa kaafne, karaa ittiin jaalala Waaqayyoo fi araara isaa hubannu hin qabnu, karaa ittiin gara-laafina gara-laafeessa abbaa keenya Waaqa irraa beeknu hin qabnu. Yeroo warra rakkatoo fi dhaabiinsa guddaa qaban bira dhufe malee Wangeelli iddoor itti haala jaalala guddaan fudhatame hin arganne."

EGW, Testimony for the Church, Vol 7,226.

Warra kan biroo gargaaruudhaan gara Waaqayyootti siuu irratti shaakalli kee maal fakkaata?

Kamisa

Ado.25

Fakkeenyaa:Araara Warra Rakkatan Irratti

Akka kuufamni ogummaa tokko jedhutti, kitaabni fakkeenyaa mata duree gurguddaa garaa garaatiif shaakala jirenyaa hundumaa kan xuquudha. Isaan keessaa tokko, yaada hiyyummaa, sooruma, quufa, qajeelummaa, fi dhugaa jal'isuufaa irratti kan xiyyeffatuu dha. Yeroo tokko tokkommoogolee kan biraa irraanis. Jirenyi yeroo hundumaa salphaa fi qajeelaa hin ta'u; warra Waaqayyoof amanamanii jiraatan gidduutti illee, Fakkeenyi haalotaa fi filannoon garaagaraa warra jirenyi akkamitti akka jiraatamu irratti dhiibbaa godhan dursee nu akekkiachiisa.

Fak.10:4; 13:23,25; 14:31; 15:15,16; 19:15,17 fi 30:7-9 dubbisitii wal bira qabii ilaali. Heertuun kun waa'ee qabeenya, hiyyummaa fi warra dhaban gargaruu maal nutti hima?

Fakkeenyi ilaalcha Waaqayyo hiyyeessotaa fi warra rakkinaaf saaxilamaniif qabu irratti xiyyeffata. Yeroo tokko tokko sababiin namoonni hiyyoomaniif haala naannoo, filannoo hin taane, saamamu(humna, beekumsa, dandeetti) irraan kan ka'e ta'uu danda'a; ta'us haala isa kamiin keessattuu Gooftaan akkuma uumaa isaaniitti ibsame (Fak.22:2) isaaniif kan falmuudha (Fak.22:22-23). Namoonni kun, dogoggorri isaanii isa kamiin ta'ullee cunqurfamuu fi mirgi isaanii saamamu hin qabu.

Waaqayyoon filatanii isaaf abboomamuudhaan Fakkeenyi jirenya gaarii yommuu afeeru, sooromni garuu yeroo hundumaa eebba Waaqayyoon biraa kennamu miti. Waaqayyoof amanamuun baay'ee barbaachisaadhaaf dhuma irratti immoo gatii gaarii qabeenya la-

faa irra caalu akka argachiisutti ilaalamaa. “Qabeenya baay’ee karaa jal’inaatiin argamu irra, qabeenya xinnaa karaa qajeelaatiin argamu wayya.” Fak.16:8

Wanti yaachisaan Fakkeenya keessa jiru kan biraan hojii, mootummaa fi bulchiinsa keessatti amanamummaa fi qajeelummaa dhaan hojii raawwachuuudha (Fak.14:5,25; 16:11-13; 17:15; 20:23; 21:28; 28:14-16). Fakkeenyi jireenya namoota dhuunfaa duwwaa irratti kan xiyyeefatu utuu hin ta’in fayidaa hundumaatiif kan ta’u akkamitti guutummaan uummata akka buluu qabu addumaan warra eeg-gannoo addaa barbadaniif caafame.

Ammas irra deebinee kan yaadachiiifamnu hamma dandeettii issaaniitti, warri bulchiinsaa fi aangoo irra jiran gargaarsa Waaqayyootiin akkasittiin akka bulchaniidha.

Namoota haala gadhee keessa jiraniif gadduun waanuma salphaa dha. Akkamittiin gaddaa fi yaaddoo sana fuunee hojiitti hiikuu daneeny?

Jimaata

Ado.26

Yaada dabalataa: kitaabota Ellen G. White kana dubbisaa. “the Last Year of David” PP fuula 746-755, C.S.Lewis, “Judgment in Psalms” “In reflection on the psalms 15-22 dubbisi.

Faarfannaan Daawwit guutummaa shaakala jireenya keessa kan darbuudha, gadi fageenya yaadaa, yeelloo fi mataa ofii abaaruu irraa gara gaara amantii fi kabajamaa kan ta’e tokkummaa Waaqayyoo wajjiniitti kan ce’uu dha. Galmeen jireenya isaa kan argisiisu cubbuun qaanii fi wawwaannaa akka fiduu fi garuu immoo araarri Waaqayyoo gara gadi fageenya gadi bu’ee, cubbamaa qalbii jijjiirrate ol baasee ulfina ilma Waaqayyoo hirmachisuu akka danda’u dubbata. Wabii dubbiin isaa qabu hundumaa keessaa, kun amanamummaa, qajeelummaa fi araara Waaqayyootiif dhuga-ba’umsa jabaadha” EGW, PP, 754

Barumsa Sanbataa Gaessota

Ogummaa macaafa fakkeenya keessa jirutti qabsiisuudhaan,”qajeel-famni negeenyi hawwasaa itti hidhamu jiru, dhimma bulchiinsa la-faa fi amantii kan ittiin bulanii dha. Qabeenya fi jirenyaaaf nagaa kan laatu qajeelfama kanaadha. Amantaadhaa fi walii galtee argamuu danda’u kan fidu, biyya lafaa irra seerra Waaqayyotu jira; akka dubbiis isaa keessatti barreeffametti, sarara yeroo baay’ee danqame keessatti, garaa namaa keessaa badee badduu ba’uutti kan dhiyaate ta’e.” EGW, Education, 137.

Gaaffilee maree:

- 1.Karaa kamiidha kan ati ofii kee geggeessaa, yokiin nama dhiib-baa uumuu danda’u gootee of fudhattu? Gama jirenya keetiin akkamittiin nama qajeelummaa ta’uu dandeessa?**
- 2.Caasaa siyaasaa fi hawwaasummaa naannoo jiraattuu yaadi. Sirna keessa jirtu sana keessatti akkamittiin warra rakkina keessa jiraniif gaarii ta’uu dandeessa?**
- 3.Hawwaasa cimaa ta’e tokko uumuuf qajeelfamni haqaa fi qa-jelummaa maaliif barbaachisa?**
- 4.Kitaabni ogummaa jirenya gaarii jiraachuu irratti kan xiyy-eeffatu yommuu ta’u, Waaqayyo maal akka fakkatu kan inni nutti himu maaliidha?**

Cuunfaa: Kitaabonni Faarsaa fi fakkeenya macaafota rakkinaa fi qorama keessatti akkamitti amanamummaan jiraatamuu irratti qom-qabaa jiru keessaatti kan xiyyeefatani dha. Lamaanuu isaanii beekumsa yaada Waaqayyo haawwaasaaf qabuu fi ilaalcha addaa inni warra hiyyeessotaa fi cunqurfamootaaf qabu dubbatu. Iyyi Faarsaa fi ogummaan Fakkeenya Waaqayyo dhaga’ee warra namoota miidhanii fi dagatan gidduu seenee dhorkuu akka danda’u kan argisiisaniidha. Waaqayyo akkas ergaa ta’ee, nus immoo akka-suma ta’uu qabna.

Boo'icha Raajotaa

Sanbata Waaree booda:

Barumsa Torban kanaaf dubbifadhu: 1Sam.8:10-18, Amos.5:10-15; Mik.6:8; Uma.19:1-13, His.16:49, Isa.1:15-25

Heertuu yaadannoo: “Inni wanta gaarii ta’e sitti himeera. Yaa namaa! Wanta qajeelaa ta’ee fudhatame hojjechuu, gaarummaa jaallachuu, gad of deebiftees Waaqayyo kee wajjin deddeebi’uu malee, gooftichi maal si irraa barbaadaree?” Mik.6:8

Raajonni kakuu Moofaa qooddatoota macaafa qulqulluu keessaa warra baay’ee nama ajaa’ibaniidha. Sagaleen caraanuu isaanii, ergaan ija jabina isaanii, miirri gaddaa isaan qabu turan, aarii fi dhiphinni isaanii, akkasumas yeroo yerootti dhiyaannaan isaanii, yeroo baay’ee naannoo jiraachuuf isaaniif ta’uu dhiisu illee, namoota hin tuffatamne isaaniin taasise.

Jalqaba Israa’elii fi Yihuudaatti ergamanii, namoonnii gara waamicha Waaqayyootti akka deebi’aniif waaman. Namoonnii fi geggeesitoonni isaanii salphaadhumatti waaqeffaannaa fi akkaataa jireenyaa saba naannoo isaaniin liqimfamanii turan. Waamicha galata hin qabne akka isaan deebi’aniif gochuun hojji raajotaa ture; yeroo tokko tokko jaalala Waaqayyo isaaniif qabu yaadachiisudhaan, gama isaaniin ta’ee waan inni duraan isaaniif godhe itti himuudhaan, yeroo tokko tokko immoo yoo Waaqayyo irraa fagaachuu itti fufan badiisa isaaniin eeggatu yaadachiisudhaan itti himaa turan.

Akkuma arguuf jirru, cubbuu fi hammina isaan sabaa fi geggeessitoota akeekkachiisan keessaa, inni caalu, hiyyeessota, warra homaa

Barumsa Sanbataa Gaessota

hin qabnee fi gargaarsa dhabdoota isaaniin gidduu jiran miidhuu isaaniiti. Eyyeen waaqa tolfamaa waqessuun gadheedha, dhuguma, shaakala waaqa tolfamaa tajaajiluu faana-bu'uun gadheedha, garuu dhugumaan, fayida dadhabdoota fi hiyyeessotaa fudhachuun immoo yakka nama balleessuudha.

*Barumsa torban kanaa qoradhuutii sanbata isa Hag.3f qophaa'i

Jalqaba Torbanii

Ado. 28

Irra Deebii Waamicha gara Qajeelummaa

Karoorri gadi fagoo ta'e kan Waaqayyoo saba Israa'elotaaf jiraatu iyyuu, sabni Israa'eli waamicha isaaniif hin jiraanne. Erga biyya haaraa sana keessatti haaraa hundeeffamanii dhaloota baay'ee utuu hin turin, Saamu'eel isa raajii fi abbaa firdii ta'e sana mootii saba sana geggeessu akka dibuuf gaafatan (kan akka saboonni biraq qabaniif). 1Sam.8:5

1Sam.8:10-18 dubbisi. Gaaffii mootii qabaachuf isaan gaafataniif deebiin Saamu'el maal ture?

Saamu'eel gaaffii kana gama biraatiin akka saba kan biroo ta'uuf adeemsa sadarkaa tokko akka ta'etti fudhate. Yeroo Saamu'el mootii isaanii isa jalqabaa, Saa'oliin mari'achiisu wanti inni sila yaade raa-jiin isaa raawwatamuuf yeroo dheeraa akka hin fudhatin in galeef. Fiixeedhuma mootummaa Israa'elii irrattuu, Daawwitii fi Solo-moonuu sababa aangoo fayyadamaniiif qorama, malaammaltumma jala darbuu hin dandeenye.

Bara mootummaa Israa'elii fi Yihuudaa hundumaa, deebii Waaqayyoo keessaa inni tokko rajota ergee sabaa fi geggeessitoota gara itti gaafatama Waaqayyo isaanitti kenneetti yaadachiifamanii hawaasicha keessatti warra dagataman akka yaadataman gochuu ture. Barreeffama rajota Ibrootaa sana keessatti, namoonni qajeeltootti hawaasa keessatti qajeelummaa akka godhaniif itti fufiinsaan irra

Barumsa Sanbataa Gaessota

deddeebi'ee waamicha godha. Israa'elotaa fi geggeessitoota isaanii amanamoo hin taane dura dhaabachuudhaan raajonni idileedhu-maan warra sagalee hin qabneef sagalee ariitii ta'anii dubbachaa turan, addumaan immoo fedhii Waaqaa duukaa bu'uurratti dadhabina Israa'eliin warra miidhamaniif afaan ta'an.

Fedhiidhuma Raajota kakuu moofaa irratti yaada kennuudhaan, Abrihaam Jooshu'a Hasqeel waamicha ariifachiisaa isaan qabaatanii fi dhiba'u ummaa keenya wal bira qaba. "Wanti raajota yaaddessedurii sun har'ayyuu guyyuma guyyaan lafa gubbaatti ta'a. ... Hamma hargansuu dhaabanitti jal'inaaf obsa dhabuun isaanii of nu wallaal-chisa ture. Nuyi mataan keenya jal'ina, dheekkamsa jal'ina irratti ta'u itti fufinsaan ta'u in dubbanna. Raajotaaf jal'inni xixiqqaan illee sochii guutummaa addunyaa xuquudha." the Prophets (New York: Jiwishi publication of Soceity of America, 1962), 3,4.

Waan raajonni nutti mul'isan kun waan garaa fi yaada Waaqayyo keessa jiruu dha. Gama Waaqayyoon ta'anii dubbachuuudhaan, miidhaa fi jal'ina biyya lafaa keessa jiru akka arginu gochuu danda'u, kunis ija Waaqayyo isa imimmaaniin guutuudha. Miirri kun garuu, gara gochaatti nu waama waaqayyo wajjin hojennee, warra naanno keenyaa miidhamaa fi gaddaa jiraniif qoricha ta'uu dandeenya. Akkamitti dha kan nuyi yeroo tokko tokko karaa nuunis warra kaan-is miidhuun "akka saba warra kaanii" ta'uu barbaadnu?

Wixata

Ado.29

Amos

"Amos immoo deebisee Amaasiyaadhaan, "Ani horii nan horsiisa, harbuus dhaabee nan guddisa malee, hojiin koo raajii dubbachuu miti, sanyiin koos raajii hin dubbanne. Waaqayyo garuu horii ani tiks u biraan na fudhatee, 'Dhaqii saba koo Israa'elitti raajii dubbahu!' naan jedhe." Amo.7:14, 15

Amos raajii ta'uuf ga'aa akka hin taane rakkina isaa himuuf ifaa ture; garuu ergaa isaa yommuu saba Israa'eliif dhi'eesse dandeetti

Barumsa Sanbataa Gaessota

hubatamaa argisiisuudhaan, dhaggeeffattoota gara waan itti himuu yaadeetti deebise. Yaada beekamaadhaan jalqabee, saba naan-noo sana jiran hundumaa caqasee, Filiyaa, Filisxiyaa, Foneshiyaa, Amoon, Mo'aab gad fageenya cubbuu isaanii wajjin dheekkamsaa fi badiisa cimaa Waaqayyo ittiin isaaniin adabu (Amos.1:3 - 2:3) dubbate. Yeroo badiisaa diinota isaanii kana dhaga'an harka walitti rukutanii gammaduu warra Israa'eliin tilmaamuun salphaadha, kees-suuma yakki saboota kanaa olitti caqafamanii yakkuma Israa'eloota irratti raawwatan waan ta'eef gammaduu hin oolle.

Isa booda Amos xinnoo gara biyyaatti yaadaan siqee, firdii Waaqayyo Yihuudaa fira Israa'el kibbaa amma kan addaan baate irratti dhufu dubbate. Gama Waaqayyoon goree dubbachuudhaan, Amos Waaqayyoon diduu isaanii dubbate; abboommii isaaf abboomamuu diduu isaanii fi waan kanaaf adabbiin Waaqayyoo akka isaanitti dhufu itti hime (Amos.2:4,5). Ammas saboonni warri karaa kaabaas yommuu Amos waa'ee warra ollaa isaanii kana dogoggora isaanii dubbatu harka walitti rukutuu hin oolle.

Garuu Amos ammas gara dhaggeeffattoota isatti garagale. Kan hafe kutaan macaafa kanaa jal'ina, waaqa nam tolchee waaqessuu, dhugaa jal'isuu fi fuula Waaqayyoo duratti ammumaa fi amma kufuu Israa'eliin irratti kan xiyyeeffatuu dha.

Amos 3:9-11, 4:1,2; 5:10-15 fi 8:4-6 dubbisi. Cubbuu maaliitiif akeekkachiisaa jiraa?

Amos nama haasaa baay'ee danda'u kan hin taane yommuu ta'u, akeekkachiisi isaa du'aa fi badiisa, ergaan isaa waamicha gara Waaqayyootti deebi'uu of keessaa qaba. Kun immoo qajeelummaatti deebi'anii hiyyeessota isaaniin gidduu jiraaniif eeggannaa gochuu of keessaa qaba ture. "Qooda kanaa bulchi qajeelaan akka bishaaniitti,

Barumsa Sanbataa Gaessota

qajeelummaanis akka laga yeroo hundumaa yaa'uutti haa burqu!"
Amos 5:24

Raajii Amos keessaa heertuun warri dhumaa gara fuula duraatti sabni Waaqayyoo deebifamanii jiraachuudha (Amos 9:11-15). "Yeroo isaan Waaqayyo irraa baay'ee fagatanii fedhii guddaa keessa galanitti, ergaan Waaqayyo isaaniif qaba ture dhiifamaa fi abdii ture." EGW, PK, 283.

Dogoggora sirreessuuf yeroon nuyi sagalee guddaan dubbannu jiraa? Dubbiin akkasii sirrii ta'uu fi dhiisuu isaa akkamittiin addaan baafanna?

Kibxata

Ado.30

Miikiyaas

"Inni wanta gaarii ta'e sitti himeera. Yaa namaa! Wanta qajeelaa ta'ee fudhatame hojjechuu, gaarummaa jaallachu, gad of deebiftrees waaqayyo kee wajjin deddeebi'uu malee, gooftichi maal si irraa barbaada ree?" Mik.6:8.

Karaan ati ammuma iyuu dubbii kanaan jiraachuu dandeessu maal fa'ii?

Mik.6:8 kun tarii heertuu macaafaa baay'ee beekamoo keessa isa tokko. Garuu, akkuma heertuu warra dhaadhannoo 'poster/barreeffama xixiqqaa' godhannu baay'ee, tarii immoo hamma beekna jennu gadi isaan beekna ta'a.

Mik.2:8-11 fi 3:8-12 dubbisi. Waan sabni sun hojjetanii Miikiyaas dheekkamu maaliidha?

Barumsa Sanbataa Gaessota

Akka mootummaa Yihuudaatti barri mooticha Ahaz mo'e, sabni Waaqayyo seenaa fi jirenya hafuuraa keessatti gadi siquu haaraa ar-
gan. Waaqa tolfamaa Waaqessuunii fi shaakkalli isaa wajjin wal qa-
batee jiru in baay'ate. Akkasumas, akka Raajonni yeroo Sanaa warri
kaan hubatan, hiyyessonni saamamuu ittuma fufan, akka bineensa
nyaatamee kukkutataman.

Miikiyas badiisa dhufaa jiru himuutti raajota bara isaa keessa turan-
nii gadi miti. Garri caalaan kitaaba isaa warri boqonnaa sadii duraa,
hammina sabni sun hojjete irratti aarii fi gadda Waaqayyo kan ibsa-
niif sababii kanaa badiisa dhufaa jiru kan himan turan.

Garuu Waaqayyo saba isaaf abdii hin kutatu, sagaleen caraananii
iyyuun, ergaan ciccimaan, mallattoo Waaqayyo isa inni itti fufin-
saan saba isaaf qabu kan argisiisanii dha. Akekkachisa isaaniif ken-
nuun isaas jaalalaa fi eeggannaalaa inni isaaaniif qabu kan argisiisu
dha. Inni bara baraan akka aaretti hin turu (Mik.7:18-20).

Kan akkasii qabiyyee formulaa /akkaataa/ beekamaa ta'eetti: wan-
ta qajeelaa ta'ee fudhatame hojjechuu—gaarummaa jaallachuu—
waaqayyoon duratti gadi of deebisanii jiraachuu. Salphaa fakkaatee
dhaga'amuu danda'a ta'a, garuu qabatamaan amantiin akkasii jira-
chuun, keessummaa hawwaasaa karaa irraa kaate keessatti ulfaataad-
ha.

Kaan kaan jal'ina irraa kan fayyadaman yommuu ta'u, isaan akka-
sii gaarummaa fi oftuulummaan adeemu, qajeelummaa hojjechuu fi
gaarummaa jaallachuun gad of deebisanii jiraachuun jabinaa fi ob-
suu gaafata. Garuu, kana qobaa hin goonu; yommuu akkasitti hojj-
ennu, Waaqayyo wajjin adeemna.

Waan qajeelaa ta'ee fudhatame hojjechuu—gaarummaa jaalla-
chuu—waaqayyoon duratti gadi of deebisanii jiraachuu gidduu
hidhaa maaliitu jiraa?

Hisqi'el

Garee amantootaa tokko utuu waa'ee "cubbuu Soodoom" gaafan-nee baay'een cubbuu halalummaa fi cubbuutti kufuu tokko tokku dubbatu ta'a. haa ta'u malee, Uma.19:1-13 badiisaaf bilchaachuu caalaatti hawwaasa dhukkubsaaf manca'aa mul'isa.

Kan nama dhibu garuu, deebiin isaa sana caalaatti wal xaxaa dha. Mee akka Hisqi'el itti ibsu hubadhuu ilaali. "Kunoo, yakki Sodoom obboleettii keetii, akka kanatti fufee jiru ture, isheenii fi intaloonni ishee of koorsan; utuma nyaati isaan irraa hafuu, isaan-itti tolees gabiitti utuma jiraatanii, isa rakkataadhaa fi deegaa hin gargaarre." His.16:49. Cubbuu magaalaa sana keessa jiru irra Waaqayyo ija hin dabarsu yoo ta'e iyyuu, asitti xiyyeffannoон Hisqi'el, miidhaa dinagdee fi ilaalcha dhabuu warra rakkatooti. Cubbuun miidhama dinagdee kun ija Waaqayyoo biratti akkuma halalummaatti ilaalamaa laataa?

Gara bara Amosin boodaatti yommuu dhufu, waa'ee badiisa dhufaa jiruu Miikiyaas, Isaayaas, Hisqi'el haaluma wal fakkaatuun dursanii himan. Garuu, erga Yerusaalem Baabiloniin harkatti kuftee, namoonnis booji'amani, xiyyeffannoон Hisqi'el gara abdii deebisee isaaniin galchuu irratti ta'e.

His.34:2-4, 7-16 dubbisi. Eegdota Israa'el warra malaammaltummaan manca'anii fi tika ofii isaa yommuu inni wal bira qabu ilaa-li. Akkaataan isaan hoolaa isa dadhabaa eegan tooftaa isa Gooftaa wajjin akkamittiin wal bira qabama?

Akkuma gadhummaa isaan keessa turanii, Sodoomiin bira qabamanii ilaalamantuun, cubbuu irraa isaaniin deebisudhaaf Waaqayyo ammayyuu hiixataa jira isaaniin qaqqabuuf. Kaayyoo haaraa

Waaqayyo saba isaaf qabu keessatti isaan gara biyya isaaniitti deebi'uuf jiru, Yerusaalem deebitee in ijaaramti, manni qulqul-lummaa deebifamee in ijaarama. Ayyaanonne sun deebifamanii in ayyaaneffamu, laftis deebitee akka hundumaafuu dhaala taateetti wal qixxee in qoodamti. (Hisq.47:13-48:29). Yaadni Waaqayyo saba isaaf qabu, dura Museetti kan kennamee ture, ammas saba Israa'elitti erga misirii baafamanii kan kennamee ture, ammas biyya boojuutii deebi'uu saba isaa irratti irra deebi'ama. Kunis yaa-da inni hawwaasicha keessatti warra dadhaboof qabu of keessatti hammata, warra ormoota jedhamanii yaadamaniijis jechuu dha. Waaqayyo keenya Waaqa carraa lammaffaa kenu ta'uun anaaf siif hammam dhimma baasa? Sana caalaa iyuu—saba isaa warra carraa lammaffaan kennameefii fayyadamuu dhiisaniifuu kennu-un hammam barbaachissadha?

Kamisa

Hag.1

Isaayaas

Isa.1:15-23, 3:13-15, 5:7,8 dubbisi. Waan haawwaasa naanoo isaa irratti argeef wanta raajichi jedhe akkamittiin ibsitaa?

Lallabni saaqinsaa Isaayaas, boqonnaan jalqabaa shanan, ceephoo badiisaa isa sabni Waaqayyo ta'aniidha. Waqayyoon diduu isaaniitiif akeekkachiisee, didanii dogoggora itti fufan, achiimmoo yoo isaan deebi'an karaa isaan jirenya isaanii haaref-fatan abdii Waaqayyoo isaanitti hime. Tarii miirri cimaan dubbii isaa keessaan dhufe miira gaddaa ta'uu danda'a ta'a. Beekumsa Waaqayyo eenyu akka ta'ee fi waan inni saba isaaf yaadu irratti hundaa'ee, raajichi waan badeef, kan irraanfataman namoota lakkoobsi isaanii hammana hin jedhamneef, warra miidhamaniif akkasumallee firdii saba irratti dhufuuf jiruuf in boo'e.

Isaayaas akkataa barsiisa mataa isaa isa tajaajila raajummaa isaa keessatti dhimma ba'u fayyadamuu itti fufe. Waan waaqayyo isaaniif godhe yaadachiisuuuf isaaniin kakaase. Abdii waan Waaqayyo isaaniif gochuu yaaduus saba sanatti dubbate. Akka isaan yommuus Waaqayyoon barbaaddataniif ture. Hariiroon haaraan boodaa kun dogoggora amma gochaa jiraniif yaada garaa jijiirachuu, akkasumas akkataa itti namootaa wajjin jiraachaa turan/miidhaa/ jijiiruu kan of keessaa qabuudha.

Boqonnaa 58 fi 59 keessatti immoo, Isaayaas kallattii dhumaan gara qajeelummaatti deebi'e. Ammas hawwaasa sana akka uum-mata warra "Kanaafis qajeelummaanii fi firdii qajeelaa kenuun nu irraa in fageeffame, dhugaan yaa'ii guddaa keessatti karaa irraa in jal'ifamte, gara-qajeelinis achi keessatti argamuu in dadhabee" (Isa.59:14)tti ibsa. Waaqayyo kana hundumaa akka beekuuf saba isaa akka achi keessaa baasu in dubbata. "Inni furu, gara Xiyoona, sanyii Yaaqoob keessaa gara warra irra-daddarbaa isaaniittii deebi'anii in dhufa" jedhe; Waaqayyo kana dubbateera." Isa.59:20

Guutummaa macaafa Isaayaas keessatti, xiyyeefannoo raajichaa keessaa inni caalaa barbaachisaan, waa'ee dhufaatii Masihiichaati. Inni isa dhuma iraatti mo'icha Waaqayyoo lafa gubbaatti dhaabuu fi qajeelummaa, gaarummaa, fayyina fi deebifamuu lafa gubbaatti fiduudha.

Isa.9:6, 7; 11:1-5; 42:1-7; 53:4-6 dubbisi. Jirenya tajaajilaa fi du'a Yesuusiin raajiin kun akkamitiin wal fudhata? Kaayyoon dhufaatii isaa gara biyya lafaa kun maaliidha jedhaa raajichi?

Jimaata

Hag.2

Yaada dabalataa: “the Asiriyen captivity” PP 279-299, “the call of Isaiah” patriarches and kings irraa 303-310 dubbisi.

“Ammas, cunqursaan hubatamaanii fi miidhaan hadhaa’aan, jireenyi keessa ba’aan hin barbaachifnee fi humnaa ol maallaqa faayyadamuun, ayyaaneffannoonaan qaaniin guute fi machiin, halalummaa fi albaadhumaan bara isaanii irratti raajonni sagalee isaanii ol fuudhanii iyyi isaanii akkasuman ta’e, cubbuu ifachuun isaanis ofuumaati” EGW, PK. 282.

Isaayaasiif, haala namootaa yommuu inni bakkeen ilaalu waan humna isa buusu ture. Fedhii waa argachuu isaanii keessa, namoonni mana irratti mana, maasii irratti maasii dabalaad aadeeman.... Qajeelummaan jal’atee hiyyeessaaf garaa laafuuun hin turre... bulchitooni magaalattii illee, jiruun isaanii hiyyeessota golguu kan ture, boo’icha hiyyeesota, gursummootaa fi deegaatti gurra duudaa itti qaban...

Haala akkasii keessatti gara dhuma mo’icha Uziyaatti, Isaayaas ergaa akeekkachiisaa fi adabbii isa Waaqayyo akka itti himuuf Yihuudaatti waamamanii fi inni itti-gaafatama sana jalaa diduun nama hin dhibu. Inni akka isaan ergaa isaa hin fudhanne beekeerahoo.” 306,307

“Inni hubatamaan dubbiin raajotaa... akka dubbi Waaqayyoo lubbuu nama hundumaa kennemeetti fudhachuu qabna. Carraa gochaa garraamummaa gochuu dhabuu hin qabnu. Cimsinee itti yaaduu fi gara-laafina Kristaanummaa lubbuu ba’aan itti ulfaatee dhiphatteef haa yaadnu.”327

Gaaffilee maree:

- 1.Yeroo baay'ee nuyi raajiin waanuma gara fuula duraa arga jennee yaadna. Raajii bara kakuu moofaa beekuun akkamittiin Bara isaanii keessatti waan ta'u irratti xiyyeefachuun isaanii, hubannaaj rajiif ati qabdu akkamittiin jijiira?
- 2.Jireenyii fi ergaan raajotaa, dhugaaf dhaabachuu hammam cimaa fi balaafamaa akka ta'e argisiisa. Waan godhan maa-liif akka godhanii fi waan jedhan maaliif akka jedhan maaf godhan jettee amanta?
- 3.Barreeffama raajii keessti, Waaqayyo aarii fi yaada gadi fagoo saba isaaf qabu, waliin waan jijiiru fakkaata. Amala Waaqayyo kana lamaan akkamittiin walitti qabsiifta?

Cuunfaa: Raajonni bara kakuu moofaa miira cimaa keessa kan galaniif kan aaran, kan gaddan, akkasittiin karaa fi fedhii Waaqayyotti kan namoota ittisan turan. Yaada Waaqayyoo isa cimaa akkasittiin ibsuudhaan, miirri isaan keessa galan kun dhimma hiyyeessotaa fi namoota midhamoo kan of keessatti qabaatuudha. Waamichi raajoti gara Waaqayyotti deebi'uuf godhan kun, jal'inatti xumura gochuu yommuu of keessaa qabaatu, wanti Waaqayyo mul'aticha keessatti abdachiise saba isaatii gara fuula du-raatti jirenya kan isaan keessa jiran irra caaluudha.

Barumsa 6ffaa

Hag.3-9

Isa Uumaa Ta'e Sana Waaqessi

Barumsa Torban kanaaf dubbifadhu: Far.115:1-8; Kes.10:17-22; Far.101:1; Isa.1:10-17; Isa.58; Mar.12:38-40.

Heertuu Yaadannoo: “Soomiin ani fo’adhe warra firdii jal’aadhaan hidhaman hiikuu, hudhaa waanjoo ittii furuu, warra cunqurfaman luba baasuu, waanjoo hundumaas isaan irraa caccabsuu mitii ree? Buddeena keessan warra beela’aniif, hiyyeessa olii fi gad jooruuf iddo bultii kennuu, isa qullaa ta’e yommuu argitan daara baasuu, warra aantii keessan ta’anitti dugda gatuu dhiisuu mitii ree?” Isa.58:6, 7

Daddafneedhuma raajii kakuu moofaa kana dubbisuun gar malee qabamuu hiyyeessotaa fi warra miidhamtootaa hammam akka itti qabaamaa turan nu yaadachiisa. Raajonni fi Waaqayyo inni isaan waa’ee isaa dubbatan waan uummata naannoo gidduutti hojjetamu yommuu argan in gaddan (Fakkeenyaaaf Amos 1 fi 2 ilaali). Akksuma immoo gochaa namootumti saba Waaqayyoo jedhaman, warri baay’ee kan ta’e eebba Waaqaa fudhatan, gochaa xuraa’aa isaan godhan irratti miira addaa gadduu isaanii kan ibsus qabu turan. Seenaan isaanii utuu jiruu, seera Waaqayyoos waan qabaniif, sabni kun warra kaan caalaa beekuutu irra ture. Carraa hin taane ta’ee garuu, yeroo hundumaa irra hin oolu waan ta’eef raajjichi waan isa aarse baay’ee dubbachuu barbaachise.

Himoonni barbaachisoon waa’ee qajeelummaa fi jallinaa dubbatan kakuu moofaa keessaa, haala barumsa Waaqeffannaa keessaan kenamuun nama dhiba. Akkuma arguuf jirru, waaqeffannaa dhugaan

waan yeroo sirna waaqeffanna keessa dabarru waan ta'u qubaa miti. Waaqeffaannaa dhugaan yaada Waaqayyoo isanni nageenya warra kan biraaf yaadu kan hirmaatu fi warra dhidhiitamanii fi ir-raanfataman kan ol kaasuu barbaaduu dha.

*barumsa Torban kanaa dubbisiitii sanbata Hag.10f qophaa'i.

Jalqaba Torbanii

Hag.4

Waaqa tolfamaa Waaqessuu fi Cunqursaa

Waaqayyo akkuma warra Israa'eliin Misirii baaseen gaara Siinaa irratti isaaniin quunnamee abboommii kurnan barreeffamaan ken-neefii, abboommiin jalqabaa lamaan inni duraa waaqota biraa akka hin waaqesine, waaqa nam-tolchee akka hin qabaanne (Bau, 20:2-6). Deebiin namootaa waan Waaqayyo jedheef akka abboomamanii fi akka saba isaatti jiraachuu ture (Bau.24:1-13).

Garuu museen gara torban ja'aa yommuu gaara Siinaa gubbaa ture namoonni Musee kana maaltu qabate jedhanii yaaduu jalqaban. Dhiibbaa namootaa irraan kan ka'e Aroon warqee irraa fakkeeny jaabbi hojjetee akka isaan isaaaf aarsaa dhi'eessan godhe. "Borumtaa isaa ganama obboroodhaan ka'anii aarsaa gubamu aarsanii, aarsaa araaraas in dhi'eessan; namoonni sun nyaataa fi dhugaatiitti gad taa'anii, gar-malee sirbuufis in ka'an." Bau 32:6. Hammam namoonni ariitiidhaan Waaqayyo isa dhugaa irraa garagalani waaqa tolfamaa waaqessuu isaanii irratti Museenis Waaqayyos in gaddan, dha'icha isaaniif malu irraa kan isaaniin oolche gidduu seenuu Musee fakkaata. (Bau.32:30-34).

Waaqa tolfamaa waaqessuun yeroo hundumaa kan isaaniin qoru ture. Seenaan mootummaa Israa'eli fi Yihuudaa waaqa tolfamaa Waaqessuun xumurame innis Waaqayyoon kan dheekkamsiise, kan mootonni akka waaqa tolfamaaf sagadaniif kan itti ergan yeroo hamaa ture. Yeroon amntii dhabuu akkasii raajota Waaqayyo akka

Barumsa Sanbataa Gaessota

isaan deebi'aniif itti ergeef, xiyyeeffannoo irra deddeebi'amu ta'e. yeroo baay'ee waamicha haara'umsaa fi dadammaqinaa keessatti illee, waamicha hiyyeessota fi gargaarsa dhabeeyyii akka ta'utti qabtu ture.

Far.115:1-8 dubbisi. Bareessaan kutaa kanaa qabxii murteessaa ak-kamii kaasaa jira?

Waan waaqessinuu fi namoota itti xiyyeeffannu fakkaachuu yaaluun amaluma nameenyaa ti. Kanaaf iyyuu Waaqayyoon Waaqa qa-jelummaa dhiisanii waqaqaa dharaa duukaa yommuu bu'an, yaadin qajeelummaa fi namaaf yaaduun dhaamaa adeemuun waanuma jiruu dha. Waaqonni tolfamoon haala waaraanaa fi ormaataan kan of ilaan turan. Yommuu waaqota biraa filatan, namoonni ilaalcha isaanii karaa baay'ee geddaru, kunimmoo akkamitti akka warra kaanii wajjin jiraatan dabalaeti. Utuu Waaqayyoof amanamoo ta'aniiru ta'e, waan inni namootaaf yaadu isaanis hirmaatanii warra isaan gidduu jiraniif yaadu turan.

Yaada isa waan waaqessinu fakkaanna jedhu irratti xiyyeeffadhu. Qajeelfama akkasii kana amma akkamittiin mul'atee arginaa?

Wixata

Hag.5

Sababii Waaqeffachuu

Guutummaa macaafa qulqulluu keessatti, sabni Waaqayyo Waaqayyoon waaqeffachuutu itti himama; sababii isa Waaqeffachuuus irra deddeebi'amee himama. Sababiin isa waaqeffannuuf sababa eenyummaa isaa ti, waan inni qabuuf, akkasumas sababa amaloota isaa warra baay'ee ti. Isaan keessaas gaarummaa isaa, qajeelummaa fi garraamummaa isaa faa. Waan Waaqayyo fakkatu, waan inni nuuf godhe(keessummaa fannoo krstos irrattii), waan inni nuuf gochuuf nu abdachiise, yommuu yaadachiifamnu, eenu keenya illee sababii Waaqayyoon Waaqeffannuu fi isa galateeffannuuf hin dhabnu.

Barumsa Sanbataa Gaessota

Ked.10:17-22; Far.101:1; 146:5-10; Isa.5:16; 61:11 dubbisi. Heertuwan kana keessatti akka Waaqayyoon Waaqessinuu fi galateeffannuuf wantoonni nu kakaasan maal fa'a?

Sababiin Waaqeffannaakkaasii kun saba Waaqayyootti haaraa hita'u. Yeroon waaqeffannaadinqisiisaa fi fedhii guutuun ta'e Israa'eloota reefuu bilisomaniin ta'e sun deebii isa Waaqayyo karaa hubatamaa ta'een gama isaaniin gidduu seenee hojjetee ture. Fakkeenyaaaf, misirii ba'anii galaana diimaa ergaa ce'anii Museedhaa fi Miriyaam sab asana farfachhisuuf dura bu'an. Waan yommusuma arganiif ittiin galateeffachuuf ture. Bau.15.

Tollii fi garraamummaan Waaqayyoo, yeroo kana kan mul'atan tasuma iyyuu hin irraanfataman. Irra deddeebi'anii saboonti sun seenaa kana waan haareessaniif, gochaa fi qajeelummaan Waaqayyoo, waan Waaqeffannaaf isaaniin kakaasu ta'ee barootaa fi dhaloota sana boodaa hundumaafuu itti fufe. Irra deddeebi'anii dubbachuu fi waaqef-fachuun keessaa inni tokko Ked.10:17-22 barreeffamee jira.

Qajeelummaan Waaqayyoo, jalqaba, qaama inni eenyu akka ta'ee ti kun immoo bu'aa /qaama/ giddu-galeessa amala isaa kan ta'ee dha. "Eyyee, dhuguma Waaqayyo jal'inaan hin hojjetu, inni hundumaa danda'u dhugaa hin jal'isu."Iyo.34:12. Waaqayyo qajeelaa waan ta'eef qajeelummaan isa yaachisa. Sun egaan sababa nuyi isa waaqessinuuuf isa galateeffannuu dha.

Lammaaan, qajeelummaan Waaqayyoo kan mul'atu hojii tolaa fi qajeelummaa inni gama saba isaa ta'ee hojjetuun fi agama warra hiyyeessaa fi miidhamtootaa goree hojjetuun. Qajeelummaan isaa amalumaa isaa waan salphaatti ibsuuf dubbatamu miti. Akkas utuu hin taane macaafni qulqulluun kan ibsu "Boo'ichi warra hiyyeessaa gara isaa akka dhaqu in godhan, innis boo'icha warra rakkatoo in

dhaga'e." Iyo.34:28 akkasumas immoo doggora biyya lafaa keessatti mul'atu sirreessuu hojjetaadhaa fi fedhii guddaa kan qabuu dha inni. Gara dhumaatti, kun guutumMati firdii Waaqayyoo isa dhumaa fi lammata biyya lafaa uumuu isaa keessatti in hubatama.

Israa'eloonni bara duriisababa Waaqeffataniif ergaa qabaatanii, nyui hamma haa qabaannuree? Fannoobooddee, nuyi isa galateeffachhuf sababa gahaa akkamii qabnaa?

Kibxata

Hag.6

Cunqursitoota Amantii

Yommusuma iyyuu waaqeffannaan isaanii waaqaota tlfamoo fi amantiin namoota naannoo isaanii kan keessa guute ta'ullee, bara mootummaa Israa Isaraa'el fi Yihuudaa isa gaarii dha jedhamu keessa, namoonni gara mana qulqullummaatti deebi'anii Waaqayyoon Waaqeffachuu jalqabanii turan. Akka raajonni jedhanitti jireenya isaanii guyyaa guyyaatti biyya sanatti godhan keessaa isaaniin baasuuf dhama'iinsi amantii isaanii guddaa akka hin taane argisiisa. Namoota amantii ta'uuf, karaa qulqullina waaqeffannaanisaanii ham-mam dhama'an illee, muuziqaan faarfannaanisaanii boo'icha hiyy-eessotaa fi cunqurfamootaa aguuguu hin dandeenye. Amos namoota bara isaa, "Isin yaa namoota warra dhaban dhidhiittanii, warra gad qabamoos balleessitanii, mee kana dhaga'aa!" (Amos 8:4) jechuud-haan ibsa. Sirna qulqullinaatiin dafanii of qulleessanii dhaqanii ammas bakka nagada isaanii bananii "Silaa ungulaallii midhaanii in gurgurra; warra dadhaboo meetiidhaan, warra dhabanis gatii kophee baaqqee cimdiitokko irra jiruun in binna" akka fedhan argeera. (Amo.8:6).

Isa.1:1-17, Amo.5:21-24 fi Mik.6:6-8 dubbisi. Waa'ee sirna qul-qullinaa Gooftaan namoota kanatti maal dubbachaa ture?

Karaa raajota isaa, waaqeffanna fi amantii isaanii isa warra kaan irraa cite, kara biraa immoo isaanii cunqurasaa fi rakkisaa jiru in tuffate (Amo.5:21-24). Waaqayyo “jibbee”, “tuffatee” waluma galatti waaqeffanna isaanii akka ciingga’e dubbata. Walitti qabamuun isaanii “anatti in ajaa’e” kennaa fi muziqaan isaanii kan waa’e hin baafne ta’e.

Mik.6 akka dhimma sirriitti Waaqeffachuu dhabuu isaanii itti fu-fiinsaan itti isaanitti gayifame; itti qoosuu raajii sana keessatti akka Waaqayyo faara itti tolee cubbuu isaanii dhiisuuf jecha, kennaan gubatu, korbeeyyiin gara kumaatamaatti ol baayyachuun, lageetiin dhadhaa ejersaa kuma kudhan ta’uun (Mik.6:7), ilma angafa akka aarsaatti dhi’eessuu faatti akka guddate argisiisa.

Dhuma irratti, wanti Waaqayyo isaan irraa barbaadu “Wanta qajeelaa ta’ee fudhatame hojjechuu, gaarummaa jaallachuu, gad of deebiftees Waaqayyo kee wajjin deddeebi’uu malee”(6:8), dha.

Caalaatti dhimma sirna qulqullina amantiitti qabamtee, dogoggora warra naannoo kee jiran gargaaruu dhabuu keessatti of ilaaltee beek-taa? Shaakala sana irraa maal baratte?

Roobii

Hag.8

Karaa Gara Waaqeffannaatti Geessu

Ibsa hariiroo waaqeffanna fi qajeelummaa gidduu jiru keessatti, raajjichi kan itti jajjabeessu tarkaanfin biraas tureere: innis hojiin kan argisiifamu, hiyyeessotaa fi miidhamtootaaf yaaduu akkasumas warra rakkina qaban gargaaruun iyyuu qaama Waaqeffanna keessa tokko ta’uu isaa ti. Isaayaas 58 boqonnaa kana ifa godhu isa tokkoo dha.

Isa.58 dubbisi. Waaqayyoo fi saba isaa gidduutti dogoggorri ta’ee gara jalqaba boqonnichaatti ibsame maalii dha?

Barumsa Sanbataa Gaessota

Kanaan dura akkuma ilaalle, komeen kun namoota ciminaan waaqessani irattii dha. waan cimsanii Waaqayyoon barbaaddatan fakkaatu, garuu wanti mul'ataa jiru dubbicha akka hin hojjennee dha. Kanaafuu Waaqayyo akkaataa waaqeffannaa isaanii akka jijiirani karaa biraan Waaqayyoof hojjechuu akka yaalan itti dubbata. Akka isaan itti waaqeffatan utuu isatu filaaf ta'ee silaa "Soomiin ani fo'adhe warra firdii jal'aadhaan hidhaman hiikuu, hudhaa waanjoo ittii furuu, warra cunqurfaman luba baasuu, waanjoo hundumaas isaan irraa cac-cabsuu mitii ree? (Isa.58:6) ta'a ture. Warra beela'an nyaachisanii, warra mana hin qabnee iddo boqonnaa kennanii warra rakkatan gargaaru turan.

Hojiin akkasii akka tokkicha karaa waaqeffannaa ta'etti dhi'aachuu qofa utuu hin ta'in, akka kanatti akka waaqeffannu Waaqayyo kan nu jajjabeessuu fi akkaataa waaqeffannaa namoota warra gara caalaakka aadaatti isa waaqessaniif kan filatamee dha. Akkasittiin, waaqeffannaan keessa keenyatti eebba nuuf kennuu qofaa utuu hin ta'I warra nu naanna'anii Waaqayyoon waaqeffataniifis eebba ta'uun in barbaachisa. "inni dhugaan kaayyoon amantii dhaa, namoota ba'aa cubbuu jalaa baasuu dha; cunqursaa fi obsa waliif dhabuu dhabamsiisuudhaan, qajeelummaa, bilisummaa fi nageenya beeksisu dha." SDA Bible Commentary,v4, 306

Isa.58:8-12 keessatti haala akkasii kana keessaan waaqessuu irattieebba akka kennu Waaqayyo abdachiiseera. Karaa kan biraan, sabni Waaqayyo ofii isaanii irattii xiyyefachuu yoo dhiisan Waaqayyo utuu isaanii wajjin hojjetee fayyinnaa fi bakkatti deebifamuu karaa isaanii hojjechuuf akka jiru in argu turan jechuu dha.

Haala nama dhibuun, boqonnaan kunis waaqeffannaa akkasii "sanbata eeguu isa gammachuun guutee wajjin walitti qabsiisa. Tajaajilaa fi sanbata gidduu kan jiru hidhata cimaa ta'e kanaan dura ilaalleerra; waamicha kana keessatti garuu hertuun kun hojji kana lamaan, na-

moonni amantii isaaniitti humna gochuun eebbaa Waaqayyo akka arganiifii dha. Heertuu kana irratti yommuu yaada kennitu, Ellen G.White, “warra Sanbata Waaqayyoo eegan irratti, dirqamni hojii gara-laafinaa fi arjummaa gochuutu irra jira” Welfare Ministry, 121

Kamisa

Hag. 8

Gara Laafinaa fi Amanamummaa

Yesus geggeessitoota amantii warra bara isaa keessa isa “cubba-mootaa wajjin nyaachuu isaaf” isa ceepha’aa turaniin yommuu gaafatame, gara macaafa isaanii Hosee’itti deebi’anii “Ani jaalala nan barbaada malee, aarsaa miti; aarsaa gubamu caalaa immoo ana Waaqayyoon beekuu keessan nan barbaada fi (Mat. 9:13, Hos.6:6) keessaa fuudhee maal jechuu akka ta’e ilaalaajedhe.

Akkuma ilaaluuf jennu, Yesus jirenya namaaf eegumsa guchuu fi nama tajaajiluu jiraate. Namoota kaanii wajjin walitti siqeenyi isaa, dinqiin fayyisuu isaa, akkasumas fakkeenyi isaa baay’inaan jirenyi akkasittiin jiiratamu karaa Waaqeffannaa isa gaarii kan ittiin argisiisan ta’uu mul’isa. Geggeessitoonni amntii warra isa ceepha’an ta’anii ceephoo isa hunduma irra hammaatutti ba’an. Akkuma namoota amntii bara Isaayaas, sababii gochaalee sirna amantii isaanii Waaqayyoof waan jiraatan itti fakkaatee ture; garuu hiyyeessota cunqursaa akkasuma immoo warra rakkatan dagachaa jirenya amantii waan jiraatan itti fakkaachaa ture. Waaqeffannaan isaanii hojii isaanii biratti kan karaa irraa kaate ta’ee, Yesus ofutulummaa akkasii balaaleffachuuf of hin qusanne.

Mar.12:38-40 dubbisi. Yesus “bultoo haadha hiyyeessaa” irratti yaadni inni kenne toora irraa kaachuu isaati? Warri kun maaliif badiisa caalu akka fudhatan akkamittiin ibsitaa?

Tarii lallaba Yesus keessaa caalaa sodaachisaan, keessumaa geggeessitoota amantiif, Mat.23 keessatti argatte. Yesus geggeessitoota

Barumsa Sanbataa Gaessota

amantii kana namoota rakkatoo gargaaruu dhiisuu isaanii qofaa utuu hin ta'in, ba'aa akka isaanitti dabalanitti ibse (bultoo haadha hiyy-eessaa fixuu). Gochaa isaanii kanaan, waan gochuun irra ture immoo gochuu dhiisuu isaaniitiin, eegumsa isaaniif gochuu dadhabuudhaan Mat.23:13 "balbala mootummaa waaqaa namootatti cuftan" jechaa jira.

Garuu raajii jaarraa tokkuun dura ture maqaa dha'uudhaan, qaawa-wa shaakala amntii isaanii fi jallina isaan hoijetanii fayyadaman gidduu jiru dubbate. "Barsiisota seeraa fi Fariisota of hin arginee nana, isiniif wayyoo! Baala kefoo, inchilaala, ija dimbilaalaas kudhan keessaa tokko Waaqayyoof in kennitu; garuu seera Waaqayyoo keessaa isa caalaa barbaachisu kan akka firdii qajeelaa, gara laafina, amanamummaa in dhiiftu. Kudhan keessaa tokko baasuu utuu hin dhiisin, isa kanas immoo raawwachuun isiniif ta'a ture." Mat 23:23. Ggaruu immoo shaakalli amantii fi seera amantii eeguun isaanii dogoggora akka hin taane, garuu bakka akkaataa qabaa nuyi warra rakkataniif qabnuu akka hin buune dubbachuu isaa dafee yaadachisi.

Kiyyoo garagarummaa dhugaa beekuu fi dhugaa qabaachuu gidduu jiru akkamittiin ce'uu dandeenya?

Jimaata

Hag.9

Yaada dabalataa: "Isa.58, ajaja Waaqayyoo" kan jedhu Welfare Ministry 29-34 dubbisi. "Wayyoo fariisotaaf" Desire of Ages irraa 610-620 dubbisi.

"Barbaachisummaa amantii hojiin mul'ifamuutti jabeessuu keessatti, raajichi gorsuma jarraa baay'ee dura dubbatame irra deebi'e... dhalootaa hamma dhalootaatti, gorsi sun garboota Waaqayyootiin namoota warra balaa sirnaaleetti qabamanii araara gochuu didaniif irra deddeebi'amaa ture." EGW, Prophets and Kings, 326, 327

"Saboota keenya Isaayaas 58 fakkeessuudhaaf ajajameera. Boqon-

naa kana eeggannaadhaan dubbisiitii, tajaajilli akkamii akka jireenyaa walootatti galchu ilaali. Hojiin wangeelaa ofiiraa buunee kennuu keenyaa fi hojii keenyaan adeema. Lubbuu dhibamaa jiru gargaarsa barbadu yommuu arginu kennaafii. Warra beela'an yommuu argitan nyaachisaa, inni qulqulluun hojiin gooftaa, karaa tajaajila kristos in hojjetama. Namoonni keenya iddo hundumaa jiraatan itti haa irmaatan.” EGW, Welfare Ministry, 29.

Gaaffilee Maree:

- 1.Hojii gara laafinaa fi qajeelummaa gocha waaqeffannaati jet-tee yaaddee beektaa? Kun namootaaf eeggannaa gochuuf ham-mam si kakaasa? Geddaramni kun waaqeffanna kee akkamit-tiin jijiira?
- 2.Jirenyaa Kristaanummaa keenyaa keessatti, akka dhuunfaat-tis ta'e akka hawwaasaatti, Seera keessaa isa baay'ee barbaa-chisaa akka hin dhiifneef akkamittiin ofi eeggachuu dandeen-ya? Mat.23:23. Jirenyaa keessatti fakkeinya bookee calalanii gaala liqimsuu hubachuu dandeessaa? Mat.23:24
- 3.Of tuulummaan maaliif akka cubbuutti ilaalamia? Waanuma gaarii hojenne fakkaatee nutti argamuun hin wayyuu?
- 4.Mul'ati warra rakkatanii fi hiyyeessotaaf dhimmuu, akka raajiin dubbatame, ilaalcha nuyi lafaaf qabnu akkamittiin jijiira? Utuu gurraa fi ija raajichaa qabaattee oduu naannoo keetii akkamitti dhageessee dubbistaa?

Cuunfaa: Waa'een hojii hin taane biyyicha keessa jiraachu Raajota kan yaachise yommuu ta'u, addumaa jallina warra Waaqayyo waaqa keenya jechaa waaqeffataniin raawwatamu irratti xiyyeffatan. Raajotaafis Yesusifis, miidhaa wajjin waaqeffannaan hin deemu, amantiin akkasiis of tu-ulummaa dha. Waaqeffannaan dhugaan Waaqayyo barbaa-du, cunqursaa irratti hojjechuu fi hiyyeessaa fi rakkatoof gargaarsa gochuu of keessaa qabaata.

Yesusii fi Warra Gargaarsa Barbaadan Sana

Sanabata Waaree Booda:

*Barumsa Torban Kanaaf dubbisi: Luq.1:46-55; 4:16-21; 7:18-23;
Mat.12:15-21; Mat.21:12-16; Mar.11:15-19; Isa.53:5-6*

Heertuu Yaadannoo: “Inni, “Hafuurri gooftichaa ana irra jira, sagalee misraachoo warra gadadamootti himuudhaaf na dibeera; warra booji’amanitti akka gad dhiifaman labsuudhaaf; warra jaamaniif agar-tuu isaanii deebisuudhaaf; warra cunqurfaman luba baasuudhaaf; wagga ayyaana jaalala gooftaa lab-suudhaaf na ergeera” kan jedhu ture.” Luk 4:18-19.

Sababii foona uffachuu isaa keessaa isa tokko kan ta’e, Yesus Waaqayyo maal akka fakkaatu nutti mul’isuuf dhufe. Kana hundumaas barsiisa, aarsaa, jiraanya isaan yommuu ta’u kanas jechuun immoo, namootumatti of dabaluu fi wajjin jiraachuu isaan jechuudha. Baayyinaan gochaan isaa battalumatti jirenya warra kaanii keessatti geddarama qabatamaa umeera.

Amalli Masihiikun raajii kakuu moofatiin, haadhuma Yesusiiniis, akkasumas, yesusmti mataan isaa lallaba isaa isa jalqaba galmeefame (Luq.4) keessatti waa’ee ergama isaa yommuu ibse dursee dubbatameera. Itti dabalees seenaan gochaa Yesus yommuu barreefame jechoota raajii kakuu moofaa dhimma ba’uudhaan ture. Akkaataa kanatti jireenyi yesus Hiyyeesotaaf garaa lafuun isaa akka aadaa raajota durii sanatti kan jiraate ta’uu argisiisa.

Geggeessitoomi amantii garuu Yesusiin akka nama balaafamaatti fudhatan. Fakkeenya miidhaa fi gara jabinnaa isa guddicha keessatti, Yesusiin qabanii ho’a malee jallinaan gar malee qoratanii ballees-

saa malee isa fannisan. Yesusiin keessatti, Waaqayyo dhugaa malee namatti murteessuun maal akka ta'e beekee, du'aa isaa keessatti im-moo, sodaan cubbuu maal akka fakkaatu saxile; du'aa ka'uu isaanis, jirenya, gaarummaa fi fayyinaaf injifate.

*Barumsa torban kanaa qoradhuutii sanbata Hag.17f qophaa'i

Jalqaba Torbanii

Hag.11

Faarfannaam Maariyaam

Haala isaa mee yaadaan qabi: guyyaa muraasa dura Yeroo Maariyaam ergamaa Gebri'el biraa ergaa fudhattu. Haadha yesus akka ta'uuf jirtu itti dubbate, innis ilma Waaqayyo isa guddaa. Eenyuttuu utuu hin himin Elsaabeetiin bira adeemte, fira ishee ishee dhalachuu mucaa dinqii ta'ee eeggattu turte. Utuu Maariyaam waa dubbachuuf carraa hin argatin, hafuura qulqulluun geggeeffamtee mucaa Maariyaam sana beekuu dandeesse. Wali wajjinis abdiif gaarumaa Waaqayyoo jajatan.

Luq.1:46–55. Galata waan isheef ta'ee fi isa isheen akka walii ga-laatti "Waaqayyo inni danda'aan, waan guddaa anaaf godhe; maqaan isaa qulqulluu dha. (Luq.1:49) jette sana yaadaan qabi. Maaliifidha Waaqeffanna keenya fi galati keenya yaada dhuunfaas walii galaas of keessaa qabaachuu kan qabuuf. ?

Kun barreffama kitaaba farfannaam yookiin barreffama raajota Ibrootaatti galuu kan danda'uu dha. Maariyaam gochaa Waaqayyoof galataa fi dinqifannaam addaan kan guutte turte. Waaqayyo jireenyuma ofii ishee keessatti hojjechaa akka jiru beekte; akkasumammoo saba isheefis ta'e guutummaa dhala namaaf sun maal jechuu akka ta'es galeeraaf.

Hubannaan Maariyaam kun humna Waaqayyoo fi galata qabeessa ta'uu isaa beekuu qofa utuu hin ta'in, araara qabeessaa fi warra gadi deebi'oo, warra irra ejjetaman hiyyeessotaaf akka inni yaadu ta'uu isaas beekteerti. Ergamichi oduu gaarii Waa'ee da'um-saa himee, faarfannaa itti aanu utuu isheen hin faarfatin adeeme. "Gooftota ol of qaban teessoo isaanii irraa isaan buuse; warra gad deebi'anis ol isaan kaase. Warra beela'an waan gaariidhaan quubse; sooreessota harka duwwaa isaan gad dhiise." Luq.1:52- 53

Seenaa jalqabaa jirenya Yesuus lafa gubbaa irratti, akka bulchaatti beeksifameera.

(Luq.1:43)—akka bulchaa mootummaa addaatti himame. Akku-ma yaada kennitooni hedduun ibsan, mootummaan Waaqayyoo inni Yesuus dhaabuu dhufe, mootummaa biyya lafaa kanaa wajjin yommuu wal bira qabamu "gadi gombifamaa dha". (The kingdom of God that Jesus came to inaugurate and establish was to be an "upside-down kingdom" when compared to the usual social ordering of the kingdoms of this world.when compared to the usual social ordering of the kingdoms of this world.) Ibsa mootummaa Yesus keessatti qabnu irraa akka lafaatti aangoo fi qabeenyi in qabu xinnoo dha. Hiyyeesonnii fi warri miidhamoon in bilisoomu (in guutu) olis in qabamu.

Waldaan ibsa Mootummaa Waaqayyoo yoo taate, waldaan moodela gadi gombifamuu kanaan akkamittiin hojjechuu dandeessi? Wanti akkasii kun sooreyyiis haa ta'an aangowaan miidhaman, warra isaanis immoo, jaalala Kristoos eeggataniif utuu hin dhimin akkamittiin moodela ta'uun danda'ama?

Hima Ergama Yesus

Bara sana guyyaa guyyaatti waan dubbifamuu qabu ta'e yookiin Yesus barreeffama kana ittuma yaadee kan arge yoo ta'es (Isa.61:1, 2) waraqaa maramaa irraa akka inni dubbisuuf itti kennname. Kutan macaafaa kun heertuun lallaba gaafas nama uummataaf jalaqaba dhi'aate ta'uun akka tasaa hin turre. Seenaan lallaba gabaabaa Luq.4:21s dingata hin taane. ““Yommus Yesus, “Kunoo, dubbiin macaafaa kun akkuma dhageessonitti har'a raawwatame” issaaniin jechuu jalqabe.”” (Luq.4:21)—kun akka lallaba isa yeroo jalqabaaf Yesus saba bal'aaf godhe ta'ee galmaa'e.

Yesus akka dubbi xishoo faarfannaa Maaryaam keessaa “mootummaa gadi gombifamaa” “upside-down kingdom” fi mootummichaa tajaajila jalqabuu jedhu waan fudhate fakkaata. Yesus—fi Luqaasis seenaan Yesus kana irra deebi'ee dubbachuu keessatti raajicha Isaayaas irraa fudhatanii waan Yesus gochaa turee fi maal gochuuf akka inni jiru ibsan; garuu karaa kan biraa immoo waan Maariyaam waggaa 30 dura karaa biraa ibsuu dha. Hiyyessonni, warri miidhamoon, fi cunqurfamoon warra xiyyeffannoo addaa keessa jiraniif hirmaattota oduu gaarrii isa Yesus fiduuti.

Yesus heertuu kana akka hima ergama isaatti Isaayaas 61 keessaa fudhate. Ergamnii fi tajaajilli isaa akka hafuuraatii fi akka waan qabatamaatti ta'uun jireenyi hafuuraa fi qabatamaan isatti jiraachuun akka nuyi yeroo tokko tokko yaadnu kan gargar hin fagaanne ta'uun kan nu hubachisuu dha. Yesuusi fi bartoota isaatiif, rakkoo waan jireenya qaamaaf barbaachisuu fi qabatamaan yaaduun qaama jireenya hafuuraati.

Luq 4:16–21 fi 7:18–23 dubbisii wal bira qabi. Yesus maaliif akkasitti deebise sitti fakkaata? Dhimma Masihummaa fi Waaqummaa

Yesus irratti gaaffii wal fakkaatu akkamittiin keessumiifta?

Yesus Yeroo bartoota isaa erge, ergamni inni isaaniif kenne akka ergama kanaatti ture. Mootummaan Waaqayyoo akka dhufaa jiru yommuu labsan, (Mat.10:7), Jesus' qajeelfamoonni Yesus bartoota isaaaf kenne inni biraan, ““Warra dhukkubsatoo fayyisaa, warra du'an kaasaa warra lamxaa'an qulleessaa hafuu'rota hamoota baasa; gatii utuu itti hin baasin fudhattan, isinis gatii utuu itti hin baasin kennaa!”” (Mat.10:8). Tajaajilli isaan maqaa isaan gochaa turan, dhugaa fi qajeelfama Yesusiifi mootummaa inni itti afeeru keessa jiran calaqqisiisuufi jiraachuudha. Bartoornnis immoo ergama isaa keessatti Yesusitti dabalamanii warra dhumaa, warra xinnaa fi warra badan ol qabuu ture .

Ergaa ergamoota sadanii isa biyya lafaa badaa jirtutti lallabnu kana biratti hojii kana akkamittiin madaalawwaa gochuu dandeeny? Maaliif wanti nuyi hojjennu hunndumtuu karaa tokko yookiin karaa bira ergaa dhugaa yeroo wajjin kan inni wal qabatu?

Kibxata

Hag.13

Yesus in Fayyisa

Wangeelonni seenaalee dinqii Yesus hojjeteen, keessumaa warra inni fayyiseen guutamaniiru. Akkuma Isaayaas dursee dubbate, jamaota argisiisa warra dhibeedhaan booji'aman bilisoomseera, kaan isaanii immoo dhukkuba bara dheeraa. (Fakkeenyaa, Mar.5:24–34, Yoh.5:1–15 illaali). Garuu inni kana caalaa hojjeteera: naafota adeemsisee; kan lamxaa'an qulleessee dubbachuu duwwaan utuu hin taane isaaniin xuqee qulleesse, “warra xuraa'oo” ta'anillee; sammuu namootaa kan qabatan seexana wallaansoo qabee baasuudhaan warra du'anis kaaseera

Tariitii maalalleewan kun ta'uun uummata walitti qabuu fi humna isaa shakkitoota fi ceephaatota isaa baay'eetti argisiisuuf. Garuu kun yeroo hundaa akkas hin ta'u. Akkas utuu hin ta'in, yeroo tokko tokko immoo fayyina isaaniif ta'u namatti akka hin himne akeekkachiisaa ture. Dhugaan jiru garuu namoonni akeekkachiifaman kun ajaja kana waan raawwatan hin fakkaatu. Dinqii ajaa'ibaa isaaniif ta'es ofif of keessatti hin qabanne. Kaayyoon isaa inni dhumaa, namoonni isa keessaan fayyina akka argataniifii dha.

Garuu, dinqjin fayyisuu Yesus ibsa namaaf dhimmuu isaati. Fakkeenyaaaf, akka Maatwoos kaa'uutti namoota kuma 5 nyaachise "Yesus qarqara bishaaniitti Yommuu bu'e tuuta gobbuu argee, isaaniif oo'ee, dhukkubsatoota isaaniis in fayyise." (Mat. 14:14). Dhukkubbiiin namoota miidhamaa jiraniitti Yesusiin itti dhaga'amlee, namoota isa bira dhufaniif waan gochuun irra jiru godheefii ol isaan qabe (beela isaan baase.)

Mat.12:15–21 keessaa raajii Isaayaas dubbisi. Wanti Yesus godhu namoota muraasa fayyisurra akka caalu Isaayaas fi Maatiwos ak-kamittiin ibsu??

"Dinqjin Yesus hojjete hunduu mallattoo waaqummaa isaati. Waan Masihiin in hojjeta jedhame hundaa hojjete. Fariisotaaf hojiin kun waan isaaniin hin gammachiifne ta'e. Geggeessitoota Yihuudotaa garaa gadda hin qabnee dhiphina namootaa ilaala turan. Karaa baay'ee ofittoo ta'uu fi miitotata ta'uun isaanii miidhamtoota yesus fure sana akka isaan duraan miidhaman godhe. Kanaafuu dinqjin warra fayyan kanaaf ta'u Fariisotaaf arrabsoodha."—Ellen G. White, The Desire of Ages, p. 406.

Dinqin fayyisuu Yesus gochaa raaraa fi garalaafinaati. Garuu karaa hundumaa isaan waan xumaaraa miti. Wanti Kristoos godhe hunduu dhumni isaa waan jirenya barabaraatti geessuudha. (Yoh.17:3).

Roobii

Hag.14

Mana Qulqullummaa Qulleessu

Seenaa wangeelota keessa jiran yommuu dubbifnu, fuula garraamummaa Yesusitti in qabamna—dhukkubsattootaafi mucoolif eeggachuu isaa, seenaa warra badan barbaaduu isaa, waa'ee mootummaa waaqaa dubbachuu isaa. Kanaaf ta'a, yeroo inni humnaan dubbatee waan ciccimaa humnaan raawwaatu- keessummaa, gochaa geggeessitoota amantii bara isaa irratti wanti inni godhe kan inni nu ajaa'ibu.

Mat.21:12–16, Mar.11:15–19, Luq.19:45–48, fi Yoh.2:13–17 dubbis. Seenaadhumti wal fakkaatu wangeelota arfan keessatti kan barreeffameef maaliif?

Taateen kun wangeelota hundumaa keessatti argamuun nama dhibuu hin qabu. Seenaa diraamaa, gochaa sochii) fi fedhiin guuteedha waan ta'eef. Yesus fayyidaa mana qulqullummaa akka sanaa fi Waaqeffanna dhugaa nagada horii aarsaan bakka bu'etu yaada isaa keessa ture. Du'a isanni bakka cubbamaa du'uuf jiru sanatti fakkeeffamuuf horiin aarsaa sun akkam xuraa'oo dha.

Gochaan kallattiidhaan akkasitti ta'u aadaadhuma raajota Ibrootaa ture. Xuqaan kun Yesusiin yookiin barreessitoota wangeelotaatin Isaayaas, Ermiyaasii fi Faarsaa keessaa luqqifatamee waan seenaa keessatti ta'e ibsuuf barreeffameera. Erga inni naggaadotaaf horii-jijiirtota achi keessaa baasee, namoonni Yesusiin akka raajiitti

fudhataniiru (Mat 21:11) yommuu inni mana qulqullummaa keessatti barsiisu gara isaa dhufanii isaaniin barsiiseera. Namoota warra yeroo inni xuqee fayyisu argeedha dubbii barsiisa isaa dhaga'anii garaa isaanii keessatti guddachaa kan turan (isa amanuutti).

Geggeessitooni amantii Yesusiin akka raajiitti fudhataniitu – aangoo isaanii fi nageenya uummataa irraatti akka nama balaa uumsuutti yaada qabatanii, isaanis akkuma (abboonni isaanii) warri jaarraa baay'ee dura raajota ajjeessuuf godhanii, ajjeesuu Yesusiif haala mijeessuu jalqaban. (Luq 19:47, 48).

Akka miseensa waldaatti, wanti waldaan keenya naannoo barbaaddu har'aa akka waan manni qulqullummaa bara Yesus sana barbaaduu akka hin taanee akkamittiin gochuu dandeenya? Balaa hafuuraa kana akkamittiin dhabamsiisuu dandeenya? Isaanis maal faa?

Kamisa

Fannoo Kristos

Hag.15

Waaqayyo waaqa isa boo'icha hiyyeessotaa fi cunqurfamootaa dhaga'ee warra isaan miidhan dura ijaajjuu dha. Waaqayyo Waaqa, dhukkubbii miidhaa biyya lafaa isa nameenyi itti hin dhaga'amne nama irratti ta'u Yesusiin keessaan kan shaakalee (argee)dha. Garalaafummaa fi gaarummaa isaa hundumaa keessatti iyyuu Yesus jireenyaa fi tajaajila isaa keessattuu, duuti isaa akka bu'aa jibbaa, hinaaffaa fi firdii qajeelaa hin taaneetti itti dufe.

Kadhanna muddamaa iddo qonnaa Getasamaanee, qabamuu isaatti, "qoramni," dhiphisuun, itti qoosuun, fannisuun, ajjeesuu, dhiphina obsuun, haadha'ummaa danda'uun, wantoonni gaggadheen, humna miidhuun isa gubbaatti raawwateera. Yakka malee, qulqullummaa fi qajeelummaa isaa keessatti kun hundumtuu ta'uun gadda isaa itti caalchisa. "Inni ulfina sana gad dhiisee, akka waan, waan tokkotti hin gallee of godhe; bifaa garbummaa in fudhate; fakkaattii namum-

Barumsa Sanbataa Gaessota

maatiin in dhalate, waan hundumaanis nama ta'ee argame. Inni gad of deebisee, hamma du'aatti, hamma fannifamee du'utti iyyuu abboomamaa ta'e. (Fil.2:7-8). Leensii seenaa fayyinaa keessaan, bareedina aarsaa Gooftaan nuuf godhe argina, garuu immoo hadhaa'ummaa fi dhiphina akkasumas firdii jal'aa inni baate irraanfa-chuu hin qabnu.

Isa.53:3–6 dubbisi. Waa'ee waan yesus irra gahee kun maal nutti hima, isa tolaan cubbamaaf dhiphatu. Kun waan gama keenyaa nuuf raawwatame maal nutti hima?

Yesusiin keessaan, harka firdii jallatee fi hamminaa ta'uun maal akka ta'e Waaqayyo beeka. Nama yakka hin qabne ajeessuun hadhaa'ummaa dha; ilma Waaqayyoo ajeessuun immoo isarra iyyuu hamaa dha.haala kufaati keenyaa keessatti Yesus akka namaa ta'e, hubanna Isaaf qabnu, gara laafinaa fi amanamummaa isaa akka nuun hin shakkineef: “Cubbuutu irraa dhabame malee, angafa lubootaa isa karaa hundumaan akka keenya qorame qabna; isa dadhabbiin keenya garaa isaa hin rukunne garuu hin qabnu.” (Ibr.4:15). Kun mul'ata amala Waaqayyoo akkamiiti! Akkamittiin oduu gaarii fannoona qabnuun sammuu keenya guutuu dandeenyaa?

Waan Waaqayyoof goonu hundumaan, addumaan warra rakkatan gargaaruudhaan, maaliif kan Yesusiin bakka bu'aa keenya godhan-na—ofiif utuu hin taane warra kaaniif—maaliif fanno walakkeessa ergamaa fi kaayyoo keenyaa godhachuun barbaachise?

Yaada dabalataa: Kitaabota Ellen G. White kana irraa dubbisi “In the Footsteps of the Master,” pp. 117–124, in Welfare Ministry; “Days of Ministry,” pp. 29–50, in The Ministry of Healing; “The Temple Cleansed Again,” pp. 589–600; “In Pilate’s Judgment Hall,” pp. 723–740, in The Desire of Ages.

“Waaqayyo dubbii isaa keessatti warra seera isaa irra darban akka adabu ragaa murteessaa kenneera. Inni firdii dhugaa cubbamoota irraatti raawwachuuf baay’ee araara qabeessa waan ta’eef hin god-hu jedhanii of gowwoomsan, fannoodhuma Qaraaniyoo ilaalu qofti isaaniin gaha. Duuti isa mudaan hin qabne ilma Waaqaayyoo, gatiin cubbuu du’a ta’uu, tokkoon tokkoon seera Waaqaa inni cabe bakkatti deebifamuu akka qabu argisiisa. Kristos inni cubbuu hin qabne namaaf jedhee cubbuu ta’e. Yakka cubbuu kan baate, abbaa isaa duraa dhokachuun, fuula hamma garaan isaa cabee jireenyi isaa daakamutti geessise. Aarsaan Kun hundumtuu cubbamaan furamuu akka danda’uuf ta’e. Karaan namni adabbii cubbuu jalaa itti ba’u kan biraan hin jiru. Lubbuun araara isaaf ta’e kanatti hin hirmaanne hunduu, yakkaa fi daddarbaa isaa ofumaa baattata.” Ellen G. White, The Great Controversy, pp. 539, 540.

Gaaffilee maree:

1.Hima Ellen G. White jette kanaa olii dubbisi. Dhugummaa jal’achuu firdiis dubbadhu: Kristos inni mudaan hin qabne adabbii yakkaa baate! Dhugaa murteessaa kana of duraa qa-baachuun maaliif hamma kanatti barbaachise?

2. Mootummaa fiduuf jedhu sana fiduuf Yesus haara'umsa siyyaasaa tasuma iyyuu hin geggeessine. Warra miidhamanii fi irra ejjetaman garagaarra maqaa jedhuun, Caalaatti immoo, seenaan namoota miidhamaa fi cunqursaatti dhimma ba'an akkasiin guutuudha. Kanaafuu wanti qabatamaan ta'u qaamni cunqursaa tokko cunqursaa isa kan biraadhaan bakka bu'uu qofaa dha. Kristaanonni warra gadi dhiitaman garhaaruuuf humna isaani gargaaruu danda'uu fi gargaaruus qabuu wajjin yommuu hojjetan iyyuu, dhuma isaa ga'uudhaaf kan isaan humna siyaasaa fayyadmaniif maaliif?
3. Waa'ee karoora fayyinaa yaadi. Yesus, inni qajeelaan, warra jal'otaaf dhiphate sana jechuunis, hunduma keenyaaf dhiphate jechuu dha. Aarsaan guddaan gama keenyaan ta'e maaliif Kristos keessatti nama haaraa nu godha?

Cuunfaa: Wangeelota keessatti, tajaajilli Yesus haala ergaa raajota kakuu moofaa keessaan ibsame. Hiyyeesotaaf oduu gaarii, warra hacuucamaniif bilisummaa, warra garaan isaanii cabeff fayyina kan jedhu akka mallattoo masichaatti labsameera. Waan Yesus tajaajila isaa keessaan argisiiseedhas. Haa ta'u malee du'a isaatiin immoo hammina nama kufee fi gara jabina hundumaa caalaa hammaates mo'ateera. Du'a isanni gar malee itti faradamee nuuf du'e sanaaf galateeffanna; cubbuun keenya nuuf dhiifamuu danda'eera hoo, abdii jirenyaa barabaraas isaan arganne.

Isaan Kana Keessaa Kan Xinnaatu

Sanbata Waaree Booda:

Barumsa torban kanaaf dubbisi: Mat.5:2–16, 38–48; Rom.12:20, 21; Luq.16:19–31; 12:13–21, Mat.25:31–46.

Heertuu yaadannoo: “Mootichi immoo deebi-see, ‘Ani dhuguman isinitti hima, obboloota koo warra hundumaa irra gad deebi’an kana keessaa isa tokkoof hammi isin gootan, anaaf gootan’ isaaniin jedhe.” (Mat.25:40).

Yesus Jirenya warra kaanii addumaan warra hacuucamoo fi warra karaa badiisaa irra jiraataniif jiraachuudhaan yesus eggannoo warra kaaniif gochuu qabnuuf waan nuun jedhu eeguu qabna. Waan jedhes qaba.

Barsiisi Yesus qabatamaa ture, akka duuka buutota Waaqayyootti jiraachuu irratti kan xiyyeffatu jechuu dha. Hammuma kana, Yesus hojii qajeelummaa, garraamummaa fi araaraa, kan akka isa ufii isaatii godhe akka nuyis goonuuf nu jajjabeessa. Fakkeenya isaa duukaa kan buunu yoo ta’e, akka inni warra kaan tajaajiletti tajajiluu qabna.

Yesus waa’ee mootummaa waaqaas dubbateera. Ibsa Yesusiin keessatti, mootummaan samiidhaa dhugaadhumaan waan nus ammayuu, qooda keessatti qabaachuu dandeenyuu dha. Waan mootummaa lafaa kana biratti arginu caalaatti waan durfatu kan qabu akkaataa jirenyaati. Barsiisi Yesus wixinee/blueprint/ mootummaa kanaa ifa godhee kaa’a, kunis immoo akkamittiin Waaqayyoon, Yesusii fi namootaaf akka hojjennu/tajaajillu/ kan hammatuu dha. Na-

Barumsa Sanbataa Gaessota

mootaaf tajaajiluu rakkoo isaaniitti gargaaranii ol isaaniin qabuun, karaa nuyi ittiin Waaqayyoof tajaajillu isa kan biraadha.

*Barumsa torban kanaa dubbisiitii sanbata isa Hag.24f qophaa'i.

Jalqaba Torbanii

Hag.18

Lallaba Gaara Gubbaa Sana Beeksisuu

Lallabni Yesus inni dheeraan—kuusaa barsiisa baay'ee kan ta'e—lallaba gaaraati. Boqonnaan isaa sadan qorannaakkaataa jirenya mootummaa waaqaa hima dhugoota isa akka eebaatti beekamanii dha.

Mat.5:2–16 dubbisi. Dhugoonni salgan warri Yesus eebaan kun amala akkamii qabu?

Jechoota kana gadi fagoo kan ta'e illalcha hafuuraan yoo fudhanne, waan qabatamaan isaan irraa dubbifamus hin dhabnu. Yesus hiyyuma nu keessaa fi biyya lafaa irra jiru iyyuu akka hubannu in barbaada. Waa'ee qajeelummaa gadi of qabuu, araara, nagaa buusuu, qulqullina garaa in dubbata. Amalli akkasii yoo itti jiraataman gaagarummaa isaan jirenya keenyaa fi naannoo keenya keessatti uuman hubachuu qabna. Qabatamni dubbisa kanaa hima yesus itti aansee dubbatu waa'ee soogiddaa fi ifa akka ta'aniif bartoota isaatti dubbate keessatti xiyyeffateera. (Mat. 5:13–16).

Akka ta'utti yoo dhimma itti ba'aman, soogiddii fi ifti akkuma waan itti dabalaman sanaatti jijiirama uumuu danda'u. Soogiddi mi'aa kenna, waan itti dabalam in tursa; inni fakkeenya nuyi naannoo keenyaaf ta'uu qabnutti fakkeeffama. Akkasuma immoo, ifni cubuu dhiiba, balaadhaa fi gufuu bakkeetti baasu, mana fi magaalaa ibsanii, bakka dhaquun yaadamuu fi hammam akka irraa fagoo jiran in

argisiisu. Akka ibsaa halkan dukkanaa, Yesus jedhee, “Namoonni hojii keessan isa gaarii arganii, abbaa keessan isa waaqa irraaf ulfina akka kennaniif ifni keessan akkuma kanaatti namoota duratti haa ifu!” jedheen.’ ” (Mat.5:16).

Fakkeenyi soogiddaa fi ifa kanaa itti gaafatama bartoonni naannoo jiranitti dhiibbaa fi fooyya’iinsa akka argisiisaniif itti gaafatama akka qaban hubachiisa. Nuyi soogiddaa fi ifa waan taaneef jireenyi qulqullumaa garaa, araara argisiisuuf, nagaa buusuu fi hacuuccaa obsaan jiraachuuf kan boonyu/barbaadnuu taana. Kanaafuu Yesus, lallaba isaa jirenya fakkeenyummaa qabu kana “safartuu mootummaa isaa isa akka waan waa’ee hin baafnee” godhan sana akka itti jiraataniif waamicha gochuudhaan jalqabe.

Karaa kamiidha kan waldaan kee akka soogiddaa fi Ifaatti haasa keessatti kan jiraachuu dandeessu? Sababii waldaan kee achitti hoijechaa jirtuuf hawwaasi kee akkamittiin iddo keessa jiraachuu gaarii ta’uu danda’a? Karaa biraa, yoo achii ari’amtan hawwaasicha keessatti garagarummaa maalii fida?

Wixata

Hag.19

Hamaa Gaarummaan Mo’uu

Barsiisa Yesus Yommuu Ilallu, namoota inni itti haasa’uu fi haala isaan keessa turan yaadaan qabuun gaariidha. Yesus naannoo itti tajaajilaa ture Sanaa saba baay’ee offitti harkisuu jalqabe. (Mat. 4:25, 5:1). Baay’een isaanii namootuma waan ittii adda ta’an hin qabnee dha, bulchiinsa mootummaa Roomaa jala kan turan, geggeessitoota Yihuudotaa fi geggeessitoota amantii kan ta’an muraasis turaniiru. Namoonni warri waanuma ittiin beekaman hin qabnetti jirenyi cimaa ture. Jirenya ofii isaaniif filannoo muraasa qofa qabu turan; ba’aan kaffaltii gibiraa itti ulfaatee aadaan amantii gadi isaaniin qabee ture.

Namoota kana barsiisuu keessatti haalli naannoo isaanii kan fedhe ta’ullee, akkamitti akka isaan jirenya gaarii geggeeffatan, ulfinaa fi jajjabinaan akka jiraataniif Yesus isaaniif yaadaa ture. Fakkeenyi kanaa tokko Mat.5:38–48 keessa jira. Qajeelfamoonni kun—“maddii isaa kaan itti qabuu,” “ kootii kees dhiisiif,” fi “Namni tokko akka kiilo metrii tokkoo isa duukaa akka dhaqxuuf yoo si giddisiise, akka kiilo metrii lamaa duukaa dhaqi!”—kan jedhan kun haasaa beekamoo dha. Akkaataan isaan itti beekan barsiisa Yesus kanaa wajjin kan waliif hin galle ture.

Haalli Yesus ibse kun dhaggeeffattoota isaa biratti waan shaakkalamee beekamuudha. Hoggantoota isaaniitiin gar malee miidhamu. Abbaa lafaa fi warra qarshii liqeessaniin liqii isaanii jala galanii qabeenyaa fi lafa isaanii dhabaa turan. Loltoonni Roomaa akka garboota isaniitti in hojjechiifatu. Yesus namonni sun amanamummaan akka yaada itti kennan barbaade. Warra miidhaa jiraaniif waan isaaniif malu caalaatti akka gargaaran, kana gochuunis nameenyuummaa/ akka bineensaatti wal ilaaluu/ dhabuu isaanii akka ofirraa ittisaniif yaadee ture. Warri warra kaan hacuucan kun humna irra kaa’an namoonni akkamittiin akka deebii laatan mirga filannoo qabaataniiru; miidhaa malee garraamummaadhumaan ofirraa ittisuu, gadhummaa hacuuccaa fi dhugaa jallisuu baakkeetti saaxilu

Mat.5:38–48 Fi Rom.12:20-21 Wal bira qabi. Qajeelfama gadi fagoo kana akkamittiin jirenya keenya keessatti argisiifna.

Yesus “seeraa fi raajota hundumaa” cuunfee kaa’e—barreefamoota kakuu moofaa nuyi barreefama qullaa’aa jennee waamnu mara— akka qajeelfama salphaatti hubatamu “seera gat-qabeessa” golden rule” “Waanuma namoonni akka isiniif godhaniif jaallattan, isinis akkasuma isaaniif godhaa; seerii fi raajonni isuma kana in barsiisu’ ” (Mat. 7:12). Aarsaan isaa hammam ta’ullee karaa kamiidha waan inni asitti nu abboomu kan ati gochuu dandeessu?

Namicha Samaariyaa Isa Gaarii Sana

Luq.10:25–27 dubbisi. Seera beekaan Yesusiin gaaffii gaafate sun cuunfaa seerota kakuu moofaa jirenya Waaqayyoon biratti fudhata-ma qabu nama jirachisu dhi'esse. Abboommtonni kun lamaan akka-mitti walitti qabsiifamuu?

Yesus yommuu gaafatamu, deebiisaa waan gaafataan sun yaadee oliti walitti qabee deebisa ture. Qajeelfama Lew.19:18 irraa “ati nama akka ofi keetiitti jaalladhu malee!” kan jedhu baroota baay’eedhaaf ollaan kun hammam bal’ata kan jedhu irratti waan wal falmaa turan fakkaata.

Yesus amma duuka buutota isaa hundumaa gara kan walii galatti beekuutti geese; ollaa ofi jaallachuu qofaa utuu hin taane nama hundumaafuu gaarii gochuutti hiike: ““Kana yoo gootan ijoollee abbaa keessanii isa waaqa irraa in taatu; innoo aduu isaa warra hamootaa fi warra gaggaariidhaaf in baasa, bokkaa isaas warra qajeelotaa fi warra jal’ootaaf in roobsa.

Warra isin jaallatan duwwaa yoo jaallattan gati maalii argattu ree? Warri sodaa Waaqayyo hin qabne iyyuu akkanuma in godhu mitii ree?”” (Mat.5:44, 45).

Garuu beekaan seera amantii kun yommuu Yesusiin qoruu barbaade, luqqifannoo falmii baay’ee qabu irratti kufe: “eenyu ollaan koo?” (Luq 10:29). Deebiin isaas, seenaa namicha Samaariyaa gaarii sana Yesus itti himuudhaan ture. Xumurri deebii gaaffii beekaa seeraa sun garuu ‘ollaa’ ibsuu hin turre. Yesus akkas gochuu dhiisee “dhaqitii nama gargaarsa kee barbaadu hundaafuu ollaa ta’i jedhe.”

(Luq.10:36, 37).

Luq.10:30–37 dubbisi. Namoota sadan karaa biratti nama gargaarsa isaanii barbaadu sana bira darban wal bira qabee dhi'eessuun barbaachisummaan isaa maaliidha?

Akkuma barumsa Yesus keessatti beekamaa ta'e, ceephon isaa inni cimaan namoota amantiiti ofin jedhanii warra rakkataniif dhimma kan hin qabne irrattiidha. “Seena namicha Samaariyaa gaarii sana keessatti, Kristos amala amantii dhugaa ibseera. Sirna amantii, kuu amantii, sirna qulqullinaa, utuu hin ta'in gochaa jaalalaa keessa jira.”—Ellen G. White, The Desire of Ages, p. 497.

Barsiisa Yesus keessatti, warra ormaa argisiise, warra Waaqayyoof hin amanamne warra fakkaatanitti Waamichi Waaqayyo duuka buutuu isaa ta'uun kan barbaadan hundumaa biratti maal akka fakkaatu argisiisuudhaaf kan hojjetamuun dha. Akka barsiisaa isaa jalqabaatti, jirenya barabaraa argachuuf maal gochuutu narra jira jechaa yommuu dhufnu, inni immoo dhaqittii nama gargaarsa barbaadu hundumaatti michoomi jedha.

Roobii

Hag.21

Namicha Sooressaa fi Alaazaar

Fakkeenya namicha sooressaa fi Alaazaar keessatti (Luq.16:19–31) Yesus jirenya namoota lamaa wal bira qaba, —sooressa tokkoo fi, hiyyeessa homaa hin qabne tokko. Bakka simannaan hawwaasummaa, manni yaalaa, lafti waa argatan hin jirreeti namoonni rakkaatoon warri homaa hin qabne mana warra waa qabanii irra adeemanii kadhachuun waanuma beekamaadha, ta'uun baatu ittumaa miidhamu waan ta'eef. Warri waa qaban immoo muurasa warra homaa hin qabneef qoodanii isaaniin dagalfachiisuun irraa eegama ture. Garuu seenaa kana keessatti, namichi sooressi ofittoo rakkoon obboleessa isaa itti hin mul'anneedha.”—Ellen G. White, Christ's Object Lessons, p. 261. Jirenya keessatti haalli wal duraa boodaan hin jijiiramin

hafe; garuu du'a keessatti, akka Waaqayyo faradetti, bakki isaanii haala nama dhibuun akkuma duraan tureetti taa'e.

Luq.16:19–31 dubbisiiitii Luq.12:13–21 wajjin wal bira qabi. Seenaa kana lamaan gidduu wal fakkeenyaaaf garaagarummaa maaliitu jira? Waliin immoo maal barsiisu?

Seenaa kana lamaanuu keessa namoonni kun dogoggora hoijetanii sooroman kan jedhu hin jiru. Tarii jabaatanii hoijetaniiti ta'a, akka ta'utti qabanii, Waaqayyos isaaniin eebbise. Garuu yeroo tokko tokko immoo jirenya, Waaqayyo, horii fi wantoota biroo irratti ilaalcha dogoggoraa waan qaban fakkaatu; kun immoo haala hin dagat-amneen barabaraan isaan murteesse.

Bara Yesus keessa erga du'anii akkas ta'innuu ilaalcha jedhu irraa fudhatamee, seenaan namicha sooreessa fi Alaazaar filannoon nuyi jirenya kana keessatti goonu filannoo jirenya itti aanuuf murtees-saa akka ta'e barsiisa. Namoota gargaarsa keenya barbaadan akka-mittiin akki nuyi deebii kenniuufiin filannoo keenya keessaa tokko mirkaneessine jechuudha. Akka "Abrahaam" namicha duraan sooreessa amma dhiphachaa jirutti argisiise, waan gaarii akka filannuuf macaafni qulqulluun kallattii hamma barbaachisaa ta'ee olitti nutti argisiisa: "Abrahaam garuu, 'Isaan Museedhaa fi raajota qabu, isaan haa dhaggeeffatan' jedhee deebiseef.'" (Luq 16:29).

Yesus qorama qabeenyi qabu barsiise—qabaatanis qabaachuu baatanis, kaa'atanis, fedhii isaa qabaachuu qabaatanis—mootum-maa Waaqayyoo irraa nu harkisuu danda'a, nama irraas nu harkisee gara mataa keenyaatti irkachuutti nu galchuu danda'a. Yesus duraan dursinee mootummaa isaa akka barbaadnuuf eeba arganne immoo warra naannoo keenya jiraniif keessumaa warra rakkina qabaniif akka hirru barbaada.

Haalli maallaqa kee kan fedhe ta’ullee, maallaqii fi jaalala maallaqaa akka Kristaanni tokko jiraachuu mala akka hin jiraanne akka sin gooneef akkamittiin of eeggachuu qabda?

Kamisa

Hag.22

Isaan Kana Keessaa Hundumarra Kan Xonnaatu

Yeroon Yesus gaaffii gaafatamee deebii isaan eegan irraa waan addaa kenne kan biraan lalaba Mat 24 fi 25 keessatti galmaa’e keessa jira. Bartoonni gara Yesus dhufanii waa’ee manni Qulqullummaa Yerusaalem baduu fi yeroo dhufaatii isaa isa lammaffaa yommuu gaafatan ture. (Mat. 24:1–3). Deebiin Yesus gaaffii kanaaf kenne, warra beela’an nyaachisani warra dheebotan obaasuu, ormoota simachuu, warra daaran itti uwvisuu, dhukkubsataaf gargaarsa gochuu, warra hidhaman ilaaluufaa ture. “Yommuus mootichi deebisee, ‘Ani dhuguman isinitti hima, warra hundumaa irra gad deebi’an kana keessaa isa tokkoof kan hin godhin anaafis hin goone’ isaaniin jedhe. Isaan gara adaba bara baraa, warri qajeelonni garuu gara jirenya bara baraa in dhaqu” jedhe. (Mat.25:40, 45).

Kun immoo gaafii barsiisa kana akka firdii Waaqayyoo isa dhumaatti barsiisuu jalqabeedha. Guutummaa Mat.24 keessatti, Yesuus gaaffii bartootaaf deebii kallattii deebisaa ture, waa’ee badiisa Yerusaale-miifis; dhuma biyya lafaafis, garuu dhimma dhufaatii isaa lammaffaa irratti of eeggachuu akka qaban immoo in akeekkachiise. Gar tokkoo Mat 25 keessatti, seenaa durboota gowwaa fi abshaalotaa dubbatte yeroo hin eegamnetti waan ture fakkaatee dhufuu akka danda’u akeekkachiise; seenaan hojjettoota sadanii immoo barbachisummaa yeroo eegaa jiran bu’ a qabeessa ta’anii qophaa’uu fi akkasumas fakkeenya Reettii fi Hoolotaa, waan sabni Waaqayyoo itti qabamuun barbaachisu dhi’eesse.

Mat.25:31–46 dubbisi. Asitti Yesus maal nutti himaa jiraa? Kun maaliif hojiidhaan fayyuutti hin hiikamu? Amantii fayyisu qabaa-chuu irratti kun maal nutti hima?

Dubbiin Yesus—innis yeroo namootaaf tajaajillu, waa’een isaf ta’uu—hariiroo fi ilaalcha keenya hundumaa jijiruu qaba. Irbaataaf yesusiin mana keenyatti, hospitaalatti yookiimmoo, mana sirrees-saatti afeerre haa jennu. Tajaajila akkasii namaaf yoo gootan anaaf gootan jedhee Yesus dubbateera waan ta’eef akkasitti fudhatama.

Kadhataan mee waan Yesus as keessatti jedhe dubbisaa. Yaada is-anni warra beela’an, qullaa ta’anii fi hidhamanii wajjin ofii isaa wal bira qabu akkamittiin hubatta? Nuufakkataa jirenya keenyaa irra kun itti gaafatama akkamii kaa’?

Jimaata

Hag.23

Yaada Dabalataa: *Ellen G. Whiten dubbisi, “The Good Samaritan,” pp. 497–505, and “‘The Least of These My Brethren,’ ” pp. 637–641, in The Desire of Ages; “‘A Great Gulf Fixed,’ ” pp. 260–271, “‘Who Is My Neighbour?’ ” pp. 376–389, in Christ’s Object Lessons.*

“Keenyan garaa garummaa Yesuus diigeera, ol of qabuu, ga-raagarummaa qoomoon wal quoduu, balleesse nama jaallachuu barsiise. Giingoo xiqqoo isaa ofittummaan to’atu keessaa nama baasee, sarara daangaa hundumaa, namtolchee kan ta’e mallattoo uummati ittiin gargar ba’uu hundumaa balleesseera; isa bira ollaa fi orma gid-duu garaagarummaan hin jiru. Michuuf diina gidduu. Lubbuu gar-gaarsa barbaaddu hundumaa akka ollaa fi iddo jiruu (field) keen-yatti akka ilaallu fedha. .”—Ellen G. White, Thoughts From the Mount of Blessing, p. 42.

“Seerii gati jabeessi sun (golden rule) seera Kristaanummaa hundumaati. Wanti isaa gadii hunduu gowwoomsaadha. Amantiin dhala namaa, isa Kristos hamma lubbuu isaa kennuufitti akkas gatii gud-daa itti laate, irra ilaalcha gadii akka keenyu nu godhu, amantiin fedhii namaaf akka dhimma hin qabaanne nu taasisu aamntii gadi deebi’aa dha. Rakkoon, dhiphinni, cubbuun rakkataa kan nu baqa-chiisu taanaan kristosiin baqachaa jirra. Sababii namoonni maqaa Yesusiin qaban, jirenyaan amala isaa haalaniif, Kristaanummaan biyya lafaa keessatti humna xinnaa qabaateera.”—Ellen G. White, Thoughts From the Mount of Blessing, pp. 136, 137.

Gaaffilee maree:

1. Torban kana heertuu qoranne keessaa kamiin baay’ee jaal-latte? Maaliif?
2. Mee waan EGW waa’ee amantii fedhii namaaf dhimmad-haabuutti amantii nama geessu isheen barreessite ilaali. Dhugaa qabaachuudhumti keenya gahaa dha kan jedhu kiyyoo keessatti akka hin galleef maaliif eeggachuu nu barbaachisa?
3. Dhugaa qabaachuun maal akka of keessaa qabu heertuun gaafa kamisaa kun maal nutti himaa?

Cuunfaa: Barsiisi Yesus kun akkamitti namoota warra lammii mootummaa Waaqaa ta’an naannoo keenyaa akka jiraannu nu barsiisa. Bu’uura barsiisa Kakuu moofaa irratti ijaaruudhaan achi keessaa fudhachuudhaan hiyyeessotaa fi cunqurfamootaaf yaaduun akka nurra jiru ballisee duuka buutuun isaa namoota araara godhanii fi gara laafeyyii akka taanuuf akkasittis dhufaatii isaa lammaffaa akka eeggannu nu taasisa.

Tajaajila Waldaa Kakuu Haaraa Keessatti

Sanbata Waaree Booda:

*Barumsa Torban Kanaaf Dubbisi: HoE.2:42–47; 4:32–37;
Mat.25:38, 40; HoE.9:36, 2Qor.8:7–15; Rom.12; Yaq.2:1–9.*

Heertuu Yaadannoo: “Waaqayyoon sodaachuun inni Waaqayyo keenyaa fi abbaa keenya duratti qulla’ee fi xurii hin qabne garuu, ijoollota abbaa fi haadha hin qabne, dubartoota abbaan manaa irraa due’s rakkina isaanii ilaalanii gargaaruu dha; xuraa’um-maa biyya lafaa irraas of eeggachuu dha.” (Yaq.1:27).

Eertuuun Macaafa Qulqulluu ergama guddicha jedhamanii beekamu (Mat.28:18–20) kutaa macaafaa keessatti heertuu beekamoo kees-saa isa tokko, yoo xinnaate Kristaanotaan jechuu dha. Kutaan kun yeroo baay’ee hima ergamaa yommuu ta’u ergamaa fi dhama’iinsa wangeelaa hundumaafuu kaka’umsa kan ta’uudha. Dhugaadhumatti heertuu kanaan kakaafamuudhaan Kristaanonni guutummaa biyya lafaa dhaqaniiru, yeroo tokko tokko wangeela baballisuf jecha dhu-unfaadhaan aarsaa guddaa kaffalaniiru.

Ergama guddaa sana keessatti Yesus maal jedhe? Bartuu taasisuuf, cuubsiisuuf, akkasumas namoota “waan ani isinitti hime hundumaa isaaniin yaadachiisuuf” (Mat.28:20) jedha. Akkuma kanas, nus ak-kuma ilaalle, baay’een waan Kristos nu abboomee, warra rakkina keessa jiraniif, warra miidhamoo, warra of gargaaruu dadhabaniif gargaarsa gochuudha. Ajaja Krstos bartoota warra jalqabaaf kenne hamma kanatti isaanitti haaraa akka hin ta’in yaadachuunin barbaachisa; waan isaan sana dura hin argin, hin dhaga’in utuu hin taane

waanuma sanaan dura isaaniin gidduutti hojjechaa ture irraa kan itti fufeedha. Amantoota waldaa jalqabaa gidduutti barsiisi Yesus akka raawwii ergama guddichaatti mul'achaa ture.

*Barumsa Torban Kanaa qoradhuutii sanbata Hag.31f qophaa'i.

Jalqaba Torbanii

Hag.25

Hawwaasa Haaraa

Gara waaqaatti ol ba'uu yesusii fi guyyaa shantammaffaatti bu'uu hafuura qulqulluu booda, gareen amntoota daddafanii guddachuud-haan waldaa bu'uressan, kunnis duuka buutota Yesus gidduutti tok-kummaa amantootaa haaraa, gara jalqaabaatti kan bartoota duraatiin geggeeffamu ture. Hawwaasummaan haaraan kun garuu waanuma isaan callisaniidhuma garee dhaaban utuu hin ta'in tajaajilaa, barsiisa Yesus fi seenaa bara dheeraa kan qabu barreffama qulqulluu kan warra Ibrootaa fi raajotaa irratti kan ijaarame ture.

HoE. 2:42–47 fi 4:32–37 dubbisi. Ibsa hawwaasa waldaa jalqabaa kana irraa waan ijoo ta'e akkamii addaan baafta?

Israa'eloonni akka karooraan hawwaasa qajeelaa fi arjaatti jiraachuu yommuu dadhabde, waldaan jaarraa jalqabaa kun qajeelfama isa "sanyii kee keessatti dhabaan hin argamu." Ked 15:4) itti yaad-dee fudhatte. Wanti qabatamaan isaan godhan keessaa inni tokko waan qaban waliin quoddachuu ture, lafa isaaniillee gurguranii galii waldaa ol kaasan. (HoE. 4:34–5:2)—fedhii hiriyyoota isaanii bira ga'uuf, hawwasa naannoo isaanii jiraniif eebba ta'uuf, addumaan karaa tajaajila fayyisuu eebba naannoof ta'uu hojjetan.(HoE. 3:1–11, 5:12–16).

Garuu, haawwaasi kun gama kamiinuu hawwaasa mudaa tokko hin qabne ta'ee yaadamuu hin qabu. Yeroo lakkobsi amantootaa dabaluu

eegale, qooddaa qabeenyaa waliin qabanii sana irratti yaaddoo qabaatan, keessumaa gursummootaaf waan guyyaatti argatan hiruu irratti (HoE. 6:1). Bartooni sun, ofumaan geggeessitoota jaraa ta'anii kan argaman, wangeeluma lallabuu irratti xiyyeefachuu barbaadanii turan. Haala ta'e sanaaf furmaata barbaaduuf egaa irra deebisanii qindeessuutu barbaachise.

Kanaafuu, rakkoo hawwasa waldaa sanaaf hojjechuuf namoonni torba filataman. Tarii yeroon sun yeroo isaan yeroo jalqabaatiif tajaajilaa fi dandeettii garaa garaan waldaa keessatti tajaajiluu jalqaban ta'a; akkasumas, barbaachisummaa tajaajilli ta'e tokko jirenyaa fi dhuga-ba'umsa waldaaf qabu in argisiisa. “Qajeelfamuma amantii fi qajeelummaa isa bara Musee fi Daawwitiin keesa bulchiinsi ittiin geggeeffamaa turetu yeroo waldaan Waaqayyoo haaraa kurfoofte wangeela baballisuu keessatti duukaa bu'amee ture”—Ellen G. White, The Acts of the Apostles, p. 95.

Waan waldaan bara jalqabaa fakkaachaa turte sana mee yaadi. Har'a qajeelfama wal fakkaatu akkamittiin calaqqisna?

Wixata

Hag.26

Tajaajila Dorkaasiif fi Dhuga-ba'umsa

Waldaan babbalachuu yommuu eegalte akkuma Yesus duraan dubbatee ture—“Isin garuu, hafuurri qulqulluun yommuu isin irra bu'u, humna in godhattu; Yerusaalemitti, Yihudaa hundumaatti, Samaariyatti, hamma andaara lafaattis dhuga-baatuu koo in taatu” isaaniin jedhe.’” (HoE. 1:8), amantoonni haaraan amantii fi tajaajila Yesus-in fudhachuu jalqaban. Isaan keessaa tokko Xaabbiitaa/ Dorkaasiin/nama biyya Yophee turte. Ajaja Kristosiin isa warra daaranitti uw-wisuu sana xiyyeefannoodhaan fudhatte, Yesusumaaf akka hoijettutti fudhatte (Mat. 25:38, 40).

Ibsa tajaajila Doorkas HoE.9:36 keessaa dubbifadhu. Tajaajilli kee akka heertuu kanaatti, kan ibsamuu danda'u yoo maal ta'ee dha?

Barumsa Sanbataa Gaessota

akkasitti ibsamuu hamma jaallattee jirtaa?

Ibsi tajaajila Doorkaasiif kenname ibsa bartuu jedhuu dha (HoE.9:36) amanamummaa, jabina, fi xiyyeefannoos ishee hamma biyya ishee alatti beekamtutti geessise.

Phexros Mandaraa Lidiyaa jedhamtu naannoo isaa ilaaluuf dhaqee ture waan ta'eef du'a yeroo malee isheetti dhufe kanaaf waa akka jedhuuf gaafatame. (HoE. 9:37–41). Yeroo inni Yophe ga'u, namoota baay'ee kan Dorkaas tajaajila hiyyeessotaaf gootu keessaan gargaaraa turte arge. Wayyaa isheen isaaniif hodhite fi akkasumas shakkii tokko malee seenaa gargaarsa isheen isaaniif goote baay'ee itti himan.

Pheexros isheef kadhatee jireenyatti deebisuun dhugaadhumatti yeroo hundumaa warra jirenya isaanii tajaajila warra kaaniiif da-barsanii of kennaniif jirenyi walqixxaataa ta'a jechuus miti. Yoo hubattan immoo, Doorkaas dhukkubasattee duute, Isxifanos, inni Yeroo tokko gursummoota waldaa keessaa gargaaruuf fo'ame in ajjeefame, du'a aarfamuu isa jalqabaa fudhate (HoE. 7:54–60). Jirenyi tajaajilaa karaa wal qixxee miti; yeroo tokko tokko karaa rakkisaa ta'a.

Garuu, seenaa kana Keessatti Waaqayyo jirenyaa fi du'a Doorkaas kanaan namoota Yophe irratti dhiibbaa jaalala fi humna isa huchabiisu uumse. "Kunis Yophee hundumaatti beekame, namoonni baay'een gooftaatti amanan." (HoE. 9:42).

Du'aan kan boqottu yoo taate, hirmaannaan ati gootu akka tajaajila Doorkaas kana yaadamee boo'amaafii? Dhaala tajaajila gaarii akkamittiin ol kaa'uu dandeenya? Akka Doorkaas wayyaa hodhuu qabdu, kan warra kaan ittiin tajaajiluuf fayyadamt Oogummaa akkamii qabda?

Akka Qooduutti Kennuu

Jijiirama isaa booda ergamaan Phaawulos ergama wangeela biyya ormootaaf geessuu fudhate, milkaa'inni Waaqayyo isaaf kenne, waa'ee hidda Yihuudummaa warra amantii Kristaanaa fi ormoota keessaa warra duuka buutuu Kristos ta'anii gaaffii barbaachisaa kaase. Mareen geggeessitoota Yihuudotaa fi Ormootaa, dhimma kana mar'itanii gaaffii wal xaxaa kanaaf furmaata barbaaduuf, Yerusaalemitti taa'ame. Wal-gahiin suniif bu'aan isaaHoE.15 keessatti galmaa'ee jira.

Garuu, gabaasa maree kan Phaawulos kenne kan Gal. 2 keessa jiru keessatti, barsiisa wal ga'ii Yerusaalem irratti kan barate, wangeela biyya ormootaatti itti fufsiisuuf dhimma barbaachisaa ta'e tokko itti dabalee dhi'eesse "Isaan waa'ee hiyyeessota gargaaruu duwwaa akka yaadannu nutti dubbatan, anis immoo wanti ani gochuuf dhimu isuma kana." (Gal.2:10).

Phaawulos dhuunfaatti kana duukaa bu'uu barbaade (Fakkeenyaaaf, HoE. 20:35) fi akkasumas guutummaa tajaajila isaa keessatti kanuma hojjete. Akka waldaa Yerusaalem duraa, Phaawulos mul'ata hawwaasa Kristaanaa duuka buutota hundumaa hammatu ballisee kaa'e. 2 Qor. 8:7–15 dubbisi. Wangeelaa fi arjummaa Phaawulos akkamittiin walitti fidaa?

Phawulos dhaamsa Kakuu moofaa keessaas fudhachuudhaan amantoonni arjaadhaa fi amatoota akka isaanii warra haala rakkisaa keessa jiraatan kan biroof kan eeggatan akka ta'uu qaban jajjabeessa. Isa Waaqayyo arjummaadhaan Israa'elotaaf mannaa harcaase lafa onaa keessattii caqasuuudhaan akka moodela waan qaban namaaf qooduu fi gumaachuutti fakkeessee barsiisa. (2Qor.8:15). Macaafa faarfan-

Barumsa Sanbataa Gaessota

naa keessaas luqqifachuuun (112:9)-“Akkuma caafame,”Inni harka guutee, warra dadhabaniif in kenna, tolli isaas bara baraan jabaatee in dhaabata’ ” (2Qor.9:9).

Dubbistoonni isaa itti yaadanii kan kennan akka ta'an barbaada, waan argatan keessaa idileedhaan hamma ta'e akka addaan baasanii kaa'anii inni yookiin Tiitos yommuu waldicha dhaqu kristaanota rakkina qaban Yerusaalem keessaa akka ittiin gargaaraaniif ergu-un salphaa waan ta'uuf jechuudha. Fakkeenya waldaan inni tokko waldaa isa kaan arjummaadhaan gargaaruu dhimma ba'uu isaati. “Namaaf hojjechuun keessan amanamoo ta'uu keessan waan argisiisuuf,” jedhee barreesse Phaawulos, “wangeela Kristos isa beek-siftaniif abboomamuu keessaniif, arjummaa isin isaaniif gootanii, namoota kan biraatiinis geessaniif, baay'een guddina Waaqayyoo in himu.” (2Qor.9:13)

Waan gargaarsa gaafatu hundumaaf laachuun yeroo nu dhibu akkamitti isa durfamuu qabu hubachuu dandeenya?

Roobii

Hag. 28

Akka Ta'utti Jiraachuuf fi laachuuf Gorsa Phaawulos

Ergaan Phaawulos gara Roomaa barsiisa fayyummamaa amntii Kristos keessaanii ibsa gadi-fagoo kennuudhaan beekama. Barsiisa akkasi keessatti boqonnaa 11 booda, jijjiirama xiyyeefannootu argama. Akka ta'uutti jiraachuuf laachuu irratti qajeelfama ayyaanaa fi jaalala Waaqayyoo isa Yesusfi seenaa wangeelaa keessaan argamu kan mul'isu dhi'eesseef. “Ammas yaa obboloota koo, araara Waaqayyoof jedhaatii namummaan keessan qulqullaa'aadhaa fi Waaqayyo durattu fudhatamaa akka ta'utti, aarsaa jiraatu gootanii akka isa dhi'eessitan isin nan gorsa; akkasittis hafuuraan Waaqayyoof in sagaddu.” (Rom. 12:1). Qabatamaan, sababii waan Waaqayyo karaa Yesusiin nuuf godheef jecha, kun akka nuyi itti jiraannuudha.

Roomaa 12 dubbisiitii, addumaan gorsaa isa warra kaan jaallachu fi warra rakkatoof immoo eeggannaa gochuufi sana cuunfii kaa'ii.

Akkuma yaadaattuu, Rom.12 akka cuunfaa mata duree baay'ee warra ergaa isaa warra kaan keessatti ibsamaniitti ilaalam. Gahee fi kennaa qaama waldaa keessa jiru baay'ee dubbata; isaanis, tajaajiluu fi warra kaan jajjabeessuu fi hojii arjummaafaa of keessaa (lak. 3–8 ilaali). Kun hoijjetamuu duwwaa utuu hin taane akka ta'utti fedhiidhaan hoijjetamee hundumaa irra immoo jaalalaan ta'uutu barbaachisa malee. (Lak. 9–11).

Jireenyi kun maal akka ta'e Phaawulos jecha addaan ibsa. Aman-toonni yeroo ar'atamaa fi rakkinaa kan obsan warra rakkataniif eeggannaa gochuu, yoo danda'ame, yoomis eessattis warra nagaa buusan ta'uu akka qaban jajjabeessa. Akkuma sila ilaalle hamminaa fi firdii jalli'aa nu mudatan garraamummaan itti dhaquu fi hamaa gaariidhaan mo'uu gorsa (Rom.12:20-21).

Boqonnaan kun nama haaraa ta'uun maal jechuu akka ta'e tooraan nuuf kaa'a, innis dhuunfaattis akka hawwaasa amantootaatti Waaqayyoof tajaajiluuun maal akka ta'e tooraan naqa. Phaawulos wantoota kana amantoota duuka buutota Yesus haaraa ta'anitti jirenyi isaanii, waan isaan durfachuu qaban gochi isaanii, deebii waan Kristoos du'a isaatiin fannoorratti isaaniif godhee fi abdii jirenyaa baraa isaniif kenneef jecha jijiiramuun irra jira. Walakkaa biyya Roomaat-ti jirenya hacuuccaan guute hawwaasa hamaa keessatti jiraachuud-haan Phaawulos akkamitti rakkina keessa akka jiraatan isaan gorsa: "Fakkeenya jirenya bara isa darbu kanaa duukaa hin bu'inaa!" (Rom.12:2).

Akka duuka buutota Kristositti akka ta'utti jiraachuu fi jaallachuuf kan si gargaaru, Haawwasa keessatti ilaalchii fi shaakalli ati of irraa faccisuuq qabdu maal fa'i?

Yaaqob “Inni Qajeelaan Sun”

Aadaan Kristaanotaa, Yaaqob kun obboleessa Yesus, (haadhaan gar-gar kan ta’e), Yerusalem keessatti waldaa duraatiif geggeessaa akka turee fi wal ga’ii Yerusaalem irratti dura taa’aa akka ture yaada ken-na (HoE.15, akkasuma Gal.1 fi 2 ilaali). Yoo akkas ta’e, inni tarii barreessa ergaa Yaaqob jedhamu macaafa keessaa ta’uu danda’a.

James (Yaaqob jedhamee inni beekamu) yommus, maqaa beekamaa ture. Namichi kun egaa kan ergaa kana barreesse isa yoo ta’e inni isa waldaa geggeessaa ture Yaaqobuma “isa tolaa” jedhamee beekamu ta’; kunis kan inni argisiisu ogummaadhaan kan geggesse waan durfamuu qabu dursee, warra irraanfatamanii fi irra ejjetamaniif dursa keennamu kennee kan gargaare jechuu ta’aa. “Macaafi fak-keenyaa Kakuu haaraa,” amantii qabatamaan akka nama Waaqa-yyootti jiraachuu fi oggummaadhaan akka nama Waaqayyootti ded-deebi’uu irratti xiiyyeffate.

Barreessaan kutichaa yaaqoob Kristaanota isa dubbisan kan jajja-beessu “Warra dubbicha hojii irra oolchan ta’aa malee, warra dha-ga’uu duwwaadhaan of gowwoomsan hin ta’inaa!” (Yaaqob 1:22) akkasuma immoo, beektonni amantii jirenyu qulqulluu yeroo dheeraa turu innis rakkatoota gargaaruu fi hawwaasa naannoo isaaniin saamamanii midhaman ol qabuuf kan jajjabeessuudha (Yaq.1:27). Yaq.2:1–9 fi 5:1–5dubbisi. Ilaalch yaaqob namoota sooreyyiif qabu hawwaasa kan biraaf kan inni qabu irraa akkamittiin adda ta’e. Haw-waasa amantootaa keessatti sooreessii fi hiyyeessi akkamittiin ilaala-muu akka qabu gorsa addaa maalii qaba?

Yaaqoob waan gaggaaifi, eebbaa Waaqayyo iyyuu rakkataa fi haw-wuun (isa Waaqayyoo siif haa kennu jedhan) warra rakkina qoraa fi beelaan waxalamaa jiraaniif homaa akka hin goone dubbbata. Waan nyaataniif uffatan ofii isaaniif kennuun eebba guddaa isaaniif haw-winee akkasumaan bira darbuu keenyaa caalaa isaaniif dhimmuu keenya argisiisa. (Yaaqob 2:14–16). Yaaqob fakkeenya walitti dhu-feenya amantii fi hojii kana hariiroo nu Waaqayyoo wajjin qabnu-un fayyadamee dubbata. (Yaq 2:8) keessatti isa Yesus waa’ee ollaa keenyaa jaallachuu dubbatee abboommiin kun kan guyyaa guyyaatti itti hoijetamu ta’uu barsiise irra deebi’e. Tajaajila nuyi Waaqayyoo fi namaaf goonu keessaan jiraatama, kanaan fayyina bitachuuf utuu hin taane, waan amantiin dhugaan ittiin mul’atu wan ta’ee?

Jimaata

Hag.30

Yaada Dabalataa: Ellen G. White, “Dorcas—Her Ministry and Its Influence,” pp. 66, 67, in Welfare Ministry; “A Liberal Church,” pp. 335–345, in The HoE. of the Apostles; “This Is Pure Religion,” pp. 35–41, in Welfare Ministry.

“Fayyisaan waldaan isaa ishee warra gaddan, lubbuu isaaniin warra qoraman gargaartu bu’uuressuuf, isa gati-jabeessa lubbuu isaa kenneef. Gareen amantootaa tokko hiyyeessa, kan hin baratin, kan hin beekamne, ta’uu danda’u; garuu, Kritoosiin keessatti mana, ollaa, waldaa, biyya isaaniitti hojii barabaraaf ta’uu danda’u hojjechuu in danda’u.”—Ellen G. White, The Desire of Ages, p. 640.

“Amntoonni dhamma’inni isaanii wangeela biyya dukkanaatti erguu akka danda’e galeeraaf waan tureef hojiin ofittummaa hin qabne waldaa jalqabaa geejjiba gammachuu keessa isaan buuse. Kennaan isaanii ayyaana waaqayyoo akkasumaan akka hin fudhatin dhugaa ba’a. Bilisummaa akkasii hafuuraan qullaau maalee maltu fidaa?

Ija amantootaa fi warra hin amannee keessatti inni dinqii ayyaana Sanaa ture.”—Ellen G. White, The HoE. of the Apostles, p. 344.

Gaaffilee Maree:

- 1.Boqonnaalee muraasa jalqabaa HoE. keessatti akka hawwaasa ibsamee Waldaan kee ta’uu kan dandeessu akkamitti? Tarkaan-fin qabatamaan bulchiinsa waldaa kee keessatti waldaa kallatti kanatti geessuuf ta’uu qabu maaliidha?**
- 2.Adveentistiin guyyaa 7ffaa guutummaa addunyaa, seera ittiin kurnaffaa fi kennaa caasaa sadarkaa hundumaaf qoodu qaba. Bu’aan akkasittiin qooduu kun maaliidha?**
- 3.Qajeelfamni jirenyaa kan akka Rom 12, fakkeenyaaaf, qabatamaan itti jiraatamuu kan danda’aniidhaa? Biyya lafaa kana keessatti hojii irra oolfamuu kan danda’uu dhaa?**
- 4.Yaaqob 5:1–5 dubbii cimaa waan akka dheekkamsa kakuu moofaa keessaa kan fuudhame dubbata.Dubbiin ciccimoon akkas maaliif qajeeltoof barbaachisoo ta’uun argame?**

Cuunfaa: Ergama Yesusii fi humna hafuura Qulqulluun dhiibamanii bartoonnii fi amantoonni bara jalqabaa hamma isaaniif danda’ametti ergama Yesusiin baballisuuq ka’an.barsiisa Yesus fi barreffama Ibrootaa irraa fudhachuudhaan, waan qaban warra homaa hin qabnee wajjin, uummata ofii isaanii keessa ala iyyuu, qooddachuudhaan waldaan jaarraa jalqabaa hawwaasa haraa ta’anii barsiisii fi fakkeenyi isaanii ergaa isaanii isa garuma waldoota sanaatti barreffame keessatti galmaa’ee jira. Kristaanonni jalqaba amantoonni akka isaan amanamummaa qabaatanii fi warra homaa hin qabne sana tajaajilaniif kakaasaa turan.

Wangeela Jiraataa

Sanbata Waaree Booda:

Barumsa Torban Kanaaf Dubbisi: Rom.8:20–23; Yoh.3:16, 17; Mat.9:36; Efe.2:8–10; 1Yoh.3:16, 17; Mul.14:6-7

Heertuu Yaadannoo: “Isin ayyana Waaqayyooti-in karaa amantii fayyifamtan; inni immoo kennaa Waaqayyoo ti malee, gochaa ofii keessanii miti; ho-jiidhaanis miti, namni tokko illee akka ittiin of hin janyetti. Nuyi hojii harka isaatii ti, hojii gaarii isa Waaqayyo duraan dursee qopheesse keessa akka deddebinuuf karaa Kristos Yesus uumamne.”

(Efe 2:8–10)

Akkuma waa’ee abboommii Waaqayyoo dubbanneen, qorama abboommii Waaqayyoo eeguun keenyaa fayyina keenyatti waa dabaluu, akka Waaqayyo ija addaan nu ilaalu, godhu taasisinaa jechuu fi akka ulaagaa fayyinaatti ilaallee balaa keessa of galchuu jalqabna.

Garuu macaafni qulqulluun nu cubbamoonni ayyana Waaqayyoonii fi du’ a inni bakka keenya ta’ee faannoo irratti nuuf du’een fayyuu keenya irra deddeebi’ee nutti hima. Tarii karaa kamiinuu kanatti maal daballaree? Yookiin immoo, akka Ellen G. White barreesitetti: “waan gaarii, qulqulluu, ba’eessa, jaallatamaa ta’e nama keessa jiru akka gahee fayyina keenyaaaf gumaachineetti qabnu hundumaa utuu walitti qabnee, mata duree isaa ergamaatti kenninee yaadumti isaayyuu akka nama biyya dabarsee kenneetti (gantummaatti) nurkatti didama.”Faith and Works, p. 24.

Kanaafuu hojiin hiyyeessotaaf araaraa fi gara laafina gochuu keenya iyuu akka warra seeratti qabamanii nu gochuu hin qabu. Faallaa isa, beekumsaa fi jajannoo fayyina keenyaaf qabnutti guddachaa yommuu adeemnu hidhaan jaalala Waaqayyoo fi yaadni inni hiyyeessotaaf fi hacuucamootaaaf walitti hidhu, nus kanuma akkasii qabaanna, jaalala isaa kan fudhatanis in taana. In fudhanne; in kennina. Ham-mam akka Waaqayyo nu jaallate ilaallee, hammamis akka inni warra kaan jaallatu in argina, waamicha inni akka isaaniin jaallannuuf nuuf godhus in beekna.

*Barumsa Torban Kanaa qoradhuutii sanbata Ful 7f qophaa'i.

Jalqaba Torbanii

FUI.1

“Waaqayyoakkana ... Jaallateera”

Yoh.3:16, “Waaqayyo akkasitti . . . jaallateera” jedha, jechi bu’uraa afaan Griikiin, ‘kosmos’ kan jedhu “biyya lafaa akka uumamtetti jechuu dha, waan tooraan qixeeffame tokko.” The SDA Bible Commentary, vol. 5, p. 929. Heertuun kun waa’ee fayyina namootaati. Garuu karoorri fayyinaammoo uumama hundumaaf kan ta’uu dha. Rom.8:20–23 dubbisi. Kun dhimma ballaa karoora fayyinaa keessa jiru maal nu barsiisa?

Dhugaadhumatti, sadarkaa tokkoffaa irratti, hariroo dhuunfaatti Waaqayyoo wajjin qabnu keesatti waa’ee hunduma keenyaati. Wanti kana irra caalus jira. Qajeelummaan cubbuun keenya nuuf dhiifamuu qofaa miti. Karaa kan biraa karaa Yesusii fi humna Hafuura qul-qulluu Gooftaan maatii Waaqaa warra dhiifamni isaaniif ta’uu fi mir-kaneeffannoo fayyina isaanii waantoota baay’ee keessaa jechuudha, ayyaaneffatanii fi karaa hojii isaanii isa gaarii isaaf dhugaa ba’an uumuu dha.

Yoh.3:16-17 dubbisi. Heertuun 17ffaan kun akkamittiin isa 16 jiru hubannaa ballaa sana argachuuf nu gargaara?

Nu caallaatti Waaqayyo jaallachuu in fudhanna. Warra nuyi jaallannu in jaallata; nus sanatti in gammadna.warra nuyi wangeelaan qaqqabuu barbaadnus in jaallata; dhugaa kana hubachuun keenya isaniin bira dhaquuf kaka'umsa keenya ta'a. Warra nutti hin tolles inni in jaallata, warra nuyi sodaannus. Waaqayyo nama hundumaa in jaallata, iddo hundumaa kan jiran, addumaan warra jaallachuu dhiisuu dandeenyu iyyuu in jaallata. Uumamuun egaa karaa nuyi kun ta'ee ittiin arginu tokkoo dha. Macaafni qulqulluun akka ragaa gaarummaa Waaqayyootti irra deddeebi'ee naannoo keenya nutti argisiisa: “Kana yoo gootan ijomlee abbaa keessanii isa waaqa irraa in taatu; innoo aduu isaa warra hamootaa fi warra gaggariidhaaf in baasa, bokkaa isaas warra qajeelotaa fi warra jal'ootaaf in roobsa.” (Mat.5:45). Hammam illee kennaa Waaqayyoof deebiin nu kenninu kan akkamii ta'u iyyuu, Jireenyumtuu kennaa Waaqayyoo ti.

Waaqayyo kan nu uumee fi nu jaallatu ta'u beekuun hammam ilaachaa nuyi namoota biraa fi haala naannoo isaaniif qabaannu akkamittiin jijjiiruu danda'a?

Wixata

Ful. 2

Gara Laafinaa fi Qalbii Jijiirranna

Seenaan oduu fayyinaa fi wal'aansoo guddichaa kan wal keessa fuudhame, wa'ee dhugaa waa'ee jireenyaa isa biyaa laafaa fi waa'ee keenyaa beekuuf bu'uura ta'e akka dhugaa baanuuf nu waamee dha; innis immoo: biyyi lafaas nus kan kufne, kan addaan cinne, cubbamoota kan taanee. Biyyi lafaa kun amma akka uumameefitti hin jiru, ammuma illee fakkeenya isa nu uumee offittii qabaannu iyyuu nuyi qaama caba/kufaatii/ lafaati. Cubbuun jirenya keenya keessa jiru akkuma cubbuu isa dhukkubbii, hacuuccaa fi saamicha guutummaa lafaatti galcheeti.

Barumsa Sanbataa Gaessota

Kanafuu, nu dhukkubuun, nutti toluu dhiisuun, gadduun, balaa garaa garaa naannoo keenyatti arguun waanuma nu jaallannee ofiitti fidne mirga keenyaadha. Dhukkubbiin biyya lafaa kun akka nutti hin dhaga'amneef Roobootii/mashinii ofiin akuumma namaatti socho'u/lubbuu hin qabne ta'uutu nurra jira. Boo'ichi kitaaba Faarsaa kees-saa, boo'ichi Ermiyaasiifi raajota biroo, imimmaannii fi gara laafinni Yesus addumaan immoo, warra baay'ee dhukkubbiin hamminichaa nutti hammaatuuf, sirrii ta'uu/waanuma eegamu/deebii nuyi har'a biyya lafaa fi hammina isaaf keennaa jirruu nutti argisiisa.

Mat.9:36; 14:14, Luq.19:41-42, fi Yoh.11:35 dubbisi. Waan heertu-wwan kana keessa jiran keessaa akka Yesus gara laafinaan guutu kan taasise maal fa'i? Dhukkubbii naannoo keenya jiruuf garaa lafaa akkamittiin qabaachuu dandeenya?

Cubbuu fi hamminni callisaniidhuma jiraachuu isaanii yookiin bu'aadhuma kufaatii nama ta'e tokkoo akka hin taane yaadachuun nurra jira; nus cubbamoota. "Cubbuu hin qabnu yoo jenne of in sos-sobna; dhugaanis nu keessa hin jiru." (1 Yoh 1:8). Raajii macaafa qulqulluu hubachuu keessatti, cubbuun kan mancaasu ta'uun sababi-idhuma namni tokko "seera cabseef" utuu hin taane, sababii cubbuu hariiroo Waaqayyoo fi saba isaa gidduu jiru cabseefi sababii cubbuun keenya namoota miidhuuf. Kun sadarkaa xinnaatti yookiin gud-daatti ta'uu kan danda'uu dha, cubbuun cubbuudhuma.

Ofittummaan, doqnummaan, garraamummaa dhabuun, wal caalchi-suun, wallalummaa fi maal na dhibdeenuu hidda, hammina, firdii jallisuu, hiyyummaa, fi cunqursaa lafaati. Kanaafuu cubbuu keenya himachuun immoo rakkoo cubbuuf fala barbaaduu keessatti tarkaan-fi isa jalqabaa, akkasumas jaalala Waaqayyoo garaa keenya kees-satti bakka isaa akka qabatu gochuufis tarkaanfi duraati: "Cubbuu

keenya yoo isatti himanne, inni amanamaa fi qajeelaa waan ta'eef, cubbuu keenya nuuf in dhiisa, jal'ina keenya hundumaattiis nu qulleessa.” (1 Yoh.1:9).

Ofii kee ilaaliiti (utuu baay’ee ofitti hin siqin yookiin hin fagaatin). Karaa kamiidha atiyuu kan cabdee qaama rakkina guddichaa kan taate? Deebiin tokkichi, iddoon tokkichi ilaallatan maalii dha?

Kibxata

Ful.3

Ayyaanaa fi Hojii Gaarii

Efe.2:8-10 jecha mataa keetiin ibsi. Hariiroo ayyaanaa fi hojii gaarii gidduu jiru kun akkamittiin ibsa?

Waan baay’ee wajjin macaafni qulqulluun kan nutti himu, nuyi uu-mamuun keenya Waaqayyoon waaqeffachuuf warra kaan immoo tajaajiluuf. Yaadumaan biyya cubbuun keessa hin jirre kan ilaallee maal akka inni fakkaatu tilmaamuu in dandeenyaa?

Ammaf, sababii cubbuu, biyya cubbuutti kufte cabduu beekna. Akka tasaa nuuf, ayyaanni Waaqayyo, inni aarsaa Yesus keessaan isanni cubbuu biyya lafaaf godheen argamee isaan ibsame, isaan karaan dhiifamni cubbuu fi fayyinaa nuuf baname. Kanaafuu cabiinsuma lafaa kana keessattuu jirenyi keenya guutummaatti hojii harka Waaqayyo waan ta'eef Waaqayyo akka ‘shiirkatti’ isaa wajjin barbaadnee,fayyifnee warra miidhame akka bakkatti deebifnuuf Waaqayyo dhimma nutti in ba'a. (Efe.2:10). “Warri fudhatan warra kaaniin ga’uu qabu. Kallattii hundumaa irraa sagaleen gargaasaaf in dhufa. Waaqayyo immoo namoota akka keenyaaf akka hojjennuuf nu waama. “—Ellen G. White, The Ministry of Healing, p. 103.

Ammas, Waaqayyo wajjin dhaabachuudhaafi fayyina ittiin argachuu hojii gaarii hin hojjennu hiyyeessaaf giddii hin qabnu, warra hacuucaman ol hin qabnu, warra beela'an hin nyaachifnu. Akkas utuu hin ta'in, akkaataan nuyi itti of hubannu, cubbamoota cubbuu

harka bu'an, haa ta'ummoo malee warra Waaqayyo jaallatee nu fayyise ta'uu keenya hubanna. Qorama mataa ofii giddu galeessa godhachuun, doqnummaan qoramaa jiraannu iyyuu, mataa isaa aarsaa kan godhee fi kan gadi of qabe ayyaanni jirenya haaraa fi jaalala jirenya keenya jijjiiru nuuf laateera.

Gara fannooyommattii ilaallu, isa guddaa fi guutuu ta'e aarsaa nuuf ta'e waan kristoosiin nuuf kennname irratti homaa akka dabaluu hin dandeenye hubanna. Akkas jechuun immoo akka deebii waan Kristos keessaan nuuf godhameetti homaa waan goonu hin qabnus jechuummoo miti. Gama biraatiin, waa'ee isaaaf waan jennu qabaa-chuu qabna malee, jaalala warra kan birootti argisiisuu irra kan caalu karaan ittiin jaalala isaa kanaaf deebii laannu maaltu jiraree?

1Yoh.3:16-17 dubbisi. Deebii nuyi fannoof qabnu heertuun kun ak-kamittiin haala cimaan qabata?

Roobii

Ful.4

Namummaa Hunduma Keenya

Tajaajilaa fi barsiisa isaatiin, hundumaa kan hammatu ta'uu argisi-iseera. Ilaalcha amanamaadhaan xiyyeefannoo isaa kan barbaadan hundinuu dubartii maaqaa hin taane qabdu yoo ta'es, isa qaraxa funaanu ta'us, lamxii, warra samaariyaa, hangafa dhibbaa warra Roomaa, geggeessitoota amantii, yookiin mucoolii—hundumaa iyyuu simannaa ho'aadhaan ofiitti fudhate. Akkuma waldaan jalqabaa haala jijjiiruun hubatan, kun kennaa fayyinaa of keessaa qaba. Amantoonni jalqabaa wangeelli hundumaa of keessaa qabaachuu akkuma suuta suutaan hubatan, amantii isaanii irratti hojii gaarii itti dabalanii waan caalu gochuu inni kennamee waan hanqateef hojii gaariidhaan itti guutuuf miti. Akkuma, isaan jirenya, tajaajilaa,

Barumsa Sanbataa Gaessota

fi du'a Yesus keessatti argan inni walakkeessa hubannaas wangeela isaanii ture. Gaffii fi dhimma ka'e irratti wal'aansoo utuma qabaa jiraanii, dura akka dhuunfaatti Phaawulosii fi Phexros (HoE.10:9-20), achiimmoo akka waldaatti, maree Yerusaalem keessatti, (HoE.15), kana booda geddarama dinqisiisaa oduun gaariin kun jaalala Waaqayyoo fi guutummaa isaa beekuu keessatti fiduu fi warri nuyi duuka buutuu isaati jedhan akkamittii akka jiraatan hubannaas argatan.

Waa'e hundumtuu nama ta'uu hertuun kanatti aananii jiraatan maal nu barsiisu? Ilaalcha nu namoota biraaf qabaannu irratti akkamittiin dhiibbaa uumsu?

Mil.2:10 _____

HoE.17:26 _____

Rom.3:23 _____

Gal.3:28 _____

Gal.3:28 Cuunfaa macaafa qulqulluu isa Yesus fakkeenya nama Samariyaa gaarii sana dubbateeti. Eenyuudha tajaajiluuf kan dirqaman jechuurra, dhaqidhuma tajaajili, tarii immoo, warra tajaajiluun irraa hin eegamneen tajaajilamuuf of qopheessi. Wanti name akka maatii addunyaatti waliin qabu caalaatti kan hubatamu maatii warra wangeelaan walitti hidhamanii keessatti yommuu ta'u kan fayyisu jaallalli Waaqaa isa keessatti tokko akka taanu nu waama: "Nuyi Yihudooni, warri Yihudoota hin ta'inis, warri garbummaa jala jiran, warri birmaduunis hundumti keenya dhagna tokko ta'uudhaaf hafuurra tokkoon cuuphamneerra, nuyi hundumti keenya akka dhugnuufis hafuurri qulqulluun inni tokkichi nuuf kennameera." (1Qor.12:13).

Wangeela Barabaraa

Waamichi nama jijjiiruu fi waamichi wangeelaa inni “Kana booddee ergamaan biraa tokko, wangeela isa bara baraa baatee, warra lafa irra taa’anitti, saba hundumaatti, gosa hundumaatti, afaan dubbatamu hundumaatti, nama hundumaattis labsuudhaaf” (Mul.14:6) seenaa Kristaanummaa hundumaa keessatti itti fufe. Garuu, bara dhumaatti, oduu gaarii waa’ee Yesusii fi waan isa wajjin dubbatamu akka haareffammee lallabamu Mul’ati in ibsa.

Mul.14:6-7 dubbisi. Akkuma hundumtuu wangeela hubatutti, inni Yoh.3:16 cuunfamee kaa’ame, ergaa ergamoota sadanii kana keessumaa lak.7 Akkamitti of keessatti hammata?

Mul.14:7 wantoota bantuu ta’an sadii of keessa qaba. Qorannoo kana keessatti akkuma hubanne guutummaa macaafa qulqulluu keessatti, Waaqayyo waa’ee cubbuu, hiyyummaa fi hacuuccaa akka isa yaachisuudha kan hubatamu.

Firdii: Waamichi waa’ee firdii qajeelaan akka kennamuuf— waamicha warra seenaa hundumaa keessatti dhiitamaa turanii irra deebi’aa. Akka carraa ta’ee, macaafne Waaqayyo boo’icha warra gadadamani akka dhaga’u in dubbata. Akkuma yeroo baay’ee macaafa Faarfanna keessatti ibsamu, fakkeenyaaf, warri karaa miidhaman firdii oduu gaariidhaan eeggatu.

Waaqeefanna. Barreffamni raajii warra Ibrootaa yeroo baay’ee waaqeefanna fi hojii gaarii walitti qabsiisa; addumaan immoo keessumaa waaqeefannaan warra nu saba Waaqayyooti jedhanii dogoggora keessa jiranii immoo itti fufuu wajjin walitti qabsiisa. Isaayas

58 keesssatti, Fakeenyaaf, Waaqeffannaan inni barbaadu gochaa garraamummaa fi eeggaannaa warra homaa hin qabneef godhamuu dha. (Isa.58:6-7).

Uumama. Akkuma ilaalle, sababiin Waaqayyo qajeelummaaf waamu inni maatii sanyiin namaa waliin qabaatu, hundumtuu isaan uumamnee isaan kan jaallatamnu, ilaalcha isaa keessatti gatii kan qabnu ta'uu keenyaa fi bu'aa dalgaaf fi doqnummaa warra kaaniif eenyullee miidhamuun, saamamuun akka irra hin jirre dha. Lallabni wangeelaa bara dhumaan kun ergaa waamicha oolchuu, fayyisuu fi bakkatti deebisuun dhala namaa cubbuutti kufuef qabuun fagaataa adeemuun hubatamaadha. Dhimma Waaqeffannaah dhugaa, sobaa fi ar'atamaa (Mul.14:8–12), Waaqayyo namoota haala rakkisaa keessatti illee abboommii Waaqayyoo fi amantii Yesusiif dhaabatan in qabaata.

Abdii fi akkeekkachiisa ergaa ergamoota sadanii keessa jiru waliif hiraa Karaa warra rakkina keessa jiraniif tajaajillu akkamittiin argachuu dandeenya?

Jimaata

Ful.6

Yaada Dabalataa: Ellen G. White dubbisi “ ‘God With Us,’ ” pp. 19–26, The Desire of Ages; “Saved to Serve,” pp. 95–107, in The Ministry of Healing.

“Waaqayyo guutummaa lafaa akka iddo wayinii isaatti ilaala. Amma harka isa saamtuu Sanaa keessa jiraatu iyyuu, kan Waaqayyooti. Deebisee furuudhaan uumaa keenya ta'uun isa uumuudhaan kan isaa taanee gadi miti. Biyya lafaatiif kan aarsaan Kristos ta'e. ‘Waaqayyo biyya lafaa jaallateera, hamma tokkicha ilma isaa kennuti.’ Yoh 3:16. Karaa tokkicha kennaa Sanaa hundumaaf kennname. Guyyaa guyyaatti guutummaan lafaa Waaqayyo biraa eebba fud-

hata. Cobni roobaa hundumtuu, guyyaa guyyaatti ifni nama warra galata hin qabne irratti ba'u, baalli, ililliinii fi firiin hundumtuu, danda'u Waaqayyoo fi isa guddaa jaalala isaa dhugaa ba'u."—Ellen G. White, Christ's Object Lessons, pp. 301, 302.

"Karaa Kristos Yesus isin hundumti keessan tokko; Yihudii yookiis Giriikii, garba yookiis birmaduu, dhiira yookiis dubartii gidduu garaa garummaan hin jiru.. (Gal.3:28, Efe.2:13).

"Garaa garummaan kamillee amantii keessa jiraatu iyyuu, waamichi dhala namaa dhiiphachaa jiruf ta'u dhaga'amee deebii argachuu qaba.

"Kan naannoo keenya jiran hunduu hiyyeeyyiidha, lubbuu ilaalamii jecha jajjabinaa fi gochaa gargaaru barbaadaniidha. Abbaa fi haadha kan hin qabne kan Waaqayyo adaraa isaanii duuka buuto-ta isaatti kenne ni jiru. Yeroo baay'ee isaan kun dagatamanii bira darbamuu. Kan bututan, amala gaarii kan hin qabne, kan nama hin harkifne ta'uun danda'u; isaan amma iyyuu qabeenyaa Waaqayyooti. Gatiidhaan bitaman, akkuma keenya Waaqayyoon biratti gatii guddaa qabu. Isaan maatii mana Waaqayyo isa guddichaati. Kristaanoni akka eegduu amanamootti itti gaafatama isaanii qabu."—Ellen G. White, Christ's Object Lessons, pp. 386, 387.

Gaaffii maree:

1.Hojji gaarii hojennee nama gargaaruu yaaduu keesatti, akka-mitti qorama gochi kun waan warra kaan irra caaluu fi oolmaa addaa ittiin Waaqa harkaa fudhannu nu fakkeessu attamittiin ofirraa ittisuu dandeenya?

2.Waldaan kee hawwaasa Kristosiin keessatti tokko ta'anii ga-raagarummaan tokko iyyuu keessa hin jirreedhaa? Akkamittiin kana irra caaluu danda'a?

3.Sababiin gargaaramuu isaanii rakkina irraa kan hafe wanti biraan kan hin jirre, warra rakkataniif gaarii gochuu fi dhugaa wangeelaatiin bira ga'aa kan jiru gargaaruu gidduu madaallii jiru akkamittiin sirreessuu dandeenya? Lamaanuu garagaaruu akkamittiin dandeenya, lamaanuu gochuun maaliif barbaachise?

Cuunfaa: Jaallalli Waaqayyoo akka karoora fayyinaa keessatti ibsamee jiru, jirenyaa fi aarsaa Kristos keessatti akka jiraatame dhiifama, jirenyaa fi abdii nuuf kenna. Akka fudhattoota abdii kanaatti kana namoota kaanii wajjin hirmaachuun nu barbaachisa; fayyina ittiin bitachuuf utuu hin taane, kun waan nuyi gochuuf uumamnee, ammas irra deebinee uumamneef waan ta'eef malee. Hamma kanatti egaa wangeelli kan nu jijiiree akka nuyi addumaan warra rakkataniif hojjennu nu taasisu.

Abdii Dhufaatii Jiraachuu

Sanbata Waaree Booda:

*Barumsa Torban Kanaaf Dubbisi: Luq.18:1-8, Mat.24-25,
1Qor.15:12-19; Lal.8:14; 12:13-14; Mul.21:1-5; 22:1-5.*

Heertuu Yaadannoo: “Jaallatamoo obboloota ko,
egaa utuu hin socho’in jabaadhaatii dhaabadhaa!
Itti dadhabuun keessan gooftaa biratti akkasu-
maan akka hin ta’in beektanii, yeroo hundumaa
hojii gooftaa caalchisaa hojjedhaa!” (1Qor.15:58)

Yesus mootummaa Waaqayyoo akka dhugaa qabataa isa nuyi
har’ayyuu itti hirmaachuu dandeenyuutti dhi’eessa. Labsiidhu-
ma wal fakkaatu gochuudhaan, wangeela lallabuu fi namoota tajaa-
jiluudhaan akka isaan jirenya mootummaa kanaa jiraataniif bartoo-
ta isaa erge. Innis tolaakkuma fudhatan toluma akka kennaniidha
(Mat.10:5-8).

Akkasumas immoo mootummaan isaa mootummoota kaan irraa
adda akka ta’e dubbiin Yesus ifaa ture; mootummaa lafa kanaa miti
(Yoh 18:36) garuu guutuu ta’ee in dhufa. Gadi of qabee foon uf-
fachuu isaan, tajaajila, du’aa fi du’aa ka’uu isaatiin mootummaan
waaqaa bu’uureffame; akkasumas immoo yeroon mootummaan
isaa kun guutummaatti mootummoota biyya lafaa kana bakka bu’u
mo’ichi Waaqayyoos guutummaatti ta’u akka jiru Yesus fuula du-
raatti eegaa ture.

Akkasittiin, Adveentistoonni warri dhufaatii sana eeggachaa jiran—
saba abdichaati jechuudha. Abdiin kun immoo jirenya haaraa dh-
ufaa jiru sana qofaa miti. Abdiin nuyi fuula duratti eeggannu ab-

dichumti immoo jirenya keenya ammaa kan jijjiiruudha. Abdii akkasiitiin waan gara fuula duraa abdachaa, har'ammoo jiraanna, kanaaf har'a garaagarummaa uumneetu jirenyi gaaf tokko ta'uuf eeggannu akkam akka inni ta'uuf barbaadnu argisiisfna.

*Barumsa Torban Kanaa qoradhuutii sanbata FUI. 14f qophaa'i.

Jalqaba Torbanii

Ful. 8

“Hamma Yoomiitti Yaa Gooftaa?”

Guutummaa seenaa Macaafa qulqulluu keessa, keessumaa warra garboomanii, booji'amanii, hacuucamanii, hiyyoamanii, yooki-in balaan, miidhaan irra ga'ee arganiif waamichi irra deddeebi'ee ta'u Waaqayyo akka gidduu seenuu saba Waaqaaf jira. Garboonni biyya Irootaa, Israa'eloони Baabilon, namoonni baay'een, Waaqayyo dhiphina isaanii argee dhaga'ee waan jal'ate akka qajelchuu Isa waammatan. Dubbiin macaafa qulqulluu, Waaqayyo saba isaa oolchee bakkatti deebisuu irratti hojjechuu isaa yeroo tokko tokko immoo, warra isaaniin cunqursan irratti tarkaanfii hadhaa'aa fudha-chuudhaan isaaniin oolchaa akka ture fakkeenya baay'eetu jira.

Garuu oolfamuun akkasii kun yeroo baay'ee gababaa waan ta'eef raajonni garaagaraa isa xumuraa gidduu seenuu Waaqayyoo eeg-gachaa akka turanii fi yeroo Waaqayyo hamminatti xumura godhee warra dhidhiitaman ol kaasu abdachaa turan. Akkasumas immoo, raajonni kun boo'icha isaanii itti fufuudhaan, “hamma yoomiitti yaa Waaqayyoo?” Jechaa turan. Fakkeenyaaf, ergamaan Waaqayyoo waa'ee booji'amuu Israa'elootaa “Yaa Waaqayyo gooftaa maccaa! Hamma yoomiitti mandara Yerusaalemii fi mandaroota Yihudaa warra wagga torbaatama itti dheekkamte kanaaf araara hin deebiftu ree?”(Zak. 1:12) jedhee gaafate.

Barumsa Sanbataa Gaessota

Yeroo toloonni miidhaman, saamamanii fi hiyyooman, waa'ee milkaa'inaa fi carraa gaarii warra jal'otaaf ta'uuf Macaafni Faarfannaan boo'ichaan guutuu. Faarfannaan, biyyi lafaa akka Waaqayyo yaadee uumeefitti waan hin jirreef, Waaqayyo immoo boo'ichaa raa-jotaa fi hacuucamtootaa akka dhaga'u abadachuudhaan irra deddee-bi'ee akka Waaqayyo gidduu seenuuf kadhachuun kan guuteedha. "Hamma Yoomiitti yaa gooftaa?" (Far.94:3-7).

Akka yaada kanaatti, namoota warra qajeelummaa Waaqayyoo beekanii, Waaqayyo immoo qajeelummaa saba isaaf akka barbaadu hubataniif qajeelummaa dhabuun waan ulfaataadha. Sabni Waaqa-yyoo yeroo hundumaa, jallina lafa gubbaatti ta'uu obsa hin qaban. Waaqayyo yeroon waan calluma jedhe kan fakkatu ta'uunis madda obsa dhabuu biraati. Kanaafuu, gaaffin raajonni gaafatan cicci-moon: "Yaa Waaqayyo! Hamma yoomiittan gargaarsaaf gara keetti iyya?" (Anb.1:2).

Kakuu haaraa keessas boo'icha wal fakkaatutu jira, iddo uumama-ni hundinuu, waaqayyo akka oolchuu fi lammata uumuuf waan bo'aamu fakkaatu dha (Rom.8:19–22). Mul 6:10 keessatti, boo'ichi kun "hamma Yoomiitti yaa Gooftaa?" gama warra amantii isaaniif jedhanii du'a aarfamuu du'an bakka bu'eeti. Booi'chi kun, gama warra miidhamanii fi hacuucamanii Waaqayyo akka gidduu seenu gaafachuudha.

Luq.18:1–8 dubbisi. Deebiin Waaqayyo irra deddeebi'ame kan iyyamuu fi kadhata kanaaf maal akka ta'e Yesus maal dubbate? Kun barbaachisummaa amantii wajjin akkamittiin wal qabata?

Gosa Abdii Tokko

Amantii jirenya ammaa kana irraa amantoota ittisee jirenya isa du'a boodaatti geessaa jechuudhaan komatamaa ture. Komeen yookiin ceephoon isaa waan kan biraa irratti xiyyeefachuu qoodamuu qulqulla'aa isa amntoota kanaa fi hawwaasa irraa fayyidaa xinnaatu akka eeggatan godhuudha. Yeroo tokko tokko, ilaalcha, lallaba fi shaakala akkasii gochuun, amantoonni cheephoo akkasii keessa of galchu.

Akkasumas immoo, warri aangoo irra jiran warra hiyyeessaa fi cunqurfamoodhaan yeroo isaan calluma jedhaatii carraa keessan fudhadhaa amma, wanti hundumtuu gaafa Yesus dhufu in srrataatii kan jedhan fakkeenyi jibbisiisoonis jiru.

Dhugaadhuma, dacheen keenya kuftuu, kan cabde, iddo rakkinaadha, yeroo waaqayyo waan jal'ate hundumaa qajeelchu, yeroo inni firdiin jal'achuu, dhukkubbii, gadda dhumatti fidee, mootummaa amma jiran isa ulfina qabeessa mootummaa qajeelummaatiin bakka buusu abdachuu keessas dogoggorri hin jiru. Karaa bira, abdii fi waadaa sana malees gatii maalii qabna.

Lallaba isaa Waa'ee dhuma biyya lafaa irratti, (Mat.24 fi 25), Yesuus gara caalaa lallaba kanaa keessatti waa'ee karaa ba'umsaa “Guyyooni sun utuu gabaabbachuudhaa baatanii, namni tokko iyyuu hin fayyu ture; amma garuu warra fo'amaniiif jedhanii guyyooni sun gabaabbachuuf jiru.” Hamma jedhutti gahe (Mat.24:22). Kun seensa ibsa barbaachisummaa waadaa Waaqayyooti. Karaa ba'umsaa Irraati xiyyeefachuu, jalqabuma irraa qabee amala abdii Kristaanotaa ti; ta'uu baannaan booda waan Yesus jechuu barbaade gadi faggeenyaan yaadachuu dhiisuu waan danda'aniif ba'umsa sana irratti xiyyeeffate.

Mat.24 fi 25 dubbisi. Lallaba yesus kan ati dubbiste irraa xuqaan baay'ee barbaachisaan maalii dha? Yommuu dhufaatii isaa eeg-gachaa jirru kana akkamitti akka jiraannu kan walitti nuuf qabu ajja-ja Yesus akkamittiin walitti qabda?

Waa'ee gara fuula duraa waan amanne, akkaataa nuyi har'a jiraannu irratti dhiibbaa kallattii barbaachisaa ta'e qaba. Waadaa Waaqayyoo, waa'ee waan gara fuulduraatti ta'u irratti hirkachuun gaariin, kakaftuu hirmaannaa jabaa, qaanqee jireenyaa guutuu fi gadi fa-geenya qabu isa warra kaan biratti garaagarummaa argamsiisu nama qabaachisa.

Abdii fi waadaan nuyi deebi'ee dhufuu Yesus irratti qabnu akkamitti amma akka jiraannu akkamittiin nu argisiisa? Keessumaa haala wara rakkina keessa jiran gargaaruu keessatti?

Kibxata

Ful. 10

Abdii Du'aa ka'uu

Abdiin Kristaanonni dhufaatii Yesus isa lammaffaa irratti qabaatan, jireenyuma ifaa fuula duratti eeggachu qofa miti. Kristaanotaaf, qamaan du'aa ka'uun Yesus abdii deebi'uu isaatiif dhugaa jabaataa kenne. Du'a keessaa deebi'uu ergaa danda'ee—ofuma isaanii kan dhugummaa isaa dubbatan, inni raawwii hojii isaa sana, cubbuu fi bu'aa cubbuu baasee biyya lafaa haareessuufis in dhufa. (1Qor.15:22-23).

Ergamaa Phawulosiif, bantuu abdii deebi'ee dhufuuti. Dhugummaa waan barsiise hundumaa dinqii seenaa Yesus keessatti ta'e kanaan milikkiteeffachuu yaade. “Kristos du'aa hin kaafamne erga ta'ee, amantiin keessan immoo waa'ee hin baasu, cubbuun keessan ammuma iyyuu isin irra jira.” (1Qor.15:17). Jechoota asitti dhimma ba'aman ilaaliiti waan nuyi abdannu hundumaafuu du'aa ka'uun hammam barbaachisaakka ta'e yaadi.

1Qor.15:12–19. Nama hin amamne ta’e kana dhaga’uu kan barbaadetti dhugaan du’aa ka’uu abdii kristaanotaaf barbaachisaa ta’uu akkamittiin ibsitaafii?

Waa’ee Yesus isa du’aa ka’ee dhugaa ba’uun bartoota warra jalqabaa in jijjiire. Akkuma argine, akka dhaqanii mootummaa Waaqaa sana lallabanii isas fakkaataniif duraanuu isaaniin ergee ture. (Mat.10:5–8), Garuu du’uun Yesus akka isaan laafanii fi abdiin isaanii hundumtuu burkutaa’u godhe. Ergamni isaanii inni boodaammoo, (Mat.28:18–20), Yesus du’aa ka’een kan kennamee fi dhufaatii Ha-fuura qulqulluun kan jabeeffame (HoE. 2:1–4) yommuu ta’u, daandii biyya lafaa jijjiiruu fi mootummaa waaqaa isa Kristos dhaabe jiraachuu irra isaaniin buuse.

Humnaa fi sodaa du’aattii bilisoomanii, amantoonni durii sodaa tokko malee maqaa Yesusiin jiraatanii namaaf hiran. (Fakkeenyaaaf, 1Qor.15:30-31). Cubbuudhuma du’a fidutu dhukkuba, wal miid-huu, hiyyummaa fi hacuuccaa bifaa garaagaraa fida. Garuu, sababii mo’icha Yesus du’a irratti qabaatee, kun hundumtuu gaaf tokko in hafu. “Hundumaa booddee diina keenya du’atu golgoleeffama.” (1Qor.15:26).

Dhuma irratti, dhimma amma irratti gargaarru, isaanuu in badu. Dhugaan jabaan kun warra kaan abdii isaan du’uu fi du’aa ka’uu Yesus keessatti argatan akkamittiin beekuu barsiisuu dandeenya?

Roobii

Ful.11

Abdii Murtii

Lal.8:14. Dhugaa hubatamaa fi cimaa ta’e asitti barreeffamee jiru akkamittiin hubatta?

Muddamni, hacuuccaan, balaan baatamuun ofumattu cimaa yom-muu ta’u, hikkaa kan hin qabne yookiin kan hin hubatamin ta’ee hafuu immoo caalaatti ulfaachisa. Gaddi hikkaa kan hin qabne ta’uun ba’aa jalqabaa sana irra ulfaataadha. Akkama biyya xumura/firi hojii isa dhumaan/ hin qabnee, firdiin jal’achuunis jireenya hiik-

Barumsa Sanbataa Gaessota

kaa hin qabaanne isa hamminaan guutuudha. Shakkii malee warri Waaqayyo hin jiru jedhan jaarraa 20ffaa keessa jiraatan, wanti isaan amanan hiikkaa dhabuu haala dhala namaa ta'uuf boo'aniiru. Abdii firdiin qajeeluu qabaachuu malee, abdii firdiin kennamuu malee, abdii wanti jallate qajeeluus hin jiru yoo ta'e, dacheen kun biyya hiikkaa hin qabne taati.

Garuu boo'ichi kitaaba Lal.8:14 dhuma seenaa Sanaa miti. Naan-noo dhuma fincila isaatti, Solomon dafee deebi'e. Boo'icha waa'ee hiikkaa dhabuu keessatti, akkas jedhe, bu'uurumaan: yeroo muraasa obsaa, Waaqayyo faraduufii, wanti hundinuu hiikkaa malee akka hin taaneef; dhugumas immoo, namni hunduu fi wanti hundumtuu hiikkaa qabaata.

Lal.12:13-14 dubbisi. Wantoonni nuyi asitti hojjennu hammam barbaachisoo ta'uu isaanii maal jedha?

Abdiin firdii waan namni tokko waa'ee amala Waaqayyoo, waa'ee jirenyaa fi wa'ee biyya keessa jiraataa jirruu waan nuyi amannu tokko irratti gadi in dhufa. Akkuma argine, biyya lafaa isa Waaqayyo uumee fi jaallate, garuummoo, biyya lafaa ishee karaa/karoora/ Waaqayyoo irraa kaattee, Waaqayyo kun karaa jirenyaa fi du'a Jesus keessaa bakkatti ishee debisuuf hojjechaa jiru, keessa akka jirru macaafni qulqulluun cimsee dubbata. Firdiin Waaqayyoo biyya lafaa kana kan sirriitti deebisu qaama furtuu ta'eedha. Fiixee baayinaan doggora lafaa fudhatan/kan irratti ta'e/ irra warri jiran, warri gadi qabaman, tuffataman, cunqurfaman, saamaman abdii dhufa firdii isaaniif dhuguma oduu gammachiisaadha.

Guyyaa tokko karaa nuyi tasuma hin yaadin qajeelummaan nuyi baay'ee dheebonne dhufiun siif maal jechuudha?

Boo'ichii Fi Dhukkubbiin Egaa Hin Jiru

Mul.21:1–5; 22:1–5 dubbisiitii jireenyi akka asitti ibsame kana utuu ta'ee maal akka fakkaatu tilmaami jirenya akkasii kana cubbuu, du'aa, dhukkubaa fi imimmaan kan hin qabne yaaduun maaliif ulfaataa ta'a?

Macaafni qulqulluun cubbuu booda jirenyi keenya fakkeenyi kan hin qabne dinqisiisaa fi ulfina qabeessa ta'uu yommuu dubbatu een-yullee waan inni fakkaatu ka'uu kan hindandeenye ta'uun shakkii hin qabu. Biyya lafaa beeknu kana biratti biyya dhukkubbii fi mud-dama, du'a, sodaa, nfirdiin jal'achuu fi hiyyummaan keessa hin jirre tilmaamuun cimaa dha.

Warri kun kana achi hin jirre ta'uu duwwaa utuu hin ta'in, qaamu-maanuu akka inni nu xuqu in dubbata: "Inni imimmaan hundumaa ija isaaniittii in haqa; wanti duraa waan darbeef, egaa duuni deebi'ee hin argamu, gadduun, iyyuun, waraansis si'achi hin jiru!" (Mul.21:4). Qabiyyee kana keessatti warri fayyan, bara seenaa namaa hundumaa keessatti dhiphachuun gaddameefii, himuma kana keessatti gara xu-mura isaatti ol in ba'a. Dhiphinatti xumura fiduu duwwaas miti, dhu-unfaadhumatti ija isaanii irraa imimmaan hin haxaa'a malee.

Jirenyi cubbuu fi biyya dhugaa jallisuu fi balaafamtutiin Kan miidhamanii fi kan sodaachifaman, macaafa Mul'ata keessatti adeemsa fayyinnaa hunduma keenya karaa garaagaraa warri cubbuun nu miid-he ittiin fayyinu argisiisa. Muka jirenyaa yommuu ibsu, Yohannis yommuu ibsu akkas jedha: "baalli mukichaas saba biyya lafaa fayy-isuudhaaf in ta'a." (Mul. 22:2). Ammas, Waaqayyo yeroof garaan isaa gaddu, hubannaa isaas yommuu nutti mul'isu, nama ta'uu irrat-ti, miira keenyatti dhaga'amee, shaakallee, dubbannees, akkasumas jallina lafaa kana keessatti hirmaachuu ta'uu nutti mul'iisa. Karoorri

deebisee biyya lafaa uumuu isaa hunduma keenya fayyisee bakka keenya duraatti nu deebisuu of keessaa qaba.

Hamma sanatti, waanuma Kristos keessaan ta'uu dandeenyu barbaaduu, xinnaatus guddatus, gahee keenya raawwachuuuf, warra naannoo keenya jiranii gargaarsa keenya barbaadan tajaajiluudha. Kan fedhe ta'us jechi garraamummaa, nyaati ho'aan, gargaarsi wallaansaa, hojiin wallaansa ilkaanii, wayyaa itti uwvisuu, gorsuu in dandeanya. Waan goonu hundumaa garraamummaatti gochuu qabna- ofii keenya dhiifnee, aarsaa of gochuudhaan jaalala isa Kristos yeroo lafa gubbaa ture argisiise argisiisuu qabna.

Dhugumaan, hammam bareechinee dhamaanus, biyyi lafaa ammayyuu hammaachaa adeema. Yesus kana beeka; garuu kana beekuun isaa warra kaaniif akka hin tajaajille hin goone nuunis akka hin tajaajille nu gochuu hin danda'u.

Jimaata

Ful.13

Yaada Dabalataa: Ellen G. White, dubbisi “Called to Reach a Higher Standard,” pp. 309–322, in The HoE. Acts of the Apostles; “Desolation of the Earth,” pp. 653–661, in The Great Controversy.

“Sagaleen Waaqayyoo gara booji’amuu sabaatti yommuu deebi’e, yommus dammaqinni dhiphisaan wal’aansoo guddaa keessatti waan qaban hundumaa/carraa isaanii balleessan/ dhabanii in ta’a. Yeroon araaraa yommuu dabalamoof gowwoomsaa Seexanaatiin ija isaanii jaamsan, hojii cubbuu isaanii qajeeltootti ilaalan. Warri sooreyyiin warra isaanii gadi qaban irratti kooran; garuu sooromni isaanii iyyuu seera Waaqayyoo cabsuudhaan ture. Warra beela’an nyaachisu, warra daaran uwvisuu, hojii qajeelumma hojjechuu, hojii araara jaallachuu in didan... Gammachuuf sooroma lafaatiif lubbuu isaanii gurguran, Waaqayyoon biratti sooromuu hin barbaadne. Bu’aan isaa jireenyi isaanii kufee, gammachuun isaanii hadhaa’ummaatti deebi’e, qabeenyi isaanii badiisatti deebi’e.”—Ellen G. White, The Great Controversy, p. 654.

“Wali’ansoo guddichi in dhume. Cubbuu fi cubbamoonni egaa hin jiran. Guutummaan Waqqa fi lafaa qulqulluudha. Hargansuun walii galuu fi galanni iddo tokkoo guutummaa uumaatti dhaga’ama. Isa hundumaa uume biraa, jireenyi, ifnii fi gammachuun iddo hin daangofne hundaatti in burqa. Atoomii xinnoo tokkoo hanga bantii waqqaa guddaatti wantoonni lubbuu qabanii fi hin qabne, bareedina hin gaaddisoofnee fi gammachuu guutuudhaan, Waaqayyo jaalala ta’uu in dubbatu. Ellen G. White, The Great Controversy, p. 678.

Gaafilee maree:

1. Barumsa torban kanaa keessatti akkamittin akka ta’uu fi jireenyin lafaa kun maal akka ilaallatu ibsi. Waa’ee jireenya kanaa, waan fedhe ta’es Waaqayyo in balleessa waan ta’eef yaadda’uu nun barbaachisu warra jedhanii wajjin wal bira qabi. Dhugaa haaraa jiraachifamuu kana warra rakkina qaban naannoo keenyaa akka gargaaruu hin dhiifne akkamittiin of eeggachuu nu barbaachisa? Dhuma irratti Waaqayyo hundumaa iyyuu in qajeelcha waan ta’eef jechuudhaan, sana caalaatti wanti gadheen immoo, dhugaa kana fayyadamanii warra kaan kan miidhan keessaa akka hin taane akkamittiin eeggachuu qabna?

2. Waldaan adveentistii guyyaa torbaffaa dhufaatiin yeroo dhi’achaa adeemu, cubbuun, rakkinnii baay’achaa akka adeemu amanti. Yeroo wanti akkasii ka’u Mat 24 caqasuu ee-galla. Bara dhumaa akkasii akkamittiin akka ifa Mat 25 ilaaluu dandeenya?

Cuunfaa: Waaqayyo cubbuun akka barabaraan itti fufu hin eyyamu. Abdiin guddaan macaafa qulqulluu, cubbuun dhuma qabaachuu dha. Jallina fayyisee biyya haaraa uumee akka inni du-raan yaadame godha. Du’aa ka’uu Yesus irratti ijaaramee, abdiin kun har’u jijjiiree, tajaajila Waaqayyoo fi namootaaf goonutti nu jabeessee tajaajilaa deebi’ee dhufa isaa eegganna.

Araara Gochuu Jaallachuu

Sanbata Waaree Booda

Barumsa Torban Kanaaf Dubbifadhu: Mat.6:25–33; Yaq.1:5–8; 2:15, 16, Isa.52:7; 1Yoh.3:16–18; Isa.58:1–10.

Heertuu Yaadannoo: “Inni araara-qabeessa, oo'a-qabeessa, qajeelaas waan ta'eeef, warra gara-qajeelotaf ifni dukkana keessatti in ba'aaf. Namni araara argisiisuu fi namni liqeessu gaarii dha, inni jiruu isaa qajeeltootti in geggeeffata!” (Far.112:4-5).

Akkuma argine quuqama Waaqayyo hiyyeessotaa fi namoota hacuucamoof qabu akkasumayyuu, waamicha Waaqayyo gamuma saboota akkasiin ta'anii akka hojjetaniif waamamaniin guuteera. Dhimma kana irratti xiyyeeffannoон jiraatu iyyuu, ajaji macaafa qulqulluun kennname kun gar-tokkoo isaa qofatu raawwate; guuttummaatti kan inni raawwatamu deebi'uu Kristosiin irratti taatilee humna uumama kana alaa/super natural/ isatti aaneet ta'uun taasisfama.

Amma yeroo sanaatti jal'inni, dhiibbaa hafuura dukkanaa, isa kan Seexanaa fi ergamoota isaan guutamee bifa addaa addaatiin ittuma fufa. Yeroo baay'ee hamminni kun karaa hiyyummaa, miidhaa, cunqursaa, garbummaa, saamicha, ofittummaa fi doqnummaa keessaan argama. Biyya akkasiin keessatti, hawwaasi keenya, waldaa fi maatiin keenya gochuun isaa hammam cimaa ta'ullee jal'ina kana mormuutu irra jira. Deebii jaalalaa fi abboommii Waaqayyoon keessatti tajaajilaa fi aarsaa Yesusiif yommuu jiraannnu, hafuura qulqulluun geggeeffamnee, jabeeffamnee akka “Inni wanta gaarii ta'e sitti himeera. Yaa namaa! Wanta qajeelaat ta'ee fudhatame hojjechuu,

gaarummaa jaallachuu, gad of deebiftees Waaqayyo kee wajjin ded-deebi'uu malee, gooftichi maal si irraa barbaada ree?" Mik.6:8 akka jedhutti gara-laafeyyii, yaada wayii uumuu kan danda'an jagnoota ta'uu dandeenya

*Barumsa Torban Kanaa qoradhuutii sanbata Ful.21f qophaa'i.

Jalqaba Torbanii

Ful.15

Waan Mootummichaaf Durfaman

Barsiisa Yesusii fi barreessitoota kakuu iraa irratti akkuma ibsamee jiru, warri miseensa mootummaa waaqaa ta'anii jiraachuu filatan, amala adda ta'een jiraataniii kan biyyi lafaa durfatu caalaatti durfatiiru.

Mat.6:25–33 innimmoo waan nuyi durfachuu qabnu irratti dhiibbaa akkamii uuma?

"Jireenyi nyaata irra, dhagnis uffata irra guddaa in caala" akka caalu Yesus barsiiseera (Mat.6:25). Wantonni kun dhugaadhumatti barbaachisoodha, garuu ifa mootummaa Waaqaa keessaan ilaaluutu barbaachisa. Jirenya keenyaa karaa qabatamaa ta'e durfachuutu nurra jira jechuudha malee. Warra kan biraadhaaf eggachuuwaa-micha macaafa qulqulluu yommuu fudhannu, waamichi kun warra faana Yesus duukaa bu'uu barbaadaniif waan durfatamuu qabu ta'a. Haalumaan immoo waamichi kunis ofi keenya irra caalchifnee warra rakkatoo kana irratti akka xiyyeffannaas goonu nu taasisa.

Sadarkaaleen durfannaas kun hariiroo aangawwanii nuu fi namoota warra hacuucamoo irra jiran gidduu jiru jijiiri. Macaafni qulquluun bulchiinsa akka kabajnuu fi akka abboomamnuuf kan nu gorsu yommuu ta'u hamma danda'ametti (fakkeenyaaf, Rom.13:1–7), bakka itti waan Phexros jedhe dhageenyutti nu fida: " 'Nuyi namaaf abboomamuu irra, Waaqayyoof abboomamuutu nu irra jira.' "

(HoE.5:29). Yesus qajeelfamoota lamaan madaalli isaanii eeggtanii akka ta'anitti deebii gaaffii isa qoruuf gaafatan keessatti debise: ““Egaa mootichaaf, kan fudhachuun isaaf ta'u kennaa; Waaqayyoofis kan fudhachuun isaaf ta'u kennaa! ”” (Mat.22:21).

Warri aangoo qaban, mootummaa keessattis ta'e kan biraa, dhiibbaadhaan bakka sana turuu barbaadu. Akka jirenya Yesus keessatti arginemmmo, amanamummaan jiraachuun yeroo hundumaa haala hundumaa keessattis, hamaa duratti callisuu hin gaafatu. Fakkeenyaaaf, waa'ee garbummaa Ameriikaa keessa ture irratti, kan Ellen G. White barreessite: “yeroo seerri nاماا sagalee fi seera Waaqayyoo mormu, gatii inni nu kaffalchiisu kamiin ta'ullee, isa boodaan dubbatame kana eeguuf dirqamna. Seeri biyya keenyaa, garbicha akka gooftaa isaatti deebifnu nutti dubbata, nuyi kanaaf hin abboomanu, garuu seera kanaaf abboomamuu diduun keenya gatii inni nu baachisuu danda'uu qabna. Garbichi sun qabeenyaa eenyuyyuu miti. Gooftaadha guutummaatti abbaa qabeenyummaa isaa kan qabu; isa Waaqayyo ofiif uummate namni fudhachuun irra hin jiru, kan kootis jechuu hin danda'u.”—Testimonies for the Church, vol.1, pp. 201, 202.

Sarari geggeessitootaaf abboomamuu fi warra miidhaa isaaniif saax-ilamanif dhaabachuu gidduu jiru eessa jiraa?

Wixata

Ful. 16

Dadhabpii Gara-laafummaa

Carraa, ilaalchi keenya inni gaariin, “rakkoo biyya lafaa hundaan” liqimfamuu offirraa faccisa, baay'een keenya jirenya warra dhiphachaa jiranii keessatti garaagarummaa uumuuf caalchifnee hojjechuu in barbaadna. Warra rakkatan gargaaruuf deebii gaarii akka kenninu kan nu gargaaran gochaa fi ilaalchi tokko tokko jiru.

Barumsa Sanbataa Gaessota

Gara-laafina: Akkuma arginee turre, dhukkubbii warra miidhamaa jiranii beekuu fi hubachuun gochaa sanatti kan geessu tarkaanfii du-raati. Warra dhiphataniif miira guddatee nu keessa jiraatu qabachu-un nurraa eegama. Har'a namoonni waa'ee dadhabpii gara-laafinaa in dubbatu. Yaada baay'ee balaa fi gaddaaf saaxilamnee, baay'een keenya 'deggersa humnaa fi maallaqaa nu gaafatu keessa of gal-chine' jedhamuu dha. Yesus dhukkubbii fi hammina naannoo isaa jiru cimsee utuma beekuu gara laafinaan qabaa isaa ittuma fufe. Nus akkasuma gochuun nuuf ta'a jechuu dha.

Barumsa: Sababii haalotni haqi baduu fi deegummaan wal xaxaa ta'uu waa'ee haala kanaa waan baruu dandeenyu dhageeffannee baruun barbaachisaa dha. Namoonni sirriidhumatti nama gargaaruu barbaaanii jirenya namoota gargaaruu barbaadan Sanaa irratti rak-koo guddaa uumsan fakkenya hedduutu jira. Kun hojicha dhiisuuf sababa nuuf ta'uu kan hin dandeenye yommuu ta'u, karaa odeeeffan-noo qabnuu fi bu'a qabeessa ta'een itti hirmaachuun in barbaachisa.

Kadhata: Rakkoo yommuu arginu, yaadni keenya jalqabaa waan qa-batamaa gochuu dha. Garuu Macaafni qulqulluun Kadhati waan qa-batamaa sana ta'uu nutti dubbata. Hiyyeessotaa fi hacuucamootaaf akkasumas warra isaaniin bulchaniif kadhachuudhaan garaagarum-maa uumuu in dandeenya (1Xim. 2:1-2), kunis akkamittiin isaaniif gummaachuudhaan akka deebii laannuuf gargaarsa Waaqayyoo kan ittiin gaafannuu dha. (Fak.2:7-8).

Eegganno/maaltu ta'uu qaba: warra muddama keessa jiran baayyaannachiisuuf hojjechuu keessatti, wal xaxaa kan ta'e haw-waasummaa, siyaasa, haalaa dhuunfaa keessatt waan ta'uu qabu eeggachuu/abdachuu, wanti barbaachisaan biraa, waanti eegamu/ abdatamu/ maal akka ta'e tilmaamuudha. Abdiin keenya namoot-aa kan isaan duraan hin qabaatin carraa fi filannoo kennuufii dha. Yeroo tokko tokko waan namoonni kun filannoo argataniin godhan

abdii nu kutachiisa ta'a. Isaan dhibaman sana gargaaruuf, karaa ittiin hojjechuuf yaaluu dandeenyu hundumaa hojjechuuf, qajeelfamni nu geggeessu, "Waanuma namoonni akka isiniif godhaniif jaallattan, isinis akkasuma isaaniif godhaa" (Mat.7:12).

Yaq.1:5–8 dubbisi. Gochaa Kristaanaa keessatti kadhannaan gahee maalii qaba? Yaq.2:15-16 deebii kadhannaan keenya nuyi warra biraaf kadhanne keessatti waan nuyi dabaluu dandeenyu maali jedha?

Kibxata

Ful.17

Arjummaa

"Waaqayyo nama gammachuudhaan kennu in jaallata." (2Qor.9:7), arjummaan kennuun qaama jirenya Kristaanummaa isa barbaachisaa dha. Macaafni qulqulluun akka akkaataa kennuu keenyaa fi durfannaa maallaqaa keenya geggeessuu yoo eyyamne, arjummaan hojichaa fi horii kennuu keenya caalaa waan ta'uu dha.

Akkasi utuu hin taane, arjummaan ilaalcha jirenyaa keessatti isa baay'ee bal'aa fi qulqullina bantuu ta'ee warra Waaqayyoon soodaatan keessa jiruu ti (Far.112): "Namni araara argisiisuu fi namni liqeessu gaarii dha, inni jiruu isaa qajeeltootti in geggeeffata!" (Far.112:5).

Warra rakkina keessa jiraniif arjoomuu keessatti heertuuwwan kun maal barsiisu? Lew.25:35–37, Far.119:36, 2Qor.8:12–15, 1Yoh.3:16–18, 1Xim.6:17–19.

Xalayaan kakuu haaraa kana keessatti, Phaawulos arjummaa Waaqayyo deddeebi'ee dubbata—akka abdii Kristaanotaatti, guutumaatti Yesus jirenya isaa nuuf laachuutiin ibsame irra deebi'uudha "Wanta gaarii ta'ee nu keessatti Kristosiif hoijetu hundumaa hubattee, hojii amantii keessaa hirmaachuu kee caalaa akka mul'iftuuf nan kadhadha an, du'aa nuuf ka'uun isaas warra kan biraaf jirenya arjummaa akka jiraannuuf nu kakaasa "(Film.1:6).

Arjummaan ilaalcha nuyi jirenya isa bal'aa, hubatamaa, fudhatamaa ta'e irratti qabaannuu dha. Jirenya dhuunfaa, hawwaasaa fi aadaa keenyaa keessatti akka mataa kenya irratti akka ilaalcha baay'ee goonuuf nu kakaasa, amma dandeenyetti matuma keenyaaf yaaduudhaan yeroo hedduu mataa keenyaa, mataa keenya kan jedhu irra taana.

Yoo dhugaa ta'e, amnatiin keenya ofittii duunee namaaf akka jiraannu nu taasisa. Amantiin keenya akka Waaqayyo ilaalutti biyya lafaa fi namoota akka ilaallu nu taasisa; gaarummaa isaaniis ta'e kan kufan ta'uu isanii yommuu arginu warra rakkina keessa jiran hammuma dandeenye akka gargaarruuf fedhii nu keessatti uuma.

Akka amala jirenyaatti arjummaan, tumsitootaa fi gargaartotaan fudhatamee jaallatama. Arjummaan akkasii safaramuu kan danda'u fi qabatamaan waan hojjetamu dha. (Mar.12:41–44). Jirenyi arjummaa kennaa arjoominaa kamiinuu caalaa bal'aa fi gati qabeesa. Amala akkasii fudhachuuf itti jiraachuu, waan goonu arjummaan gochuun caalaatti nu barbaachisa. Namoota bay'eedhaaf arjummaan uumamumaan hin dhufuuf, hammamillee jirenyi cubbuu fi ofittummaa nu harkiseyyuu, inni ayyaana nuyi jirrenyan ibsinu waan ta'eef itti yaadnee kaayyoodhaan kan argisiifnuu dha.

Maallaqa kennuu biratti, arjummaa guddaadhan illee, karaan biraan kan jirenya hafuura kennaa akka qabaannu nu godhu maalii dha?

Roobii

Ful. 18

Nagaa Buusuu

Mat.5:9 dubbisi. Kan akka biyya keessa jiraannuu kanatti, waan yesus asitti dubbatu kana akkamittiin hojjenna? Dhuma irratti, ham-mam kan milkaa'eef ta'uu dandeenya? Mar.13:7.

Walitti bu'iinsi miidhaan guutan hunduu sababii dhiphinaa warra beekamoo dha. Baasii waraanaa keessatti kallattiin miidhamoonii fi

Barumsa Sanbataa Gaessota

jireenyi isaanii kan badu, xiyyeffannoo fi qabeenyi meeshaa waraanaf oolu utuu kan rakkatan sanyii dhala namaaf ooluutti deebi'ee gaarii ture, utuu warra waraanichi miidhe, warra mo'atan keessaa iyyuu jechuudha silaa jirenya isaanii kan ol qabu ta'a ture. Lolli xix-innaan kan jirenya namoota, maatii fi hawwaasa lakkobsa hin qabne irra godaannisa buusan hedduutu jira. Hanga kanattitu, fedhiin qajeel-ummaa aangoo nageenya buusuu isaa diduu dadhaba.

Walakkaa wangeela Yesus ayyanni Waaqayyoo fi gochaan nagaa buusuu isaa, namoota cubbamoo uumaa isaaniitti araarsu in argamu (2Qor. 5:18–21). Araarri nuy fudhannu immoo warra kan biraatti araaramuudhaaf/“ambassadors”/ bakka buutota isaa ta'uuf fakkeenya nuuf kenna.

Isa. 52:7. Heertuu kanaa ala akkamittiin jiraanna?

Wangeelli nagaan ammas biyya lafaa lolaan guutte kana keessatti hojj-echuuf kaka'umsa nuuf, bifa/fakkeenya/ fi meeshaa nuuf ta'e: “Garaan Waaqayyoo wajjin waliif galu hirmaattuu nagaa samii ti waan ta'eef dhiibbaa eebbfamaa warra naannoo isaa jiraatan irra in kaa'a. Hafuurri nagaa akka fixeensaa garaa dhiphina lafaan dadhabe irra in buufata.”—Ellen G. White, Thoughts From the Mount of Blessing, p. 28.

Lallaba gaaraa keessatti, Yesus akkas jedhe, ““Warri nagaa buusan haa gammadan, isaan ijoollee Waaqayyoo in jedhamu.”” (Mat.5:9). Kana fageessinee ilaaluudhaan, abboomii hin ajjeesin jedhu qofa jabeesse utuu hin taane, aaruu fi guungumuunuu isin irra hin jiru jedhe(Mat.5:21–26) diinota jaallannee warra nu ari'ataniif kadhachuu(Mat.5:43–48), kunis gaarummaa isaaniif yaaduuf tarkaanfi hojiin argisiifamu fudhachuu jechuu dha. Namoota jirenya isanii nagaa buusuudhan, mil'uu araaraa fi fayyinaa, warra miidhamanii fi hacuucaman dagalfachiisuutti yeroo isaanii dabarsan seenaa nama haarellu hedduutu jira.

Karaan waldaan kee, sadarkaa waldaatti, gocha nagaa buusuutti qooda fudhatte maalii dha?

Kamisa

Ful. 19

Warra Sagale dhabeeyyiif Sagalee

Solomon kan barreesse “calluma jechuun yeroo qaba, dubbachuunis yeroo qaba;” (Lal.3:7). Inni sirrii ture, madaallii akkasii eegachuun eenu keenyaafuu salphaa miti. Garuu, warra cunqurfamoo fi sagale dhabeeyyiidhaaf sagalee ta’uun yommuu dhufu, akka waldaatti yeroo sagaleen keenya dhaga’amuu qabutti baay’ee callisuun nurra jiraa?

Kristaanni yeroo baay’ee, waamicha Yesus waan silaa godhuuf hundumaa gochuufi sanatti qabsiisuudhaan, waa’ee harkaa fi miilla Yesus ta’uu dubbatu. Akka gahee raajii tokkotti akka macaafa qulluu keessatti ibsametti, waamichi Waaqayyoo dhiiraa fi dhala hundumaafuu, inni jalqabaa, sagalee isaa ta’anii gama Waaqayyoon warra inni falmuufiif barbaaduuf dubbachuu dha. (Far.146:6–10).

Isa.58:1–10 dubbisi. Ergaan kun, yeroo, bakkaa fi qabiyyee addaa keessaan kan kenname, yeroo, bakkaa fi qabiyyee biraa keessatti har’ a maal nuun jechaa jira? Bara Isaayas kana barreessee fi amma gidduutti geddarama akkamiitu jira?

Waamichi raajii Sanaa, kan inni qajeelummaa godhe karaa ittiin beekamtii argatan miti. Garuu ergama Waaqayyootiin kakaafamuudhaan, fedhii Waaqayyo qajeelummaaf qabu hubachuudhaan, waan godhan wallaaluun hiyyessotaa fi hacuucamtootaa itti dhaga’amee, hawwaasaaf waan gaarii yaduudhaan raajonni kun warra sagale dhabeeyyiidhaaf, bara isaanii, iddo Isaanii keessa, mormiin jiraatullee, itti toluu baatus, balaa qabaatuyyuu, sagalee ta’uu jaallatan (1Phe.3:17).

Hubannaah wangeelaa fi waamicha sana irratti hundaa’uudhaan, Yesusiin biyya lafaaf calaqqisuuf, waldaan Adveentistii guyyaa 7ffaas hammina biyya lafaa irratti hojjechuuf waan gumaachitu hedduu qabaatti.

Kan akka: “waldaan Adveentistii tarkaanfiin hiyyuummaa fi miil-too hiyyummaa kan ta’e wal-caalmaa irratti fudhatamu itti gaafatama hawwaasa Kristaanaa kan ta’e dhimma barbaachisaa ta’uu isaa amanti. Hiyyeessotaaf xiyyeeffaannoon Waaqayyo qabuuf duuka buutonni isaa namoota homaa hin qabnee fi dadhaboo kanaaf maal akka gochuu qabaniif eeggannoon isaa akkam akka ta’e Macaafni qulqulluun hubatamaadhaan kaa’ a (Luq.6:20). Hiyyeessotaa wajjin hojjechuu keessatti, barsiisaa fi fakkeenya Yesus faana buuna (Mat.25:35-36). Akka Haw-wasa hafuuraatti Waldaan Adveentistii Guyyaa 7ffaa, qajeelummaaf falmuudhaan, warra ofiif dubbachuuf sagalee dhabaniif sagalee taatee dubbatti.(Fak.31:8) Akkasuma immoo warri hiyyeesota irraa mirga isaanii fudhatan, in falmiti “Isaan dhugaa hiyyeessotaa balleessuudhaaf, saba koo keessaa warra gadadamoota firdii qajeelaa dhowwachuuudhaaf, ijoollota abbaan irra hin jirre saamuudhaaf, haadha hiyyeessotaa harka jala in galfatu (Isa 10:2). Waaqayyo ‘warra dhabaniifis dhugaa in baa-sa!’ (Dhugaa baasuu wajjin) (Far.140:12) hojjenna.” Seventh-day Adventist Official Statement on Global Poverty, June 24, 2010.

Jimaata

Ful. 20

Yaada Dabalataa: Ellen G. White, “A Higher Experience,” pp. 503–516, in The Ministry of Healing; “Duty to the Unfortunate” and “Man’s Duty to His Fellow Men,” pp. 511–526, in Testimonies for the Church, vol. 3; “Doing for Christ,” pp. 24–37, in Testimonies for the Church, vol. 2.

“Waaqa fi lafa keessa barbaadaa, hojji garraamummaa fi gara laaf-inaaawarra homaa hin qabneef godhamu caalaa dhugaan mul’achuu danda’u hin jiru; dhugaan kun dhugaa akkuma Yesus keessa jirutti jiruu dha. Warri maqaa Kristosiin waamaman hunduu yoo qajeelfama seera gati jabeessaa /golden rule/kana shaakalan, humni bara ergamootaa hojjete sun wangeela faana in bu’ a.”—Ellen G. White, Thoughts From the Mount of Blessing, p. 137.

“Jaalalli Waaqayyoo inni guddaa fi jaalalli ofittummaa hin qabne walii walii keenyaafii, kennaa gaarii abbaan keenya waaqaa kennuu danda’uu dha. Jaallalli akkasii miiruma utuu hin taane, qajeelfama samii humna dhaabbataa dha. Garaan hin quloonfne kana baasuu hin danda’u... garaa yesus keessatti mo’e qofatu baasuu danda’a. Jaallalli kun, lubbuu keessatti jaallatamee, jirenya mi’eessee dhiiibbaa quleessuu danda’uu naannoo isaatti gaddiseessa.”—Ellen G. White, The Acts of the Apostles, p. 551.

Gaaffilee Maree:

- 1. Akkuma barumsa torban kanaa keessatti ilaalle, akkuma Yesus gama warra kaanii ta’ee hojjete, akkaataa gama warra kaaniin taane sochoonu ta’ee itti fufa. Kun akkamittiin waa’ee oduu gaarii Yesus nuuf godhee sana hubanna fi murtoo hojii irra oolchuu keenya bal’isuu danda’a?**
- 2. Sagalee keenya sagale dhabeeyyiif ol kaafnee, nagaa buusu keessatti hirmaannee, sochiin wal fakaatu ilaalcha siyaasaa fi uummataa gara keenyatti harkisuu danda’a. Garuu Adventistiin Guyyaa 7ffaa, waldaa fi mootummaa addaa addatti ilaaluu isheen dura buutuu dha. Gar-malee dhimma siyaasaa keessa galuu fi karaa hubatamaa ta’e nagaa buusuuf hojjechuu gidduu garaa garummaa maaliitu jira?**
- 3. Tarkaanfii gochaa qo’anno torban kanaa keessaa hawwaasa keef mataa keetiif kan jaallatte kami dha?**
- 4. Akkaa hawwaasa kee yookiin akka guutummaa addunyaatti dhimmi gadheen ati irratti kadhachuu barbaddu maaliidha?**

Cuunfaa: Duuka bootota Yesus ta’uun karaa baay’ee jirenya keenya jijiira. Innis fedhii yaada Waaqayyoo isanni hiyyeessotaa fi miidhamtootaaf hojjetu isaa wajjin hojjechuu nu keessatti uuma. Hojii salphaas miti, beekamtiijis hin hojjetamu, inni waan nu durfachuu qabnu nu durfachiiseetu, tarkaanfii warra miidhamanii naannoo keenya jiran gargaruuf nu kakaasa.

Hawwaasa Tajaajilaa

Sanbata Waaree Booda

Barumsa Torban Kanaaf Dubbisi: 2Qor.2:14–16, Bau.32:1–14, 1Phe.2:12, Fil.2:15, Efe.2:19, Ibr.10:23–25.

Heertuu Yaadannoo: “Inni abdii nuuf kenne amanamaa dha; kanaafis kottaa abdii keenya beeksisuutti jabaannee in qabamnaa! Jaalala argisiisuudhaaf, waan gaarii hojjechuudhaafis kottaa tuttuqnee yaada walii in kaafnaa!” (Ibr10:23-24).

Ergama waldaa raawwachuuf yommuu adeemnu, dandeet-tii waldaan akka qaama/hawwaasa/ kurfaa’e tokkotti qabdu tuffachuun nurra hin jiru. Jallinaa fi hiyyummaa irratti yommuu hojjennu, hojjechuu barbaadnu qomqabaa nu mudatan ilaallee turre. Garuu hawwaasa amantii keessatti yeroo amantoota wajjin hojjennu warra naannaa’aa keenya jiraniif eebba ta’uu dandeen-ya.

Qoramni isaa akka waldaatti yommuu wal geenyu, waldichuma iyyuu itti fufsiisuuf, waldaan jiraachuun ishee biyya isheen keessa jirtu taajaajiluuf akka ta’e irraanfannee jeeqamna. Akka qaama waldaatti, dhiphinaa fi wantoota hamoo narratti ta’an tuffachuu/ akka hin jirreetti ilaaluu/ nu hin barbaachisu. Kristosis hin tuffan-nehoo. Ergaa Kristos hin tuffanne ta’ee, nus egaa hin tuffannu. Aangoo wangeela lallabuuf nuuf kennameef amanamoo ta’uu nu barbaachisa, akkasuma immoo hojii warra miidhamaniif, warra

beela'anii, qullaa ta'aniif gargaarsa hin qabneef hojjetuutu dhufa. Walii wajjin akka hawwaasa waldaatti, akka dhaabbataattis nu qaama Kristosii. (1Qor.12:12–20). Hanga kanattiidha, nuyi akka waldaatti akka Kristos adeeme adeemuun, kan inni warra kaan barbaacha ba'e barbaaduuf ba'uun, akka harkaa fi miila, sagalee, fi onnee isaa taanee biyya lafaa keessa jiraannu keessatti isa tajaajiluun kan nu barbaachisu.

*Barumsa Torban Kanaa qoradhuutii sanbata Ful.28f qophaa'i.

Jalqaba Torbanii

Ful. 22

Sababii Jijiiramaa

Gara jalqaba kitaaba Hojii ergamootaa keessatti, akkamitti amntoonti jalqabaa hawwaasa adda ta'e akka bu'uuressan ilaallee ture; I saani gidduudhaa warra rakkina qabaniif eegganna gochun, hawwasa ofii isaanii ala ba'anii lallabuu dhaan, bakka barbaachisaa ta'etti gargaarsa gochuufiin, akkasumas waan Waaqayyo isaaniin gidduutti godhu irraatti afeeruun hawwaasa addaa bu'uurressan.

Ibsa Yesus Soogiddaa fi ifa irratti kennetti dabaluun, phaawulo-siis fakkenya haasaa gochaa waldaa addunyaa kana keessa jirti turtee dubbachuuf dhimma ba'a. Waan baay'ee keessaa, saba Waaqayyoo keessaa warra akka aarsaatti jiraataniin ibsa (Rom. 12:1), qaama Kristos (1 Qor. 12:12–20), akka bakka buutotaati (2 Qor. 5:18–20), fi akka foolii urgooftuutti/(2 Qor. 2:14–16) dhimma ba'e. Akkaataan dubbii kun hundumtuu, waa'een gahee bakka buutota mootummaa Waaqaa yommuu dubbatamu, biyya lafaa gidduutuu wal'aansoo guddichaa wal qabata.

“Bakka buutota” ibsa kanaa oliirraa Kana keessa deebi’i. Hawwaasa kee keessatti akka ati itti Waaqayyoon bakka bu’uu barbaaddu kamtu ibsa?

Fakkeenyi kundumtuu gocha isaanii wajjin adeemu qabu, akka waan sichi ittiin Waaqayyoon biratti fudhatama qabaachuuuf jedhaniitti utuu hin ta’in akka warra Waaqayyo biratti karaa aarsaan kristosiin fudhatama argataniitti, akka warra jaalala fi ayyaanaa Waaqayyoof deebii kennaniitti, biyya lafaa miidhaamaa fi badaa jirtu keessatti bakka buutota ta’aniitti. Sana caallaatuu gadi fageeffamanii ilaalamuu danda’u: jaallallii fi ayyaannii Waaqayyoo iyyuu mootummaadhuma Waaqayyoo waan ta’eef, ayyaanaa fi jaalala Waaqayyoo mul’isaa akka kanatti yommuu hojjennu, ammayyuu, jireenyuma barabaraa sana jiraachaa itti hirmaachaas jirra jechuudha.

Seera guutummaa biyyaa keessatti, embaasiin biyyooleessa qamaa saba bakka bu’ee jiruuti. Qaamaan biyya bira keessa jiraatu iyyuu, tarii biyyarra karaa fagoo qaamuma biyya ofii isaati. Karaa wal fakkaatuun, mootummaa Waaqayyoo bakka bu’uun mil’uu jirenyaa barabaraa as lafa kana gubbaatti amma argisiisuuf yommuu ta’u kunis, mo’amuu bara cubbuu kan argisiisuuf fi innumtuu dhamadhama waan yeroo hamaan mo’atamu (arginuuti). Kanaafuu nus akkasuma, bakka buutonni Kristos, akka warra bakkasaa ta’anii hojjetaniitti, dhugummaa jaalala isaa fi qajeelumma isaa asuma jirenya keenya keessatti shaakalle warra tajaajiluu barbaadnuu jiraanna.

2Qor. 2:16 Dubbisi. Garaagarummaa foolii lamaanii maaliidha? Isa kamiin akka taane maaliin bekna?

Akka Haftuutti

Hikkaan Saba haftuu raajii Macaafa Qulqulluu keessatti addaan baafamu Mul12:17 keessa jira: isaanis “Kana keessatti obsaan danda’uun warra Waaqayyoof qulqullaanii, abboommii Waaqayyoo eeganii, Yesusitti amanuu isaanii jabeessanii in barbaadama.”(Mul. 14:12). Seenaa Macaafa qulqulluu keessatti Seenaa lafaa sadarkaa dhumaan kan adda baasan amalooni warra kanaadha. Garuu, seenaa macaafaa keessatti fakkeenyota akkamiti sabni kun akka hoijetanii fi akkamittiin sabni kun warra kaan tajaajilaniin guutuudha.

Gama kanaatiin fakkeenyummaan Musee waan nama dhiphisadha. Bau.32:1–14 dubbisi. Seenaa kana keessatti yommuu Musee Ilaltanii isa Mul.12:17 keessa jiruu wajjin wal bira qabamu maal fakkaata?

Saba Isra’elitti aaruu isaatiin, Yeroo Waaqayyo isaaniin balleessuu barbaadeef abdiin abraamii fabdachiifamee, ijoollee isaatti darbe, Museef maatii isaatti darbu gaaffi keessa gale. (Bau.32:10).

Museen garuu kun ta’uu hin barbaadne. Qooda kanaa, Museen Waaqayyotti falmuuf ija jabaatee, waan isaan irratti gochuuf yaade gochuun, akka duraan gochuu yaade gochuun waaqayyo akka waan hin taaneettiakkanni ilaalamu akka taasisu cimsee isatti falme. (Bau.32:11–13). Museen ittuma adeemuudhaan, waan Yaadu Waaqayyoo akka fudhatuuf gochuun danda’e.

Museen saba sana lafa onaa Keessa geggeessuuf wal’ansoo irratu. Naannoo yerood huma inni gara bilisummaatti isaan geggesuu jalqabee qabee guungumuuf fi ittiin mormuu eegalan. Garuu Museen Waaqayyoon akkas jedhe; ‘Yoo isaaniif dhiisuu hin daneessu ta’e, gal mee itti galmeessite irraa maqaa koo balleessi’ jedhe. (Bau.32:32). Museen warra wajjiinniin karaa jalqabe oolchuuf barbaachisaa taanaan jirenya barabaraa dhabuufii fudhate.

Warra hin malleef gidduu seenee aarsaa of gochuun isaa fakeenya humna qabeessa akkamii! Akkasumayyuu guutummaa karoora fayyinaafuu fakeenya jabaa akamii!

“Akkuma Museen Israa’eliif gidduu seenee, sodaan isaa isa guddaa fedhii fi jaalala /saba Isra’el/ warra harka Waaqayyoo keessatti waan guddaa isaanii hojjechuufii danda’ee keessatti dhokate. Waaqayyo bakka isaanii ta’ee kan inni isa kadhate dhaga’ee, kadhannaah ofittummaa hin qabne inni kadhateef deebii kenne. Waaqayyo hojjetaa isaa ta’uu mirkaneesse; amanmummaa fi jaalala inni warra didoo, saba galata dhabeeyyii sanaaf qabaatee qoratee ilaale, Museen garuu qorama sana mo’atee argame. Fedhiin inni Israa’eliif qaba ture ofittummaa irraa kan madde hin turre milkaa’inni saba Waaqayyo fo’atee ulfina mataa isaa irraa itti tole, abbaa mootummaa humna qabeessaa ta’uu caalaatti itti tole. Waaqayyo amanamummaa isaatti in gammade, gab jedhaa ta’uu isaatti, dhugummaa isaatti, akka tikee amanamaatti isa guddicha hojii Israa’eliin gara biyya abdii isaaniitti geggeessuu itti kenne.”—Ellen G. White, Patriarchs and Prophets, p. 319.

Hamma danda’amaa ta’etti, akkamittiin wantoota rakkisoo naannoo keenya jiran akka qabuun nurra jiru maal nutti hima?

Kibxata

Ful.24

Lubbuu Bira Ga’uu

Mareen waldaa Yeroo tokko tokko barbaachisummaa filannoo hojii wangeelaamoo hojii hawwaasummaa, tola ooltummaamoo dhuga-ba’umsa, qajeelummaa moo lallaba wangeelaa jedhuun waan danqamu fakkaata? Tokko tokkoon qabiyyee kana yoo hubannee tajaajila Yesusiin ilaalle garaagarummaan isaan gidduu jiru gadi caccabee, wangeela lallabuu fi warra kaan gargaaruuf hojjechuun wantoota walitti siqeenyaa wal qabatan ta’uu ilaalla.

Barumsa Sanbataa Gaessota

Baay'ee beekamoo kan ta'an himoota Ellen G. whate keessatti, akkasittin ibsiti: "saba bira ga'uuf tooftaa Kristos qofatu bu'a qa-beessa ta'e. Fayyisaan akka isa gaarummaa isaanii yaadeti isaan-itti dabalame. Isaaniif garaa laafuu isaa itti mul'issee, fedhii isaanii tajaajileefi amantaa isaan irraa horate. Achii booda na faana bu'aa ittiin jedhe.

"Hiyyessonno aara galfachuu qabu, dhukkubsataaf kunuunsi ta'ee, warri gaddan jajjabeeffamanii, warri hin baratin baratanii, warri shaakala hin qabne in gorfamu. Warra bo'aanii wajjin boonyee, warra gammadanii wajjin gammaduu qabna."—Ellen G. White, The Ministry of Healing, p. 143.

Akkuma arginee jirru, gochaan mootota kana lamaanii—qajeel-ummaa fi llabni wangeelaa—tajaajila Yesus qofaa keessatti miti; ergama Yesus.dhaqaa wangeela lallabaa jedhee bartoota isaatti kenne keessattuu jabeffamanii wal irratti kan fo'amani jiru: 'Ak-kuma dhaqxaniinis, 'Mootummaan waaqaa dhi'aateera' jedhaa lal-labaa! 8 Warra dhukkubsatoo fayyisaa, warra du'an kaasaa warra lamxaa'an qulleessaa hafuurota hamoota baasaa; gatii utuu itti hin baasin fudhattan, isinis gatii utuu itti hin baasisin kennaa!' (Mat. 10:7, 8). Gabaabaadhumatti ergaa keenyaan warra kan biraa ga'uuf karaan caalu, fedhii isaaniin tajaajiluudha.

1Phe.2:12 fi Fil.2:15 dubbisi.waa'ee humna dhuga-ba'umsaa fi hojii gaarii waldaa Waaqayyoon hojjetamuu Phexrosii fi Phaawulos maal jedhu?

Beekumsa oduu gaarii isa kan Waaqayyootiin, fedhii namootaaf qa-baachu malee lallabni wangeelaa hiikkaa hin qabaatu. Kutaan ma-caafaa kan akka 1Yoh. 3:16–18 fi Yaq. 2:16 wangeela lallabuu fi isa

lallaban sana jiraachuu gidduu garaagarummaa jiru irratti xiyyeef-fatu. Caalaatti kan inni gaarii ta'u, lallaban wangeelaa waa'ee abdii, oolfamuu yaada garaa jijiirachuu, jijiiramaa fi jaalala Waaqayyoo isa hundumaa hammatu kan himu oduu gaarii dha. Kunis ibsa hojji qajeelummaati.

Lallabni wangeelaa qajeelummaa iddootti deebisuun, waan bade sirreessuun jaalala Waaqayyo warra badaniif, cabaniin miidhamaa jiran hubatanii fudhachuu irraa madda, jaalallali akkasii dhiibbaa Waaqayyo godhuun garaa keenya irrattis guddachuu kan danda'uu dha. Gochaa tokko yookiin kan biraa nuun hin filannu, qabeenya Waaqayyo nu harka kaa'e hundumaan, fedhii namootaaf tajaajaaji-luuf, namootaaf hojjechuudhaaf Waaqayyoo wjjin hojjenna malee.

Namootaaf hojji garii yommuu hojjennu, oduu gaarii waa'ee fayy-inamboo lalabuu akka hin dagatin akkamittiin mirkanoeffachuu dandeenya?

Roobii

Ful.25

Ayyaana Waldaa Keessatti

Jalqaba kitaaba Iyyoobitti, akka karaan Waaqayyoo gaarii ta'uu fi akkamittiin nama cubbuutti kufes akka qabu hubachiisuuf Waaqayyo Iyyoobii fi amanamummaa isaa argisiisee (Iyob 1:8). Akkamitti akka namoonni lafa gubbaa jiraatan irratti Waaqayyo maqaa isaa akka turu gochuun waan yaadatamuu qabuudha. Garuu hawaasa amantootaa ofitti hammachiisuuf amantii Waaqayyo irratti qabu Phaawulos ballisee kaa'e: "Ogummaan Waaqayyoo inni dachaa baay'ee qabu bara si'anaa karaa waldaa kristiyaanaa warra bantii waaqaa keessaa gooftummaa qabaniif fi warra aboo qabu jedhamanitti iyyuu akka beeksifamuuf kun ta'e." (Efe.3:10).

Barumsa Sanbataa Gaessota

Efe.2:19 dubbisi. Yaada hawwaasa waldaa akka maatii Waaqayyootti ibsuun maaliif barbaachisa jetta? Waldaan kurfoofte akka itti hojjettu kun maal argisiisa?

Dhaabbataa yookiin hawwaasa kam keessattuu, akkaataan dhaab-bati sun itti miseensa isaa qabatu yaada gaggaaarii gareen sun qabu kan ibsuudha. Akka maatii Waaqayyoo, qaama Kristoosii fi hawwaasa hafuraatti akka jiraattuuf waamicha ol'aanaa kan qabuudha: "Waaqayyo ofii isaatii Waaqayyo nagaati malee, Waaqayyo sabirii hin qabne miti. Akkuma waldoota warra Waaqayyo of qulqullaa'an hundumaa keessatti ta'u," (1Qor.14:33).

Gatiin haqaa /qajeelummaa/, ayyaanaa, fi jaalalaa qajeelummaa, ayyaanaa fi jaalala Waaqayyoo keessatti akka argisiifame hundumtuu waldaa keessatti kan raawwatamaniidha. Waldaa naannoo jiruu qabee hamma dhaabbata Waldaa addunyaatti akkamitti geggeessitooni akka geggeessan, murtii akka Kennan "isaan xixin-nayyoota" hawwaasa waldaa keessa jiran sanaaf akkamitti akka eeggatan, qajeelfamoonni kun isaaniin geggeessuu qaba. Miseensota waldaa gidduutti waldhabdee yeroo yerootti ka'an furuuf illee qajeeffamoonni kun geggeessuu qabu. Warra nu gidduu jiran haqaa fi kabajaan geggeessuu hin dandeenyu yoo ta'e warra kaan akkamittiin geggeessuu dandeenya?

Dhaabbati waldaa Yeroo namoota qacaru, waan hundumaa dura namootatti ilaalcha gaarii kennuudhaan qabaa sirii hin taane miseensota irratti akka hin goone dhabamsiisuudhaan garraamummaa kan argisiisu ta'uu qaba. Waldaan iddo misesensota waldaa hundumaa dabalatee warra balaa keessa jiraniif iddo itti baqannaas ta'uutu irra eegama. Akkasumas, akkuma waldaa durii keessatti ilaalle, mises-

Barumsa Sanbataa Gaessota

sonni waldaa sun miseensa maatii waldaa Sanaa ta'anii warra garagaarsa barbaadaniif tumsa kennuuf addumaan kan qophaa'an ta'uun barbaachisaadha.

Amantoota waldaa qofa kan jijiiruu utuu hin ta'in warra isaaniin ilaalaajiraniif dhugummaa amantii kan mirkaneessuudha malee jechuudhaan Yesus akka ajajaatti kenne: “Akka isin wal jaallattaniif abboommii haaraa isiniif nan kenna; ani akkuman isin jaalladhe, isnis immoo akka wal jaallattan isin abboomeera.

Jaalala yoo waliif qabaattan, kanaan namoonni hundinuu akka isin bartoota koo taatan in beeku” jedhe.” (Yoh.13:34-35).

Kamisa

Ful.26

Wal Jajjabeessaa

Ilaalachaa fi kaka'umsa gaariidhaan iyyuu kaanee, gama Waaqayyoo fi gaarummaa isaan jiraachuu keenya amannee, Waaqayyoof hojj-echuun ulfaataadhaaf abdi kutachiisaa ta'uu in danda'a. Kanaadha sababiin hawwaasi waldaa barbaadamuuf. Hawwaasa wal deggaru akkasii kana Yesus fakkeenya godheetu ergamoota isaan bu'uuresse. Namoota qofaa hin ergine, yeroo barbachisaa ta'ee isaanitti argamus dafanii walitti deebi'anii yaada jiru waliif quodduudhaan humnaa fi jabeenya walii isaanii haareessu turan.

Ibr.10:23–25 dubbisi. Ibr.10:25 kana keessaa isa caalaa beekamaa dha, kanaafuu heertuun lamaan isa dursanii jiran kun heertuu beekamaa kana hubachuu keenya irratti maal dabalu? Gara jaalala fi hojji gaariitti kan nu jajjabeessan daandiin maal fa'i?

Hojii kamiin, kaayyoo, projektii keessattuu, garee tokko ta'anii hojjechuun namootaa isa miseensonni garee Sanaa hundumtuu qofaa qofaatti hojjetan caalaa milkaa'aa ta'a. Kunis fakeenya waldaan isa namni hunduu hojii isaa kaanii tumsuuf waan hojjetu qabu, waldaan akka qaama Kristositti qabdu nu argisiisa. (Rom. 12:3–6). Hundumti keenya waan gochuu dandeenyu hundumaa goonu, haala waliin hojjechuu keenya cimsuun yommuu hojjennu, dhama'iinsi keenya garaagarummaa barabaraa uumuu akka danda'u amntiidhaan fudhachuu dandeenyu.

Waan sirrii ta'e hojjechuu keessatti bu'aa isaa eeggachuun barbaachisaa ta'ee, bu'aan argamu kan fedhe ta'us Waaqayyoon amanuun nu barbaachisa. Yeroo tokko tokko hiyyeessota fooyyessuu, warra saxilamoo gargaaruu, warra sagalee hin qabneef dubbachuu keessatti bu'aa jira hin jedhamne argina ta'a. Garuu jabaa fi mo'achuun isaa kan hin oollee wajjin akka hojjechaa jirru abdachuu barbaachisaadha: "Yeroo isaatti humna utuu hin dhabin galfachuuf waan jirruuf, ammas kottaa wanta gaarii ta'e gochuutti hin laafnu!" (Gal. 6:9, 10, Ibr. 13:16).

Kanaafiidha kan nu wal jajjabeessuuf waamamne. Jajjabinaan wal haareessuuf. Amanmummaan jiraachuun gammachiisaadhas, ulfaataadhas. Waaqni keenya inni qajeelaa ta'ee fi amntoonni keenya warri qajeelummaan fakkeenya nuuf ta'an warri kan biraan akka isaan itti makamaniif kan waamnu tumsa keenya warra ol aanoo dha.

Itti fufiinsaan warra muddaman dagalfachiisuuf kan hojjetaa jiru eenyuun beekta? Hojii gaarii isaan hojjetan keessatti attamittiin isaaniin jajjabeessuu dandeessa?

Yaada Dabalataa: Ellen G. White, “A Faithful Witness,” pp. 546–556, in The HoE. of the Apostles; “Kindness the Key to Hearts,” pp. 81–86, in Welfare Ministry.

“Hojii bartoonni hojjetan, nus hojjechuuf jirra. Kristaanni hundi-nuu ergamaa wangeelaa in ta’ a. Gara laafinaa fi fedhiidhaan warra gargaarsa barbaadan, boo’ichaa fi muddama isaanii salphisuuf tajaajiluutu nurra jira. Warra beela’ an nyaachisuutu, warra qullaat isaanii ta’ an uwvisuu, warra dhiphachaa fi muddamaa jiran jajja-beessuutu nurraa eegama.

“Jaalalli Kristos, tajaajila ofittummaa hin qabne nuyi goonu kees-saan in mul’ata, murtii manni murtii kenu caalaatti warra yakka hojjetan gidduutti jijiirama fichisiisa. Yeroo bay’ee garaan adab-bii jalatti jabaate iyyuu jaalala Kristos jalatti in baqa.”—Ellen G. White, The Ministry of Healing, pages 104, 106.

“Garbummaan, sadrkaa jirenyaan qoodamuun, wal caalmaan, hiyyeessa cunqursuun, warra carraan isaanii bade dagachuun,—kun hundumtuu miidhaa amla Kristaanaa hin taanee fi jirenya dhala namaaf hamaa ta’ e waan ta’ eef waan waldaan Kirstaanaa akka dhabamsiiftuuf Gooftaan itti kenneedha —General Conference president A. G. Daniells, speaking of the work of Ellen G. White at her funeral, Life Sketches of Ellen G. White, p. 473.

Gaafffi maree:

1. Rakkatoota biyya lafaa gargaaruuf namoota, gareewwaniifi dhabbilee baay'eetu jira. Waldaan Adveentistii guyyaa torbafaa Jabeenya, mul'ataa fi qabeenya maalii hojii kanatti dabaluu dandeessi?
2. Yeroo waldaan si jajjajjabetesee jennaan jajjabinni sitti dhag'ame in yaadattaa? Kana irraa baruudhaan akkamittiin warra har'a gargaarsa barbaadaniif kana ballisuu dandeessa?
3. Akkuma gargaarsa waldaa, gaarummaa gochuuf waan isin dadhabsiisu akkamittiin of irraa faccisuu dandeessu?
4. Waldaa Adveentistii Guyyaa 7ffaa keessatti amma namoota harka qalleeyyi kan gargaaru projektoota maalii dhaga'aa jirta? Gama kanaan akkamittiin gumaachuu dandeessa?

Cuunfaa: Dhugaadha, akka Kristaanotaatti fedhii namoota kaaniif, keessumaammoowarra miidhamaa jiran, dhiphachaa jiranii fi hacuucamaa jiraniif tajaajiluun nurra jira. Naannoo kanatti itti gaafatamaa dhuunfaa yoo qabaanne iyyuu, akka hawaasa warra kaan tajaajiluuf jiraatuutti akka maatii waldaa tokkoottis yoo walii wajjin hojenne kan milkoofnu in taana.